مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني- إثيوبيا

# فلسفة التسمية رؤية إسلامية

د. إبراهيم أحمد عمر

# Falaasama Misoomaa Akka Ilaalacha Islaamaatti


Qopheessaan:

Dr. Ibraahim Ahmad Umar



Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# فلسفة التنمية رؤية إسلامية

## د. إبراهيم أحمد عمر

# Falaasama Misoomaa Akka Ilaalacha Islaamaatti

## Qopheessaan:
## Dr. Ibraahim Ahmad Umar

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs-17/18**

## *Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara-Laafaa Ta'eetiin Jalqabna*

*Faaruun Kan Rabbii waan hunda uumeeti.Tollinni fi nageenyi Rabbii ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta'e Muhammadiin irratti haa jiraatu*

***Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara-Laafaa Ta'eetiin Jalqabna***

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ
٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ ﴾العلق: ١ - ٥

*Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi.Kan ilma namaa dhiiga ititaa (wal-qabataa) irraa uume.Dubbisi Rabbiin kee arjaadha. Kan qalamaan (barreessuu) nama barsiise.Kan ilma namaa waan inni hin beekne barsiise. (Al-Alaq: 1-5)*

﴿ وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ
وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ٧٨ ﴾النحل: ٧٨

*Isinii waan tokko hin beekne Rabbiin garaa haadha keessanii keessaa isin baase.Akka isin galatoomfattaniif dhageettii (gurra), argaa (ija) fi onnee (qalbii) isiniif kenne. (Al-Nahil: 78)*

## Baafata


Dursa…………………………………………………….....6
BOQONNAA TOKKOFFAA…………………………….11
FALAASAMA MISOOMAA: MUL’ATA ISLAAMAA…..11
DURSOOTA……………………………………………...11
Falaasama Jechuun Maali?............................................11
Dhimmoota Bu’uuraa………………………………….11
Falaasamaa fi Jireenyaa…………………………….…..13
Barnoonni Falaasama Mataa Isaa Qaba…………….….16
Filoosoofota Qindoominaa……………………………..18
Falaasama Misoomaa…………………………………...21
Maalummaa Misoomaa…………………………….....23
Barbaachisummaa Falaasama Misoomaa……………….25
3) Yaada Baay’inaan Mul’atu…………………………...33
BOQONNAA LAMMAFFAA…………………………….39
YAALIIWWAN RAKKINOOTA ILAALCHAA FURUUF TAASIFAMAN………...............................................................39
Safuulee Islaamaa……………………………………….50
Safuuleen Islaamaa Ijoo Wal-simiinsa Misooma Islaamummaatii miti……………………………………......50
BOQONNAA SADAFFAA……………………………….53
JALQABNI HUNDEE ISLAAMAA IRRAA TA’UU QABA.53
Falaasamoota Biraa Irraa Adda Bayuu…………………..56
Adeemsa Islaamummaa Kan Walii Galaa…………….....58
Dhimmoota Misoomaa……………………………….......60
Misoomaa Ilaalchisee Yaad-Rimeelee Bu’uura Qur’aanaa…...63
Misooma Islaamawaa: Guduunfaa………………………...75

a) Ergaalee Misooma Islaamummaa…………………………..92
b) Tooftaa Misooma Islaamawaa……………………..….94
c) Ulaagaalee Misooma Islaamawaa…………………………95
BOQONNAA AFRAFFAA…………………………….……98
SAAYINSIIWWAN / BARNOOTA ISLAAMAA…………...98
1) Dhimma Safuuleetti Deebi'uu………………………....102
2) Beekkumsa, Bareedumaa fi Gara-Laafina………………...104
XUMURA……………………………………………107

**Dursa**

Faaruun kan Rabbii waan hunda uumeeti. Nageenyi fi mararfanni Rabbii xumura naabiyyootaa kan ta'an Muhammadiin irratti haa jiraatu. Maatii, firoottan, waahillan isaanii fi nama isaan hordofe hunda irrattis hanga guyyaa galataatti nageenyi Rabbii haa jiraatu. Kanatti aansuudhaan:

Saayinsiiwwan hawaasaa kan ammayyaa hunda yoo ilaallu wanti hubatamu, saayinsiiwwan kuni hunduu gadaamessa falaasamaa keessaa bayuu isaaniiti. Jaarraa dammaqina Awurooppaanotaa irraa kaasee, isa boodas, falaasamni saayinsiiwwan dursuun itti fayyadamamaa ture. Kanaafuu mata dureeleen, tiyooriiwwan, dhimmi ilaalchaa fi adeemsi saayinsiiwwan hawaasaa kuni wal-xaxaa waan ta'eef; mata dureelee falaasamaa adda addaa kan hariiroo namni hawaa, Rabbii fi jireenya waliin qabu keessatti ibsa kennan jiraachuun dirqama.

Kana irraa ka'uudhaan, saayinsiiwwan hawaasaa kana akka walii galaatti yookiin dhimmoota isiin itti dhimmamtu gadi bu'iinsaan ilaaluuf, dursa ka'umsi falaasamni irraa burqe maal akka ta'e beekuun dirqama ta'a.Ka'umsa jechoonni fi yaaddan isaa itti rarra'an, ka'umsa galma isaatii fi adeemsa isaa daangessan beekuun dirqama.Akka Ustaaz *Mahmuud Shaakir,* kitaaba isaa [*Risaalaa fi Axxariiqi Ilaa Saqaafatinaa]* jedhu keessatti dubbatetti, gonkumaa saayinsiiwwan kamiyyuu yookiin artiin kamiyyuu jechamoota irraa qulqullaayaadha jechuun hin danda'amu.

Kanaafuu, dhimmi misoomaa kan yeroo ammaa saayinsiiwwan hawaasaa kan akka: barnoota diinagdee,

siyaasaa, namaa fi barnoota keessatti babal'atee barsiifamu kun; misoomni dhimma saayinsiiwwan kana hunda walitti fidu ta'uu mul'isa. Kanaafuu, mata duree kana ibsuun, dursa falaasama barnoonni kun bu'uura godhatee irraa ka'e beekuun mata dureelee, ilaalchaa fi jechamoota isaa beekuuf nu gargaara. Kana booda immoo falmii irratti dhiyeessuu fi madaaluun salphaa ta'a.

Akkasumas yaad-rimee misoomaa kana bifa Islaamummaan wal-qabateen ibsuun, bu'urota falaasamaa kan bu'uuraaleen amantii Islaamaa dubbatan dhiyeessuunis dirqama ta'a. Kanaafuu kitaabni nuti amma dubbisaa jirru kun, dhimma misoomaa kana akka ilaalcha amantii Islaamaatti ibsuuf, seensaa fi ka'umsa bu'uura saayinsii hawaasa hundaa ta'a. Waldhabbiin jidduu adeemsa Islaamaa fi adeemsa ammayyaa kan namaan tumamee jiru, waldhabiinsa boca seera sanii fi tooftaalee isaa kan bu'uraa osoo hin taane, waldhabiinsa burqaalee, ka'umsaa fi galmaati.

Kana jechuun waldhabiinsa falaasamaa, bu'uura isaa, galmaa fi tiyoorii isaati jechuudha. Yoo mul'anni sadarkaa bu'uraa, ka'umsaa fi galmi gayamuuf yaadamu beekame, waldhabiinsi tooftaalee irratti argamu xiqqaataa yookiin dhabamaa dhufa.Kanaafuu, akka ilaalcha amantii Islaamaatti, misooma jechuun yaalii ilaalcha amantiin Islaamaa misoomaaf qabu beekuu fi ergaa amantiin misooma kanatti fedhes hubachuun daangaa amantiin misoomaaf kaayes beekuu jechuudha. Kallattiin itti fuulleffannu fi galmi itti gayuuf imallu ifa nuu gallaan; bocaa fi ibsoota ammayyaa kan misoomaan wal-qabatan kamiyyuu hubachuuf homtuu nu hin rakkisu.

Dhaabbanni xiinxala Islaamummaa addunyaa saayinsiiwwan hawaasaa hunda keessattuu dhimma jiru bifa dimshaashaatiin ibsuu amala godhatee jira. Kuni akka sadarkaa jalqabaatti. Akka sadarkaa lammataatti immoo -yoo Rabbi jedhe- erga beekkumsa barbaachisu hunda walitti qabateen booda; saayinsii hawaasaa fi namaa kan amantii Islaamaa jiddu-gala godhate yookiin saayinsii ummataa kan jedhamu hundeessuudha.

Dhimma misoomaa kana irratti, dameen dhaabbatichaa kan biyya Suudaan jiru qorannoo maxxansee jira. Akkasumas dhaabbatichi kitaaba *Attanmiyaa Al-Ijtimaa'iyyaa* (Misooma Hawaasaa) jedhu kan*Dr. Muhsin Abdulhamiid* qopheesses maxxansiisee jira. Akkasumas qorannoo sadarkaa digrii lammaffaa argachuuf qorataan *Nasri Muhammad Aarif* jedhamu, Yunivarsitii *Kaayirootti* mata duree '*Tiyooriilee misooma siyaasaa ammayyaa: Qorannoo wal-falmii fi wal-dorgomsiisuu akka ilaalcha qaroomina Islaamummaatti'* jedhuun barreesses maxxansiisee jira.

Dhaabbatichi – yoo Rabbi fedhe- dhimma kanaa fi mata-dureewwan kana fakkaatan irratti sirritti yaaddayuun, hanga dhimma kana irratti beekkumsi ilaalcha Islaamaa waliin wal-gitu walitti argamutti carraaqqii guddaa ni taassisa. Akkasumas beekkumsi walitti qabame sunis, hanga yaada bilchaataa sammuu Muslimootaa keessatti fudhatama argatutti jijjiiramee, yaada hojiin mul'ifamuun bu'aa isaa qabatamaan jireenya battala Islaamaa keessatti mul'isu ta'utti tattaaffii isaa itti fufa.

Qorannooleen kunii fi kanneen biraas irra deebinee qopheessuun ummataaf dhiyeessuu abdii qabna. Barreessitoonni, beektotnni fi qorattoonni Islaamaa, dhimma

kana irratti qorannoolee barbaachisu godhuu irratti akka nuuf xiyyeefatan gaafanna. Qorannooleen akkanaa bu’uuraalee hundee ilaalcha Islaamaa waan ta’aniif, ilaalcha Islaamni misoomaaf qabu ibsuun, duubatti hafiinsaa fi fashala misooma mudatan, kan yeroo hundaa karoora waggaa shanii fi waggaa kudhan biyyoonni Islaamaa kaayatan qunnamaniif furmaata ta’uu danda’a.

Karoorran misoomaa kan biyyoota Islaamaa keessatti kaayaman kunniin, yeroo hedduuf bilisummaan nama Muslima Arabaa, kabajaan inni qabu fi jireenyi isaa itti wareegamee jira.Akkasumas misoomni kunniin ummata keenna akka inni abbaa irree gara-jabeessa ta’eef jilbiiffatus godhee jira.Karoora misoomaa fiixaan baasuuf jedhanii kijibaan ummata gabroonfatanii miidhaa turan.Karoorri isaanii immoo waan ummanni itti hin amaniniif fiixa bayuu hin dandeenne.

Qorannoon kun gabaabaa ta’uu waliinuu, dhimma misoomaa irratti yaaddan bu’uuraa baay’ee barbaachisan hammatee jira. Obboleessi keenna *Dr. Ibraahiim Ahmad Umar,* barsiisaa falaasamaa durii fi Yunivarsitii *Kaartuumitti* hogganaa muummee falaasama durii kan turanii fi yeroo ammaatti Ministeera barnoota ol’aanoo biyya Suudaan kan ta’an; rakkinoonni misoomaa isa biratti dhugumaan rakkinna cimaadha. Yeroo rakkinna kanaaf furmaata kennu, keessa rakkinna saniiti malee gubbaa isaa hin hiiku. Kanaafuu furmaanni inni asitti nuuf laate kun, dhugumaan itti dhimmamuu fi itti yaaddayuu haqa godhata.

Dhaabbanni keenna kun dhimma misoomaa irratti qorannoo namni dhuunfaa tokko dhiyeesse qofa irratti

dhaabbachuu hin fedhu. *Yunivarsitii Islaamaa* kan biyya *Maaliziyaa* fi *Baankii misooma Islaamaa* kan *Jidda* jiru wajjiin walii galuun ganna dhufu, bara 1993 A.L A *Kowaalaalimbooritti* kora addunyaawaa dhiyeessuuf qophii isaa xumuree jira. Qorannoon kora san irratti dhiyaatu, qorannoo fi marii waliinii kan xiinxalitoonni Muslimaa fi beektonni dhimma mallaqaa irratti hirmaatan waan ta'eef, tariitii kora san irraa beekkumsa karoora misoomaa fiixa bayaa ijaaruuf nama gargaaran irraa arganna jennee abdii Rabbiin irraa qabna.

Rabbiin guddaan beektota ummata kanaa, qorattootaa fi xiinxallitoota isaa rakkinoota hunda furuu irratti akka nuu gargaaru, gufuu hunda bira kutuu akka laaffisuu fi saayinsii ummataa kan qaroominni fi galmi ummata kanaa irratti gadi dhaabbatu ijaaruufi akka Rabbi isaaniif mijeessu kadhanna. Rabbiin dhagayaa fi awwaataadha.

*Heerandiin, Verjiiniyaa*
*Ameerikaa*
*Rabii'a dhumaa 1413H*
*Sadaasa 1992 A.L.A*

# BOQONNAA TOKKOFFAA
# FALAASAMA MISOOMAA: MUL'ATA ISLAAMAA DURSOOTA

## Falaasama Jechuun Maali?

Dubbisaan muummee falaasamaa kana hin baratin yookii namni qorannoolee falaasamaa fi dhimmoota inni itti xiyyeeffatu hin ilaalin, wanta nuti ibsuuf deemnu kana hubachuuf hiikkaa falaasamaa beekuu isa barbaachisa.Garuu hiikkaa falaasamaa irratti seenaa isaa duuka bu'uu fi dhimmoota inni qoratu gadi bu'iinsaan dhiyeessuun dubbistoota yaada nuti silaa dhiyeessuu barbaanne (misooma bifa ilaalcha Islaamaatiin jedhu) kana irraa sammuu isaanii hata.

Kanaafuu bu'uuraalee walii galaa muraasa kan falaasamni kun ittiin hiikkamtuu fi ittiin qoqqoodamtu qofa dubbanna. Namni kamiyyuu qorannoo kana keessatti yaad-rimee falaasamaa ilaalchisee ibsa gayaa fi walitti qabataa dhiyeessinaaf jedhee yaaduu hin qabu… seensa akkanaa kana dhimma kanaaf hin barreessine. Nuti kan dhiyeessineef, falaasama misooma Islaamaa kanaaf seensa bu'uura nama qayyabachiiftu jenneeti. Seensi kunis xiinxala Islaamummaa ammayyaa keessatti haga tokko gumaacha ta'a jennee abdanna.

## Dhimmoota Bu'uuraa

Dhimmoonni gariin manneen barnoota falaasmaa fi qoqqoodama isaa daangessuu keessatti ga'ee guddaa taphatee jira. Kuni immoo hanga manneen barnootaa gariin dhimmoota bu'uuraa fudhatamaa kan namni kamiyyuu irratti wal-hin dhabne dhiyeessuun beekamu takkaa godhee jira. Dhimmoonni

kunniin kallattii ilaalcha falaasmaa fi abbaa yaada bocuu keessatti bakkee guddaa qabu.

Tiyooriileen falaasamaa akkuma nama biratti fudhatamni isii guddaa fi bal'aa ta'een, isiinis gadi bu'iinsa fi bal'inaan fudhatamaa argatti. Itti dabaluun, dhimmi 'dhugummaa' karaa falaasama kan jalqabaa, akka namni falaasama san fudhatuuf ga'ee guddaa taphata.Akkasumas hariiroowwan dhimmoonni sun waliin qabanii fi karaaleen isii ittiin mirkaneessanis, namoonni karaa falaasamaa wayii hordofuu yookiin hordofuu dhabuu keessatti ga'ee guddaa taphatti.

Akkuma manneen barnootaa gariin yaada fudhatama qabu dhiyeessuun beekaman, manneen barnootaa biraa immoo seerota fakkeenya ta'an kan ofii uumanii fi kan irratti hundaa'aniin beekkamu. Akkasumas tooftaalee dhimmoota bu'uuraa irraa dhimmoota damee/haaraya ittiin tilmaamaniinis beekkamu, yookii immoo tooftaa odeeffannoo sammuu irraa gara beekkumsa dhugaatitti ittiin gayaniin beekkamu.

Kana irraa ka'uudhaan, manneen barnoota falaasamaa kan seerota waa irraa waa qabsiifachuun beekaman mul'achuu eegalan. Manneen barnootaa kunis dursa dhugaa kenname irraa bu'aan dhugaa argamuu mirkaneessuu irratti xiyyeeffata. Akkasumas manneen barnootaa biraa kanneen osoo dhugummaa bu'aa dhimma sanii hin mirkaneessine, dursoota qofa irraa bu'aa argamu tilmaamanis mul'achuu eegalan.

Haaluma wal-fakkaatuun, akkuma wanti nama hunda biratti fudhatamu mallattoo falaasama addaan fooyu ta'e, adeemsi qorannoo falaasamaas mallattoo falaasama tokko isa biraa irraa addaan baasu ta'ee argamee jira. Adeemsi walitti

surphuu, adeemsi ibsuu, adeemsi qindeessuu, fi adeemsi guddina seenaa hunduu adeemsota dhimmoota argan hunda qayyabachuu keessatti ga'ee guddaa kanqabaniidha.

**Falaasamaa fi Jireenyaa**

Garuu, falaasama jechuun garee dhimmootaa, adeemsota qorannoo fi tooftaalee dhimma wayii irraa waa ittiin baratani? Moo falaasama jechuun sosochii gaarii namni murtiilee, qajeelchotaa fi ajajoota baasuuf taasisu? Beektonni falaasamaa gariin yaada jalqabaa deeggaru.Ani immoo yaada san irratti isaan hin deeggaru.Beektota san biratti ga'een beekaa falaasamaa qoratee, sababoota akka namni amalaa fi naamusa keessatti gosa falaasamaa wayii fudhatan isaan godhan addaan baafachuudha.

Akka yaada garee kanaatti, beekaan falaasamaa kuni dhimmi kun gaarii, suni badaadha, mootummaan kana dalaguu qaba, san dalaguu hin qabu, yookiin kuni dhugaadha, suni dhara jedhee yaada kennuu hin danda'u. Falaasama warroota dhihaa keessatti yaanni garee kanaa babal'achuu kan eegale, barreefffamota hayyuu *Deeviid Hiyoom* jedhamuu fi beektota isa booda dhufaniini.

Garee armaan olii kana irraa kan uumame immoo, garee addaa kan nuti meeshaa waa ibsu, kan waa qoratuu fi waa qindeessu qofaa miti; nuti beektota, maaltu afuura fi qaama namaatiif tola, nama dhuunfaa fi mootummaaf maaltu barbaachisa kan jedhu nama barsiifna, garee jedhuudha. Wantoota ilma namaatiif barbaachisan hunda irratti isaan

qajeelchinee isaan hoogganna. Gareen kun ‘murtiin beektotaafi’ dhaadannoo jedhu qabatee socho’a[1].

Yaada gareelee lamaanii kana keessaa isa dhumaa kana deeggara. Maaliif yoo jenne, gosoonni falaasamaa kan ani beeku, kallattiinis ta’ee al-kallattiin tarkaanfiilee fudhachuu irratti fi fuulleffannaa nama dhuunfaa fi hawaasaa tokko gara kallattii wayiitti fuuleffachiisuu irratti jijiirama fida. Akkasums, falaasamni ani beeku akkuma murtiilee fi fuulleffannaa namaa irratti kallattii nama qabachiisu, dhimma argame addaan baasee, hubatee, qoratee, qindeessuu keessattis ga’ee qaba.

Kanaafuu, falaasamni dhala namaa kun gareelee dhimmoota bu’uuraa kan hayyuun falaasamaa tokko addaan baasuu fi itti amanu qofa osoo hin taane, adeemsota qorannoo ittiin gaggeessanii fi karaalee akka ragaatti itti fayyadamaniin qofas osoo hin taane, murtii nuti fudhannuudha. Ilmi namaa qabatama yeroo isaa keessa jiruu beekee, dhimma dur tare irraa gorsa fudhatee, jaalalaa fi gara laafina qabu ifatti amanee, waan isa fayyadu hojjachuun kan isa miidhu of irraa deebisuuf tattaaffii yoo godhe; kuni hunduu yaada ijoolee falaasamaa keessatti lakkaayama.

Akkataa amma dubbanne kana beektonni gariin ibsuuf yaalanii turan, yookii bifuma biraatiinuu ibsuun dhimmoota bu’uuraa yookiin adeemsota sammuun namaa fudhatu isa armaan olitti dabarsine san keessa galchuuf yaaluun isaanii ni mala. Garuu yeroo hedduu bifa kanaan ibsuun baay’ee ulfaata. Namoota gama afaaniitiin yookiin gama dhimma wayii bocaan ibsuu irratti dandeettii qaban biratti yaada kana ibsuun ni

---

[1] - The Philosopher King.

danda’ama jennee yoo fudhannes, beekaan falaasamaa tokko hammaa fi akkaataa ogeessi sun lafa kaaye kuni gar-tokkee beekkumsaatii dirqama beekuu qaba jechuu miti. Kanaafuu namni tokko dhimma kana bocee afaaniin ibsachuun dirqama ulaagaa falaasamaatii miti.

Kana booda kan nutti mul’atu, dhimmichi bifa afaaniitiin sagaleen ta’ee bocaan ibsame, bifa dhimmootaa fi seerotaa fudhachuudhaaf baay’ee itti yaaddayamuu qaba. Wanti kana jenneefis falaasamni kamiyyuu bu’a-qabeessa ta’uu fi jijjiirama fiduu kan danda’u yoo nama bira gayeedha. Nama biraan gayuun kun immoo ibsa cimaa fi gayaa adeemsonni fi amantiin keessatti ibsamuu qaban hunda of keessatti hammaachuu dirqama godha.

Qindoomina falaasamaa yookiin beekkumsaa kamiyyuu keessatti qaamman jijjiirama irratti fidan fi kan dhugumaan falaasama kana hubuu danda’an beekuu fi daangessuuf karaan nuti ittiin ibsannu afaaniini. Haa ta’u malee sadarkaan barbaachisummaan kutaa qindoomina falaasama yookiin qindoomina saayinsii tokkoo haga tokko waldhaba, gariin isii ijoodha gariin isaanii sanii gadi.

Kanaafuu sonoota jiran beekuun, bifa duraa duuba xiinxala isaa ibsuun kaayuun, safuulee jiran seer-qabeessa godhuun, safuulee kana bifa jidduu isaa wal-madaalsisuu fi yeroo isiin wal-faallessitetti isa caalu fudhachuuf duraa duuba qabsiisuun kaayuun, kuni hunduu afaan baay’ee barbaachisaa fi ijoo ta’uu isaa waan mul’isuudha. Tooftaalee fi adeemsonni gariin kan bifa seeraatiin bocamanii takkii bifa afaaniin ibsuutiin

ykn bifa bocaan ibsuutiin kaayamanis ni jiru. Kuni immoo akka fakkeenya seerota herreegaa fi loogikii fa'a.

Tariitii namoonni dhimma wayii qayyabachuun muxannoo fi dhimma san keessa turuun, waan dhimma san adda godhu sirritti beekuun ta'a jedhanii yaadan, wantoota nama san dhimma san keessatti beekaa isa godhan keessaa tokko afaan dhimma sanii beekuu akka ta'e ni ibsu.Akkasumas namni tokko dhimma wayii sirritti beeka jennee yeroo murteessinu, akka namni sun afaan hojii sanii sirritti hubate erga xiinxallineen booda.

Kana jechuun namni tokko dhimma wayii sirritti qayyabatee hubachuuf, artii dirree yookiin dhimma irratti dalaguu san sirritti beekuu qaba jechuu kenna.Bifuma kanaan namoonni rakkinoota yookiin dhimma argame wayii qayyabachuu dadhaban fakkaataa isaa yookiin gita dhimma argamee san beekuu waan dhabaniifi. Fakkaataan yookiin ginni dhimma tokkoo afaaniin ibsama malee nama waan biraa qayyabachuu barbaadetti ifaan ifatti itti hin dhufu.

## Barnoonni Falaasama Mataa Isaa Qaba

Dhimmoonni falaasama bu'uuraa xiinxalla namaa keessatti hundeen isaa gadi fagoo waan ta'eef, dhimmuma kamiyyuu kan inni hariiroo waliin hin qabne hin arginu. Dirree/dhimmoota wayii irratti saayinsiileen akka saayinsii uumamaa kan akka Fiiziksii ykn Keemistrii ykn saayinsiin hawaasaa kan akka saayinsii diinagdee fi siyaasaa jiraatus, saayinsiiwwan kunniin shakkii tokko malee falaasama wayiitiin hidhata qabu. Dalagaaleen/shaakalliiwwan akka daldalaa,

qonnaa yookiin hojii warshaalee jiraatus, hojiilee fi shaakalliiwwan kunniin hunduu falaasama wayii irraa burqan[2].

Falaasamni saayinsiiwwanii, hojiilee fi shaakala adda addaa irraa argamu yeroo hedduu dirree/dhimma wayii irratti baay'ee ifatti mul'ata, dirree garii irratti immoo ni dhokata.Hajaan ati akka malee barbaaddu takka yeroo wayiitti malee sii hin dhuftu. Fakkenyaaf qorataan tokko carraaqqii godhe keessatti dhama'uu isaa yookiin karaa sirrii deemaa jira moo hin jiruu beekuu dhabuu isaa. Maaliif yoo jenne yeroo kanatu wayta inni falaasama hojii fi shaakallii isaa irratti ijaare itti beekuu barbaaduudha.

Garuu fedhiin qofti falaasama tokko bu'uuraalee saayinsii keessaa yookiin hidhata shaakallii fi hariiroo namaa keessaa hin baasu.Kun dhimma salphaa miti.Qorataan tokko kana irratti wantoota, argamootaa fi dhimmoota dirree tokko ittiin guutu daangessuu fi addaan baasuu isa barbaachisa. Jechamoota wantoota san ittiin moggaasus daangessuuf ni dirqama. Akkasumas jechamoota jecha inni moggaase san fakkaatanii fi hundee isiis argachuu fi hariiroo jechamoota dirree/dhimma biraa waliin qabdus daangessuuf ni dirqama.

Carraaqqiin inni dhimma kan irratti godhu kun, hanga qorannoon isaa dhimmoota biraa kan wantoonni, argamoonni fi dhimmoonni kana fakkaatan keessatti argaman ofitti fudhachuu danda'utti gayutti itti fufa. Booda irra dirree/dhimma biraa kan

---

[2] - There are paradigms in various fields of activities. Reflections on these paradigms, as well as relevant criticism and modifications might be called philosophies within these fields of activities. There are philosophies in politics, education and, of course, in the sciences, and so on.

qorataan irratti hundaa'u kan xiinxalli isaa gita qorannoo sanii ta'uun bakka tokkotti walitti qaba. Carraaqqiin qorataa haga tokko jechoota filachuu, ibsa isaa bareechuu, yeroo hedduuf irra deddeebi'ee qulqullinaa fi bu'aa qorannoolee kanaan dura argamanii ilaaluun qoratee yaada sammuun isaa itti quufte fudhachutti irraa suta.

Namni xiinxalla qabu yookiin beekaan falaasamaa yeroo falaasama saayinsii yookiin shaakallii wayii keessatti dhokate baasuuf yaalu, seenaa saayinsii sanii dubbisa yookiin immoo tarkaanfiilee qorannoon ittiin gaggeeffamu kan saayinsii sanitti nama geese san hubata, keessattuu yoo saayinsiin/shaakalliin sun hambaa irratti hundaaye wayii qabaate fa'a.

Namni xiinxala qabu tokko seenaa san dubbisuun dhimmamni inni falaasamaaf qabu gara kallattii sirriitti isa fuulleffachiisa.Kuni immoo dubbisa seenaa san irratti uffata gadi bu'iinsaan waa xiinxaluu, waa qorachuu fi gadi bu'iinsaan waa hubachuutti geessa. Amalli kun immoo qorannoo taasifamu san irratti waan gaarii fi haaraya ta'e hunda akka barbaaduuf gargaara. Akkasumas akka waan fagoo jiru ofitti fudhachuu fi wantoota hundaa of keessatti hammatu godha.

## Filoosoofota Qindoominaa

Hayyoonni falaasama gadaa jalqabaa, akka qayyabannaa argama/uumama kanaaf qabaniitiin falaasama dimshaashaa kan waa'ee argama kanaa ibsu bocuuf tattaaffii godhaa turan. Waan hunda keessatti qooda qabaachuu qabna kan jedhutu isaanitti mul'ataa ture. Akka yaada kiyyaatti sababni inni jalqabaa kan kanatti isaan geese: jalqaba irratti dhimmoota dimshaashummaa

qabanitti dhimmamuu isaaniiti. Kanaafuu dhimmoota kana namni itti seenee gadi bu'iinsaan waa'ee isaa hunda hubatu jiraachuu qaba jedhu.

Dhimmoota isaan beekuuf tattaaffii godhaa turan keesssaa, dhimma argama hawaa, dhugaa jiru, lubbuu fi kkf fa'a.Wantoota falaasama isaanii kana irratti isaan gargaaran keessaa inni tokko, beekkumsi yeroo sanitti jiru baay'ee muraasa, dhimmoota muraasa qofa hammata, sunummaanuu reef eegalaa jira.Kana waan ta'eef filoosoofonni gariin beekkumsa/saayinsii muraasa tana hunda dubbisuun wantoota isiin of keessatti hammattu hunda beekuu waan danda'aniifi.

Garuu gadaan sun garri caalu dabree jira.Yeroo ammaatti barattoonni falaasamaa, barsiisonni fi beektonni isaa dameelee muraasa qofa irratti xiyyeeffatu. Dameelee muraasa qofa irratti akka xiyyeeffatan kan isaan godhe gosoonni falaasamaa muraasni guddachuu isaaniiti. Gosoonni falaasamaa gariin, uumamu isiitiin geengoo qorannoo falaasamaa kana ni dhiphisti, odeeffannoolee miirri irra gayuu danda'uun ala odeeffannoolee biraa irraa isa dhaabdi.

Sababa armaan olii kanatti dabalee sababni biraa immoo, saayinsiiwwan uumamaa dagaaguu fi jaarraa 17ffaa fi isa booda fiixa bayuu isaa fi jaarraalee lamaan dhumaa kana keessa barnoonni hirreegaa fi loogikii akka malee babal'achaa dhufuu isaati.Akkuma Falaasamni kunii fi saayinsiileen guddataa dhufaniin; dhimmoota falaasamaa isa bu'uuraa kan akka waa'ee argamaa, dhugummaa fi bu'uura wantootaattis dhimmamuun xiqaataa dhufe. Kuni immoo dhuma irratti hayyoonni falaasamaa gama dimshaashummaa wantootaatti dabanis akka

dhokatan taasise. Dhimmoota kutaaleen gar gar qoqqooduun jalqabame. Falaasamni kamiyyuu wanta dalagu hunda irratti saayinsiin deeggaramuun isaa dirqama ta'ee argame.

Falaasamni dhimma muraasa qofa irratti xiyyeeffatu bareeda. Dhimma muraasa qofa irratti fuulleffachuun isaa sun dhimmicha san irratti gaaffilee barbaachisu dhiyeessuun mormii irratti godhuun damee san sirritti gabbisa.Akkuma kanaan dura dubbanne falaasamni dhimma wayii irratti qophaaye saayinsii dhimma san qoratuun addaani.Fakkeenyaaf: falaasamni saayinsiiwwanii tokko shaakallii adeemsisuu yookiin tilmaamota (assumptions) wayii kaayanii booda sirrii ta'uu fi dhabuu tilmaama kanaa addaan baasutti hin dhimmamu.

Falaasamni saayinsiiwwanii, karaalee qorataan saayinsii tokko irratti hundaa'aa jiru gamaaggama, ragaalee qorataan sun irratti hundaa'e madaala, dameelee saayinsii garaa garaa keessatti tooftaaleen qorannoon ittiin gaggeeffamu hagam takka akka guddataa jiru wal-madaalsisa. Akkasumas afaan saayintistoonni fayyadamanii fi wantoota miiraan hin ibsamne akkamitti akka itti fayyadaman fa'a qorata.

Itti dabaluudhaan, beektonni yookiin saayintistoonni kun ragaa wayii irratti hundaa'anii seera yookiin tumata walii galaa tokko akkamitti akka mirkaneessan qorata. Akkasumas dhimmoota wayii yeroo ibsan akkamitti akka ibsa kennuu qaban qorata. Wantoonni armaan olitti tarreessine kunii fi kan biraa karaa kamiin saayinsii ykn dhugaa ykn bu'aa ykn falaasama wayii akka fayyadu qorata.

Haala kanaan qorannooleen falaasama kan saayinsiin walitti hidhata qabu baay'ee beekamaa fi babal'ataa dhufee jira.

Falaasamni kunakkuma saayinsiin inni hidhata qabuun guddataa ykn kufaa dhufuun walumaan guddata ykn kufa. Filoosoofii gama dimshaashummaatti dabu ilaalchisee immoo, faalasmni damee wayiitiin wal-qabate, dameelee falaasamaa biraatiinis wal-gituu fi hidhata waliin qabaatuu qaba.Maaliif yoo jenne falaasamni bifa dimshaahsummaa fi waa hunda hammachuu waan qabuufi. Tariitii warroonni gar-tokkee deeggaran (faallaa dimshaashummaa kan ta'an), yaada kana falmuun kuni dogongora jechuun isaaniis hin oolli.

Falaasamni misoomaa kan ilaalcha amantii Islaamaatiin wal-gitu, kan nuti isa qorachuuf jecha haasaya armaan olii kana hunda irraa odeessinu kun, akka dameetti gar-tokkee irratti fuulleffachuun isaa shakkii hin qabu. Gama dimshaashummaatiin immoo falaasama dameelee birootiin hidhata ni qaba. Dimshaashummaa fi hariiroon kunis akka nuti yaannutti amala amantii Islaamaatiin wal-simata.Namni amntii Islaamaa ka'umsa ofii godhate, dameelee qorannoo hundaa walitti hidhuu qaba. Dameeleen kun hunduu walitti hidhamoo fi kan walitti dhufeenya qabani, gariin harka garii qabuun waliin deeman. Kun immoo dirqamoota tokkochummaa amantii Islaamaa keessa jiruudha.

## Falaasama Misoomaa

Akka hayyoonni falaasamaa gariin jedhanitti, falaasamni misoomaa yaaddan bu'uuraa fi tilmaamota dhimma misoomaa irratti fuulleffata.Yaaddanii fi tilmaamni kunis sadarkaa namaatti, hawaasotaa fi uumamaatti wal-keessa seenaa fi walitti makaamaadha. Kuni immoo guddinna, baay'inna, haalli tokko

isa biraatiin bakka bu'uu fi haalli jireenyaa fooyya'aa dhufuu kan mul'isuudha[3].

Misooma qayyabachuuf yookiin falaasama isa keessatti dhokate ifa baasuuf yookii mul'ata falaasamni kuni akka ka'umsaatti irraa ka'ee dhimmoota misoomaa keessatti human si'aa'aa isa godhu ijaaruuf, dhalli namaa kuni wantoota dameelee akka saayinsii uumamaa fi saayinsii hawaasaa keessatti uumaman irraa fayyadamee jira. Guddinni saayinsiin uumamaa argate kun qu'anoodhaaf carraa guddaa ta'e. kuni immoo gama bir-qabaatii fi gama dimshaashaatiinis qu'annoo kana irraa akka bu'aan argamuu eeggamaa godhe.

Asitti kan nuti ibsuu qabnu, hayyuun falaasamaa tokko daangaa isaa beekuu qaba. Akkaataan inni damee irratti dalagu san keessatti falaasama isaa gaggeessu isa saayintistiin damee isaa irratti dalaguun waldhaba. Qorannooleen saayintistootaa wantoota hedduu dubbanne kana qixxisuu waliinuu, gaaffileen isaan deebii kennuufiif tattaafatan gaaffii hayyuu falaasamaatiif

---

[3]- One existential assumptions that we make is that there are philosophies of development. These are the thoughts of the main actors in the development processes. These thoughts are about society, the quality of life, indicators of progress, and so on. So the first thing we would like to do is to find out what these thoughts are. (HT, interview with ZB, p.5) when we talk about the philosophy of development we concentrate on ideas about development and we focus on various fields. We want to concentrate on current ideas on development as you find them in their minds of men working with development. (TN,Ibd, p.6) it is part of the task of a philosophy of development to disclose the main presuppositions in development projects. We are trying to get hold of such presuppositions by interviewing people to find out what their presuppositions are. (HT, Ibd, p.7).

dhiyaatuun addaani.Akkasumas tooftaan deebii laachuus adda ta'a.

Geengoo filoosoofii kan gaaffileen irraa burqitu fi wanti wayii ni ta'a ykn hin ta'u jedhamee eeggamu, geengoo saayintistii caalaa bal'aadha. Gaaffileen hayyoota falaasamaatiif dhiyaatan yeroo baay'ee gaaffilee saayintistoota biratti akkuma jiranitti fudhatamaniidha.Akkuma bifa walii galaatiin dursa falaasamaa isinii dhiyeesse, dhuma dursa kanaa mata duree falaasama misoomaa jedhuun xumuruu barbaada.

## Maalummaa Misoomaa

Waa'ee falaasama misoomaa kana ibsuuf akka seensaatti, gaaffii misooma jechuun maali? jedhu kaasuu barbaada. Kanuma waliinuu hiikkaalee isaa kana gadi bu'iinsaan keessa seenee ibsuu hin barbaadu. Yaad-rimeen misoomaa kun qayyabannoolee biraa kan isa fakkaatuun walitti hidhamee jiraachuu isaa qofa yoo ibses ni gaya. Qayyabannooleen kunis guddina, dagaagina, haaroomsa fi kkf.

Garuu jecha misooma jedhuuf hiika yeroo ammaa bal'inaan itti fayyadamamu yoo ilaalle, dabala, dagaagina yookiin guddina ta'uu isaa argina.Kutaalee qonnaa, ijaarsaa, diinagdee, fi warshaalee keessatti misoomni kuni bu'aalee misooma irraa argaman jechuun ibsama. Kanaafuu misooma jechuun: warshaalee hundeeffaman, karaalee diriirfaman/ hojjataman, gamoolee ijaaraman, mallaqa investimantiif oolfame, bo'oolee baqaqsaman, ardii qonnaaf haaroomfamu, sanyiilee facaafamee haamamu, loon kunuunfamee tikfamee horee baay'atu fi kkf jechuudha.

Ammas misooma jechuun: kutaalee fi dameelee biiroo bocaman, leenjiilee artii saayinsii fi qorannaa saayinsii, hospitaalotaa fi manneen barnootaa, ilma namaa kan waa barsiisu, kan dhukkubsataa yaalu fi kan waa bashannansiisu fa'a jechuudha.Kana hundaafuu, ilaalcha misoomaa kamiifuu akkaataa fi gosa misooma kanaa ibsuun, wantoota jijjiirama isa irratti fidan daangessuun, rakkinoota isa marsan beekuu fi rakkinoota kana hunda akkamitti akka bira tarkaanfatan beekuun baay'ee barbaachisaadha[4].

Kanaan wal-qabatee xiinxalitoonni geengoo/ handhuura ijoo dalagaan misoomaa kuni irra naannayu beekutti deeman.Gariin isaanii handhuurri misoomaa ilma namaati jedha, gariin hawaasa jedha.Gareen sadaffaan immoo uumamaa fi naannoodha jedha.Beektota kana keessaa gariin namaa fi wantoota kana addaan baasuu keessatti wal-faallessanii turan.

Xiinxallitoonni kun akkuma geengoo misoomaa daangessuu keessatti waldhaban, galma yookiin fuulleffannaa misoomaa irrattis waldhabanii jiru. Gariin isaanii galmi misoomaa nama guddisuu, naannoo isaa qulqulluu isaaf godhuu, ilma namaatiif jireenya bashannansiisaa ijaaruudha jedhu. Gariin immoo kaayyoon misoomaa sadarkaa barnootaa fi beekkumsa

[4] - Khurshid Ahmed: "The primary tasks of thr theory of development are to examine and explain the nature of development process and the factors responsible for it, to identify and analyse the principle obstacles to development in a given situation, and to try to prescribe the most desirable and efficient ways and means to remove these obstacles and achieve various dimensions of economic development." (Ahmed's concept of economic development is a typical part of his concept development).

kan naamusaa hawaasaa irraa calaqqisu wayii namaaf fiduudha jedhu.

Namoonni hafan immoo misoomni kan itti fuulleffate safuulee wayii hawaasa goonfachiisuu irratti jedhu. Galmaa fi fuulleffannaalee armaan olii kan hayyoonni misoomaaf kaayan kana irraa gara cuunfaa yaadaatti yoo deemnu; bu'aan wantoota armaan olitti ibsaman kana hundaatuu tasgabbii fi nagaya ilma namaatiif fiduudha.Tasgabbiin kunis ilma namaa kan nageenyummaa hawaasaa fi qananii diinagdee kana fiduuf tattaaffii godhuufi.

## Barbaachisummaa Falaasama Misoomaa

Ibsa armaan olitti kennine irratti geengoowwanii fi kaayyoowwan misoomaa gara caalu akka walii galaatti wal-faallessuu isaa arginee jirra. Keessatti yeroo dhimmichi barbaachisummaa, duraa duubaa fi tooftaaleen wal-gituun walqabatutti baay'ee akka wal-faallessan argina.Kun immoo ka'umsa gadi fageenya qabu fi geengoo baay'ee bal'aa ta'e bu'uura godhannee, geengoo tokko isa biraa irra caalchisuun yookiin geengolee hundayyuu iddoo tokkotii walitti makuun akka dandadennuuf nu gargaara.

Wal-simsiisuun kuni immoo bifa gadi bu'iinsaatiin yoo ilaalle, carraa jalqabaa murteessuu fi tooftaalee birootiif qulqullina kennuuf, madaallii gita ta'e filachuuf, karaalee rakkinoota itti furuu qabnu daangessuuf, gufuulee karaa irraa balleessuu fi wantoota miidhaa fidan dhabamsiisuuf nu gargaara.Kuni utubaalee fi fuulleffannaa misoomaa isa ijoo

ta'a.garuu gaffiin asitti ka'u geengoleen fi ka'umsi bu'uuraa kan bal'aadha jennuun jun maal irraa dhufa?

Hayyoonni falaasma ammayyaa kanneen dhimma kana irratti qorannoo gaggeessan, geengoleen bal'aa fi ka'umsi bu'uuraa kuni kan argaman xiinxala, mul'ata karoorri misoomaa qabu fi mul'ta namni misooma san hojitti jijjiiru qabu irraa argama jedhu. Akkasumas fuulleffannaa hojii namoonni dalaganii xumuran irraa, yookii immoo qu'annoolee isaan gaggeessaa jiran irraa beekuun ni danda'ama jedhu. Tooftaan biraa immoo akkaataa qorannoolee misoomaa ittiin qindeessan, dhaabbilee qu'annoolee kana galmaan gayan ijaaruu, dursoota dhaabbileen kun biyya keessatti qabdu, dursoota dhaabbileen kun baajata isii baasuu lafa kaayatu fi hariiroolee jidduu dhaabbilee kanatti uummamanii fi kkf fa'a[5].

Falaasamni misoomaa kun yeroo garii akka wabiilee yookiin qayyabannoolee dhokataniitti yookiin kan ifatti ibsamaniitti mul'atu. Falaasama ifatti ibsame kana irratti qorannoo godhuuf fuulleffachuun nama qorannoo kana gaggeessu gama tiyoori qofa irratti akka xiyyeeffatu godhuun isaa ni mala. Garuu ibsoota bu'uuraatti deebi'uun yoomiyyuu dirqama. Keessattuu yaamicha amantii Islaamaa kan bu'uurri isaa Qur'aanaa fi sunnaa ta'e keessatti keeyyatoota isaatti deebi'uun dirqama. Sanis ta'u keeyyatoonni sunniin qabatama yerootiin wal-maddii laallamuu qabu. Namni jalqaba kanatti dhimma bayuu qabu namoota Muslimaa kan misooma kanaaf karoora baasanii fi isa hojii irra oolchaniidha.

[5] - Nordenstam, Torenbohm and others, Research and development In Sudan, maxxansa Yunivarsitii Kaartuum, 1985.

Gaaffiin bu'uuraa ammas nu irraa hin hafne: falaasama misoomaa jechuun maali? Misooma jechuun warshaalee hundeessuu, bo'oolee baqaqsuu, wallaalummaa dhabamsiisuu, leenjilee ogummaa namaaf laachuu, qaroomina diddiriirsuu fi mallaqa misoomsuu fa'a yoo jenne; falaasamni misoomaa madaalliiwwan dhimma kanaaf lafa kaayame yookiin qorannoolee raawwii tokkoo dura jalaqaba gaggeeffaman yookiin daftara galii seenee fi baye irratti galmeessinu jechuu keennaa miti.

Falaasama misoomaa kan jennuun, yaddanii fi kaayyoowwan dhimmoota armaan olitti dubbanne hunda kan akka: qu'annoolee fi ijaarsota dhaabbilee of keessatti hammatu jechuudha. Falaasama misoomaa jechuun keenna ilaalcha/ mul'ata hojiin misoomaa tokko akka ka'umsaatti irraa ka'u fi safartuulee dhuma irratti hojiin sun fiixa baye yookiin fashalaaye jechuu murteessan jechuudha.Kanaafuu falaasamni misoomaa bifa kanaan bu'uura gita falaasama kanaan dura dubbanneeti.

Fakkeenyaaf: geengoon misoomaa ilma namaati, kaayyoon isaas badhaadhina fi qananii namaaf fiduudha, meeshaaleen inni dhimma ittiin bayu porojektoota qonnaa fi hundeeffama warshaaleeti, tooftaaleen itti fayyadaman immoo porojektiilee fi warshaalee kanniin bakka murtaa'e fi hawaasa murtaa'e keessatti akka faaydaan nama mara qaqqabuuf fiixa baasuudha yoo jenne; yeroo kana mata-dureeleen falaasama misoomaa geengolee kana daangessuun fudhatama qabaa, maal irratti hundooynee geengoo tokko isa kaan caalchifnee filanna?

Wantoonni tarreeffaman kun wanta itti dhimmamuu qabnu moo kan isii caalaa itti dhimmamuu barbaachisutu jira? ka jedhu ta'a.

Falaasamni misoomaa kun, meeshaalee fi ga'umsa isaa, tooftaa isaa, miidhaa fi wal-qixxeessa isaas ni qabata. Kana caala babal'achuun immoo, hariiroo wantoonni dubanne kunniin wantoota biraa waliin qabanis ifa godha. Kana caala gadi bu'uun safuulee misooma kanaan hidda isaa lafa qabsiisuu yookiin dhabamsiisuu barbaaduu fi gaarummaa fi badooma isaas addaan baasuus qabata.

Kanaafuu hayyuun falaasamaa tokko ilaalcha bilchaataa fi gadi fageennaa waan qabuuf, nama hojiilee karoorfaman mormuu fi gamaaggamee sirreessuudha. Ilaalchi bilchaataan gadi fageenyaan waa hubachuu kun nama karoora baasu, kan hojii irra oolchu fi kan murtii fudhatu biratt jiraachuu qaba jedhu hayyoonni falaasamaa kun. Kanaafuu, falaasamni misoomaa yaaddan, mul'ata, adeemsota qorannoolee fi tooftaalee namoonni karoora misoomaa baasanii fi karoora san hojitti jijjiiran itti amanuu fi hordofuu qaban jechuudha.

Hayyoonni falaasama misoomaa karoora misoomaa kana kuusaa beekkumsaa isa warroota karoora baasan kana bira jiru irraa fudhata.Kuusaa beekkumsaa kana argachuuf xiinxalluu, karaalee waa ittiin yaadan, tooftaalee falaasamaa fi qorannoo godhamu irratti beekkumsa qabaachuu fa'atti fayyadamuuni. Yaada dubbanne kanatti dabalee, falaasamni misoomaa kun wanta hojjattoota misooma raawwiin mul'isanii fi qu'annoolee isaanii irraa argachuu dandeennuudha.

Kanaan wal-qabatee, ga'een hayyuu falaasamaa wanta hojiileen namoota karoora baasanii fi karoora san hojitti

jijjiiranii of keessatti hammatu, qu'annoolee isaanii fi tooftaalee adeemsa hojii isaanii irra qabatamaan gayuun, yaaddan isaanii kana qoratee, sirreessee, falaasama biraatiin walitti madaalsisee, wanta sirrii hin ta'in mormee kan yaada sirrii ta'e irraa namaa fi yaaddan isa morman deebisee, yaanni kuni nama yookiin naannoo, jireenya ammaa fi fuul-duraatiifis barbaachisaadha jedhee nama yaada burqisiisuu danda'uudha.

Wanti nuti asitti ibsuu qabnu, yaaddanii fi mul'anni hedduun sagantaalee misoomaa kanneen biyyoota hiyyeeyyii irratti hojii irra oolfaman falaasama gar-tokkee fi hir'uu ta'ee kan hubannoon ala hojii irra ooluudha. Biyyoonni hiyyeeyyiin sagantaalee kanas sababa kuufama yaadaa fi rakkinoota keessa jiraniitiif ofitti fudhatu.Kanaafuu biyyoonni kunniin ooyruu yaaddan biyyoota/warroota dhihaa keessatti facaafamanii fi dirree biyyoonni biraa shaakallii irratti taasisan taatee hafte.

Akkasumas, falaasamoonni dhaabbileen addunyaawaa ta'an irratti bu'uureffamannis ni jiru. Garuu sababa ilaalcha addunyaa kan dhaabbilee kana irraa adda ta'ee fi yaalii dhaabbileen kun jidduu murtiilee, diinagdee fi qayyabannoolee wal-simsiisuuf taasisan yaaddan fi fuulleffannaa xaxaa fi humnoota addunyaa keessatti ijjannoo qabaachuu dhabuu fida.

Waan dubbanne kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u, dhaadannooleen namummaa kan dhaabbileen kun yeroo gara yerootti ittiin dhaadatan, kan akka dhaadannoo *bifa wal-qixa ta'een qabeenya hawaasa jiddutti raabsuu*- Baankii Addunyaa fi dhaabbata qorannoolee misoomaa, saksi, 1974 A.L.A ) , *Misooma keessatti hirmaachuu*, (mootummoota wal ta'an 1975), *tajaajiloota bu'uraa* ( Yuuniseef fi dhaabbata fayyaa addunyaa

1975A.L.A) fi *faayidaalee bu'uuraa* (Biiroo hojii addunyaa, 1976A.L.A).

Yaaliiwwan kunniin hunduu safuulee garii isa biraatiin wal-simsiisuuf kan taassifame fakkaata. Kana jechuun miidhaa yeroo safuulee san hojitti jijjiiran uumaman, fakkeenyaaf: hanqina ga'umsaa fa'a dhabamsiisuufi. Yeroo rakkinni safuulee tokko keessatti argamu gara safuulee biraa deebi'u fakkeenyaaf: wal-qixxummaa fa'atti fuulleffachuu. Kuni gubbaa kana yoo ilaallu fuulleffannaa sirriidha.Garuu akka dhugaatti kuni fuulleffannaa gar-tokkeedha. Akeekkiiwwan hunduu ilaalchi misoomaa gar-tokkeen kun tooftaa dadhabaa sadarkaa rakkinoota duubatti hafiinsa ummata keenya kan ammayyaa kana furuu irra hin geenne.

Garuu kana jechuun dameeleen falaasamootaa seenaa isii keessatti falaasamoota misoomaa kan wal-gitee fi kan waan hunda of keessatti hammatu hin qabu jechuu keennaa miti. Fakkeenyaaf falaasamni misoomaa kan falaasama dagaaginaa irraa fottoqe ni jira. Falaasamni kunis misoomaan waan wal-qabatuuf akkuma qaroominaa fi ilma namaatti sadarkaalee wantoonni keessa dabran hunda keessa dabruu qabdi.

Falaasamni kun hayyuu filoosoofii biyya Jarman kan Hiijel jedhamuu fi filoosama isaa kan namummaa seenessuu jedhuun walitti hidhata qaba. Akkasumas hayyuu Kaarli Maarkis jedhamuu fi falaasama isaa kan dagaagina hawaasa namaa jedhuun walitti hidhata qaba. Ammas falaasamni misoomaa inni biraa kan ilmi namaa faana biyyoota kolonii jalaa baatee biyyoota isii koloneeffatan dhaqqabatutti fuulleffatte irraa dubbisus ni jira. Biyyoonni kunis, biyyoota

koloneeffatamaniin kana dhaqqabachuuf beekkumsa, qaroominaa fi beektota alaa galchuun dhimma warroota ogeeyyiif dhiisuu qabna jedhanii uf gowwoomsaa turan.

Wanti falaasamni kuni- kan namoonni gariin falaasama ogeeyyotaa jedhanii waaman - ifatti saaxile, guddinna saayinsii fi teknolojii ammayyaa faarsuu keessatti keessa dabruu isaaniiti. Warrummaan dhimma kana irratti ogummaa fi muxannoo qabanuu fedhii, abdiilee fi galma namaa qofa guutuu irratti xiyyeeffachuun, yeroo gaafataman immoo nuti kana barbaanna jechuun deebii laatu. Osoo qaroominni fi duudhaaleen beektonni fi ogeeyyiin biyyoota dhihaa itti nama yaaman kunuu guututti sirrii ka ta'us ta'ee, kana hunda faarfamuu hin qaban [6].

---

[6] - Konfaransii biyya Footiinbergitti Bara 1984tti taa'ame irratti falaasamni misoomaa kun irratti mari'atamee jira. Namoonni dhimmi isaan ilaalu hedduun fuulleffannaa misoomaa fi karoora isaa keessatti waan hin hirmaanneef, akkasumas bu'aan isii irraa argamu dhugumaan bu'a-qabeessa moo wanta hin fayyanne jedhanii murtii kennuu irrattis waan hin hirmaanneef, akka isiin dimokiraasiin wal-faallessitu himan. Namoonni konfaransii kana irratti hirmaatan muraasni, hubannoon misoomaa kan ogeeyyiin kompiyuutarri dalagaalee ilmi namaa dalaguu danda'u kamiyyuu dalaguu danda'a, beekkumsaa fi saayinsiin seerota cufaa (Closed Rules) irratti hundeeffame jedhaniin walitti hidhame kun, beekkumsaa fi saayinsii irratti yaada dogongoraa akka namni horatu godha.

Akkasumas yoo yaanni kun fudhatamee nama biratti argatee hojii irra oolee dandeettii ogummaa nama biratti xiqqeessa. Fuulleffannaa misoomaa daangessuuf ogeeyyota qaama mootummaa bakka bu'an (kan biyyoolessaa fi kan ormaa) irratti irkatuun akka namni beekkumsaa fi saayinsiif mul'ata sirrii hin taane qabaatu taassisa. Yeroo hedduu ogeeyyonni kunniin mootummaa naannoo yookiin hawaasa porojektii misoomaa saniin fayyadaman dhugaa saayinsiitiin hin falmaniin.

Yaanni biraa kan kora kana irratti ka'e immoo, falaasamni misoomaa kan baay'ee aadaa, dhugaa, ogeeyyota, kompiyuutaraa fi kkf ol-fuudhanii

Ammas falaasama misooma namaa kan jedhamus ni jira. Bu'uurri argama falaasama kanaas abbootiin warshaa nama miidhuu fi ogeeyyonni fedhii ilma namaatii fi waan isaan barbaadan hunda harkatti galfachuudhaani. Tariitii falaasamni ogeeyyota misoomaa kun fuulleffannaa ammaatii fi wabummaa of duraatiif jecha biyyootiin hiyyeeyyiin biyyoota dureeyyii irratti irkatuun, biyyoota kana hiyyummaaf saaxiluu fi biyyoonni dureeyyiin qaroomina, aadaa fi duudhaalee isaanii hawaasa biyyoota hiyyeeyyii kana irratti fe'uuf sababa isa bu'uuraati.

Garuu wanni bareenni falaasama misooma namaa kana keesa jiru: aadaalee, fedhiiwwan, amallan addaa kanneen biyyoonni guddataa jiran qabanii fi aadaa hawaasota biraa hunda kabajutti nama yaamuu isiiti. Akkasumas falaasamni kuni, aadaaleen hawaasaa haguma fedhanis wal-faallessanii fi wal-dhabanis bifa nagaya ta'een waliin jiraachuu qaban yaada jedhu irratti yaamicha dhiyeessuu isaati.

Yaa dubbisaa kabajamaa, kan armaan olitti siif dhiyeessine kun falaasama misoomaa irraa seensa xinnoo wayiiti. Yaada kana keessatti dhimma kana gadi bu'iinsaan beekuu fi hubachuuf yoo fedhii qabaatte akka dubbistuuf jecha mata dureelee garii siif eerree jirra. Garuu akka qorannoo

---

guddisuu fi faarsuu kun akka namni hiika jaalalaa, bilisummaa fi amala gaarii sirritti hin qayyabanne godha. Dhiira mixii fakkaattu uuma. Hirmaattota kora kanaa keessaa tokko yaaliin falaasamni misoomaa kun ga'ee isii addunyaa hunda irratti diriirsuuf taassitu kun falaasamoota biraa dadhabsiisuu qofa osoo hin taane, ofumaafuu of dadhabsiisutti isii geessa. Mormiilee kana hunda gadi fageenyaan hubatuuf, kitaaba (Queries about Development) jedhu dubbisi.

keennaatti wanti nuti dhiyeessine kun, waa silaa dhiyeessuuf barbaannu keessaa seensa bira hin tartu: innis yaada falaasama misoomaa: ilaalcha Islaamaa jedhu kana.

### 3) Yaada Baay'inaan Mul'atu

Hayyuun xiinxala Islaamummaa kan damee saayinsii fi qabatamaa keessaa falaasma Islaamaa baasuu barbaadu tokko rakkinoota heddutu isa mudata. Jalqabni rakkinoota isa qunnamanii kun yaada xiinxalaa kan addunyaa Islaamummaa ammayaa kana keessa akka malee faffaca'ee jiru dha. Yaanni kunis yookii xiinxala amantii Islaamaa hin ta'in kan hambaalee xiinxala Islaamaa hafte karaa irraa fageessuuf deemu yookii immoo namoonni yaaddan amantii Islaamaa hin ta'in sirritti fudhatan, yaada ilaalcha amnantii Islaamaa hin taane kana sirreessuu, yookii immoo amantii Islaamaa maqaa isaa xureessuun Muslimoota bu'uuraalee isaanii kan amantii Islaamaa irraa maqsuuf yaalii taassisuudha.

Falaasam misooma tokko hundeessuuf yookiin immoo isuma jiru ifatti baasuuf yeroo yaannu, yaaddan hedduun babal'atee jiru yaaddan hubannaa amantii Islaamaatiin walitti bu'aniidha.Fakkeenyaaf ga'eewwan gurguddoo jechoonni hanqina (scarcity), kuufama kaappitaalaa, gabaa mallaqaa, qusannaa fi invastimantii jedhan akka ilaalchaa sirna diinagdee babal'atee argamu keessatti qaban ilaali mee.

Kana booda yoo ilaalcha kee gara fuulleffannaa amantii Islaamaatti achi deebiste kan ati argitu: [Isaanii (ilmaan keessanii) *fi isiniifis nuti hiree isinii bana*], [*Isinii fi isaaniifis* (ilmaan keessanii) *nuti isiniif bal'isa*], *(yoo hiyyeeyyii taatan*

*fuudhaa, Rabbiin isin duroomsaa*). Kuni immoo akka namni Muslimaa tokko yaada hanqina qabeenyaa jedhuuf hin dhiphanne, akka inni hireef (rizqiif) hin dhiphanne, akka inni yaanni hanqinna qabeenyaa jedhu kun sirna diinagdee keessatti yaada ijoodha jedhee hin fudhanne isa godha.

Namni Muslimaa tokko yaamicha dirqama kuufamuu kaappitalaa, yookiin barbaachisummaa gabaan mallaqaa dammaqina biyya tokkootiif qabdu, yookiin jireenya nagayaatii fi tasgabbiitiif jecha baraarsa (insurance) yoo seenamu si'a dhagayu; haga tokko babbaraaxina ilaalchaa, yookii waa galuufii dhabuun yookii keessi isaa tasgabbaayuu dhabutu itti dhagayama.

Sirni xiinxala Islaamaa kan abbootii irraa dhaalame fi sirni barnoota Islaamaa kan yeroo ammaa babal'atee jiru kun, yaada gubbatti jenne kana guutumatti xiinxalla miti-Islaamummaatiif dhiifamee kan yeroo kolonii biyyoota Awurooppaa irraa dhufeen bakka bu'ee jira. Yeroo sanitti lubbuun namaa yaaddan alaa galfaman kanatti tasgabbii hin arganne ture.Kanaafuu yaanni dameelee kana irratti dhiyaate, akka qorataan Islaamaa tokko yaada cimaa keessaa baasuuf/argatuuf guutuu ta'ee hin argamne.

Barreessaan sarara kanaa qabxiilee bu'uuraa kan qorattoonni biyya Suudaaniitti – keessattuu Yunivarsitii Kaartuumitti - akka ka'umsaatti itti fayyadamanitti gargaarsifachuuf yaalee jira[7]. Qabxiilee san keessatti urgaa Islaamaa tokkos keessatti hin argine.Fakkeenyonni fi yaaddan akka ragaa fi ka'umsaatti kennaman hundi yaaddan warra dhihaati.Qoonni amantiin

[7] - kitaaba (Queries about Development) jedhu ilaali.

Islaamaa qorannoo san keessatti argate bareeduma gubbaa ittiin bareechuu malee homaatuu hin jiran.
Yoo kaayyoon guddaan nuti carraaqqii goonuuf yaaddan addunyaa Islaamaa keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uu ta'e, nuti falaasama warra dhihaa yookiin kan warra bahaa kan baay'ee qaanfachiisaa ta'e malee yaada bu'a-qabeessaan bayuu hin dandeennu. Sababni isaas ergama warra dhihaa/bahaa sanuu guututti qayyabachuu waan hin danda'iniif jecha.Yookii immoo bifa yaada sanii gubbaa irra halluu amantii Islaamaa dibnee yookii immoo duudhaalee fi yaaddan dadadhaboon tokko tokko keessa seenutu mala.
Sababa dirreeleen/dameeleen qaroominaa kan haaroomsaman keessatti xiinxalli Islaamummaa ammayyaawaan jiraachuu dhabuutiin, qorataa Islaamaa tokko gaaffii armaan gadii kanatu isa qunnama: dameelee xiinxala dhiyaatanii keessatti, falaasamni misoomaa Islaamawaan hin jiru eega ta'e, damee misoomaa irratti qorannaa dirree gaggeessuun, shaakalliiwwan barataman irraa maaf hin fudhanne?
Gaaffii kanaaf deebii laatuun salphaadha.Dhimmichi waan yaaduun qofa furmaata argatuu miti. Shaakalliiwwan hojiilee biyyoota addunyaa Islaamaa alaabaa Islaamaa jalatti kan tokko ta'anii mul'atan hedduu muraasa. Akkamitti adeemsi shaakallii kun Islaamawaa ta'a haala biyyattiinuu nama Muslima hin ta'in jala jirtuun? Wanti mul'atu, Muslimoonni qabeenya guddaa qabu.Garuu too'annaa isaanii jala hin jiru.
Akkasumas dhaabbilee isaanii qaama alaattu harkaa qaba, namoonni isaanii biyya gadi dhiisanii galaanaan yaa'u, qabeenya isaanii keessaa lakkoofsa qofa beeku, gamoowwan

isaanii Arbashaattoo (raammoo bishaan keessa galu) addunyaatu ijaara, ilmaan isaanii jiddu-gala qorannoolee biyya dhihaa yookiin bahaa keessatti seenaa biyyoota sanii baratu. Kanaafuu shaakalliiwwan Muslimootaa hundi boca biyyoota dhihaa/bahaa ta'ee, faayidaa tokkoon ala yeroo ta'u wanta baay'ee nama dinqisiisuu miti. Inumayyuu qorataa Islaamaa kan yaada Islaamaa hundeen isaa Qur'aanaa fi Hadiisa ta'e irraa burqaa fudhachuuf deemu tokkoof gufuu itti ta'ee argama.

Qorannooleen kunniin falaasama ta'anis odeeffannoolee shaakallii irraa argamanitti deebi'uun dirqama ta'a. Addunyaan Islaamaa fuulleffannaa misoomaaf godhu keessatti ka'umsa isaa amantii Islaamaa irraa godhuu dhabuun isaa kun utubaalee qorannoo saayinsaawaa keessaa utubaa isa cimaa akka dhabu taasisee jira. Fuul-duratti yeroo mata duree qabeenya misoomsuu jedhu irra geenne, ga'ee dhaabbilee Islaamaa kanneen reef dhalataa jiran/haaraya ta'an dameelee kana irratti qaban bal'inaan ilaalla[8].

---

[8] - (Research and Development In Sudan) The Bergen Talks: (p.27) (H.7), yoo namni dhuunfaa tokko dandeettii hayyuu falaasama misoomaa ta'uu hin qabaanne, nuti garee namootaa kan falaasama misoomaa kana irratti dalagan qindeessuu dandeenna. Namni tokko garee akkasii kana ijaaruun tokkoo tokkoo isaaniitiif gaaffii kana dhiyeessuu danda'a: hayyuun sirna diinagdee tokko waa'ee falaasamaa maal beekuu barbaada? Hayyuun falaasamaa hoo dhimma sirna diinagdee keessatti maal beekuu fedha? Bifuma kanaan gaaffilee dhugaa irratti hundaa'an kan biraas kaasuun ni danda'ama (fuul 28).

Yaanni kiyya beekkumsi ati horachuuf deemtu daangeffamuu hin qabu.Kana immoo dirree wayii irratti yeroo hojii tokko keessatti hirmaatte irra gayuu dandeetta. Kuni immoo seensa addaa kan isa durii san irraa adda ta'eedha. Seensa lamaanuu ni barbaanne jennee amanuu qabna…sun akkasii miti, sun akkas ta'uu hin qabu …yaanni jedhu daangeffamuu qaba. Beekkumsi

Rakkina dhabamiinsa xiinxala Islaamummaa fi shaakalliiwwan Islaamaatiin wal-qabatee rakkinni biraa kan jaarraa hedduuf falaasamaan wal-qabates ni jira. Hayyoonni falaasmaa qabxii namni qorannoo gaggeessu tokko akka ka'umsaatti itti fayyadamuu qabu irratti wal-dhabanii jiru. Shaakalliiwwan yeroo fi gadaa isaa keessatti hawaasa isaa biratti hojjataman irraa eegalee yaaddanii fi tiyooriiwwan jiranitti tarkaanfata moo? Keeyyatootaa fi tiyooriiwwan irraa eegalee sana booda gara siyaasaadhanii fi hojirra oolmatti fuulleffata? Moo akkuma gareen falaasamaa sadaffaan jedhe imala isaa olii fi gaditti taassisuu qaba?

Qorataan tokko yeroo falaasama tokko baasu yookiin isa haaraya ijaaru kortoo irraa gara kortoo itti aanuutti suutaan tarkaanfachuu qaba. Tariitii haala kana keessatti qorataan kun falaasama isaa beeksisuu qaba. ibsa isaa san keessatti immoo afaan beekkamaa fayyadamuu qaba. Fuulleffannaa kana keessatti wanta rakkisu arguu dhabuu dandeetta, garuu sun tooftaanama dadhabaati. Si'a kana qorataan Islaamaa tokko utubaalee mul'ata Islaamaa mul'atoota biraa fi qabiyyee isiitiin wal-bira qabee daangessuu qaba.

Haa ta'u malee kuni jalqaba dhumni isaa yeroo gabaabdutti dhiyaateedha.Si'a san qorataan tokko utubaalee mul'ata/ ilaalchaa qoratuu fi hundee san irraa dameelee argachuuf, afaan isaa isa hundee fayyadamuuf carraa argata. Sababa qaroomina

---

gitaawaa ta'e fi kanaan yookiin saniin jalqabuu qabaachuun murtii dhugaa qabatama nuuf laatame irraa kaanee fudhachuu dandeennuudha. Dhabamiinsi xiinxala gadi fageenyaa, gareelee keenna sadan kan kitaaba (Research and Development In Sudan) jedhu qoheessan qunnamee jira.

nama qorannoo gaggeessuutii fi yaaddan bebeekkamoo keessa cuuphamuu isaatiin, akkasumas sababa adeemsotaa fi tooftaalee qaroominaa bebeekkamoo hordofuu isaatiin, yaaddan bebeekkamoo bu'uuraa Islaamawaanis wal hin ginne fudhachuun isaa ni mala.

Garuu hundeeleen bu'uura Islaamaa kanneen hin jijjiiramne, kan Rabbiin tika isaa of irratti fuudhe fi carraaqqiileen beektonni Muslimaa taassisan dhimmicha hundee qabsiisuu keessatti ga'ee guddaa qabu[9]. Obboleeyyan kabajamoon kana dalagaa turan dalagaas jiran.baay'ee ulfaachuu isaa waliinuu, garuu hedduu ifaajanii ilaalcha Islaamummaa jedhu lafa kaayuuf carraaqqii guddaa taasisan. Boqonnaa itti aanu keessatti, carraaqqiilee isaanii kana keessaa muraasa ni ibsina, gariin carraaqqii sanii garuu dhimma misoomaati malee dhimma falaasama misoomaatii miti.

---

[9] - Dr. Anas Azzarqaa, Al-Muslim Al-Mu'aasir, fuula 97, caamsaa 1982.

## BOQONNAA LAMMAFFAA
## YAALIIWWAN RAKKINOOTA ILAALCHAA FURUUF TAASIFAMAN

Yaada armaan dura dabarsine keessatti, hayyuun xiinxala Islaamummaa tokko yeroo sadarkaa qorannoo saayinsii isa jalqabaa irra jirutti, rakkinoota hayyuun xiinxala Islaamummaa tokko keessa dabru fi hambaalee xiinxalaa kan amantii Islaamaa faallessaniin marfamuu isaanii ibsinee jirra. Qabatamni yeroo ammaa xiinxalli Islaamummaa irra jiru kun maxxantummaa aadaa fi saayinsii kan mul'isuudha.

Hayyoonni xiinxalla Islaamummaa gariin hidhaa irraa of baraarsuun bu'uuraalee fi burqaa yaada isaatti gayuu danda'anii jiran. Qayyabannoolee fi shaakalliiwwan hundeen isaa amantii Islaamaatiin ala ta'e kana waliin turuuf, hayyuun kun garaagarummaa jidduu ilaalcha Islaamummaatii fi yaaddan biraa jidduu jiru ifa godhee ibsuuf ni dirqama. Fuulleffannaalee yaaddan kana hundaa fi bu'uurota irratti hundeeffaman hunda ibsuuf dirqama.

Yaaliin akkanaa kun yoo godhame qorataa fi dubbisaa tokko akka inni ijjannoolee yoo gubbaa kana ilaalan wal-fakkaatan garuu yoo gadi bu'anii sirritti ilaalan wal-faallessan addaan baasee beekuuf gargaara. Akkasumas ijjannoolee garii kan gubbaan isaa addaan fagaatan garuu yoo gadi bu'iinsaan ilaalan immoo walitti dhiyaatoo ta'an, kan wal-simatanii fi waliin jiraachuu danda'an addaan baasanii akka beekaniif isaan gargaara.

Karaan biyyoota dhihaa keessatti baay'inaan hordofamuu fi tariitii karaan baay'ee hawaasa biratti fudhatama argate karaa

namoota gosa yookiin sadarkaa jireenyaa akka fuulleffannaa bu’uura misoomaatti fudhachutti warra yaamaniidha.Jechoonni karaa kanaa muraasni qayyabannoolee Islaamaatiin wal-gitan waan ta’eef, beektonni keenna gariin yaada kana walsimsiisuu fi sirreeffama barbaachisu godhuuf.

Saniin wal-qabatee, qorannoolee Islaamaa kan dhimma misoomaatti yaaddayan kallattii sadiin mul’achuu eegalan:

**$1^{ffaa}$-** kallattii madaalliiwwan misooma Islaamaa daangessuu;

**$2^{ffaa}$-** kallattii badhaadhinaa fi qananii hawaasaatti yaamu fi

**$3^{ffaa}$-** kallattii safuulee Islaamaa marfata/handhuura misoomaa taasisuuf carraaquudha.

Dhugaa dubbachuuf immoo, kallattiileen sadan kunniin yeroo baay’ee gargar kan addaan bayan osoo hin taane, kan walfudhatanii fi gariin isaa isa kaan keessa kan seenee mul’atuudha.

Kallattii madaalliiwwan misooma Islaamaa daangessutti yaamu yoo ilaalle, fakkeenyaaf: *Dr.Anas Azzarqaa*, jidduu porojektiilee jiranii wal madaalsisanii wal-caalchisuuf, ulaagaalee shan dhiyeessee ture, isaanis:

a) Bifa duraa duuba amantii Islaamaa eegeen porojektiilee gaggaarii filachuu;

b) Hanga danda’ameen namoota hedduuf hiree uumuu;

c) Hiyyummaa barbadeessuu fi qabeenyaa fi galii bifa sirrii ta’een qooduu;

d) Mallaqa tiiysuu fi misoomsuu fi

e) Bu'aawwan dhaloota nu duubaan dhufanii eeguudha.

Nuti asitti ulaagaalee kanniin irratti marii godhuufi miti. Garuu kan nuti feenu yaada *Dr. Azzarqaan* qorannoo isaa irratti irra gaye sanitti gayuudha. Yaanni sunis, madaalliiwwan waa wal-caalchisuu fi gamaaggamuu, kaayyolee fi safuulee ilmi namaa gara kallattii misoomaatti fuulleffate galmaan gayuuf deemu irraa fudhatamuu qabdi.

Nutis yaaduma isaa kana deeggaruun, madaalliiwwan hayyoota diinagdee ammayyaa biratti dhimma itti bayamaa jiran kan akka: galii biyyoolessaa dabaluu, misooma madaalawaa, namoota hedduuf carraa hojii banuu fi kkf, madaalliiwwan kanniin keessaa gariin isaa yeroo hojii irra oolfamuu fi bu'aan inni fidu madaalliiwwan Islaamawaatiin walsimachuu danda'a.

Garuu tooftaan kun booddeen isaa baay'ee hin amanamu. Sababni isaas, yeroo baay'ee tooftaa kana hordofuun safuulee amantii Islaamaa isa ijoo ta'an irraa ija gadi nama qabachiisutti geessa. Akkasumas madaalliiwwan safuulee fi kaayyolee Islaamaatiif haaraya ta'an yookiin kan hariiroon waliin qaban dadhabaa ta'e fudhachutti nama geessa[10].

Kanaafuu yaanni *Dr.Azzarqaan* jedhe dhugaa ta'uu argina. Innis karaan salphaan kun kan madaalliiwwan hayyoota ammayyaa jiddutti fayyadamanitti dhimma bayuun kun yookiin isa akka qabxii ka'umsaatti fudhachuun kun dhiifamee, tooftaa biraatiin bakka bu'uu qaba. Tooftaan biraa sunis, kaayyolee fi

---

[10] - Dr. Anas Azzarqaa, Al-Muslimu Al-Mu'aasir, fuula 86, waxabajjii, 1982 A.L.A.

safuulee amantii Islaamaa irraa kallattiidhaan madaalliiwwan biraa burqisiisuudha.[11]

Ilaalchi kun immoo gara kallattii lammaffaatti nu oofa. Innis kallattii qananii fi badhaadhina hawaasaatti yaamuudha. Hayyoonni xiinxala Islaamaa gariin yaamicha kana handhuura qayyabannaa misooma Islaamawaa godhanii jiru.Badhaadhinni hawaasaa yookiin badhaadhinni biyyattii wantoonni gariin namaa guutamuun argama. San keessaa akka fakkeenyaatti: galii argamu bifa faaydaa hiyyeeyyotaa mirkaneessuun deebisanii qooduu, garaagarummaa diinagdee fi hawaasummaa jidduu hawaasichaatti uumamu xinneessuudha.

Isuma gubbaa kanaan wal-qabatee akka sadarkaa biyyaattii fi hawaasaattis kan barbaadamu, hojjattootaaf carraa hojii banuu fi dhibbeentaa guddina galii biyyoolessaa dabaluu fa'a. Kuni hundi akka sadarkaa biyyatti fi akka sadarkaa hawaasaattis osoo guutamee argamee, namni dhuunfaa tokko qaama isaa, sammuu isaa, amala isaa fi naannoo isaa akka fooyyassee argamsiisu godha. Kuni immoo nama qaamaa fi lubbuun isaa fayyaa qabdu, kan hojii sirrii hojjatu, kan itti gaafatama itti kenname bayatu fi kan naannoo isaa sirritti kunuunsu uumuuf nu gargaara[12].

Tooftaaleen badhaadhina kana ittiin mirkaneessan immoo, warroonni yaada kana deeggaran tooftaalee hedduu

---

[11] - Anas Azzarqaa fi Muhammad Haashim Awad ilaali (Hubadhu: kitaabonni jara kana lamaanii misooma diinagdee irratti kan fuulleffateedha).

[12] - Koorshiid, fuula 16. Kitaaba kana keessatti kaayyolee misooma Islaamaa adda baasee ibsee jira, akka kaayyoon kun yaada warra dhihaa kan madaalliin misoomaa dhibbeentaa guddina misooma diinagdeeti jedhu saniin akka wal hin fudhannes ibsee jira.

tarreessanii jiru. San keessaa badhaadhinni kun kan mirkanaayu ga’umsa oomishaa dabaluuf kaappitaala qabaachuu, karaa yaamtonni garee kanaa daangessan hordofuu (keessattuu warroonni dhihaa), haaroomsa yookiin aadaalee gaarii fudhachuu fi leenjiilee ogummaa barbaachisan argachuu fa’a.

Tooftaaleen kanniinitti dabalee, carraaqqii fi yaaliiwwan qayyabannoolee fi kallattiiwwan namoota dhuunfaa fi dhaabbilee jijjiiruu taasifamuu qaba. Akkasumas qorannoolee saayinsaawaa sadarkaalee kamiyyuu irratti barbaadaman gaggeessuu irrattis carraaqqiin guddaan taasifamuu qaba. Tooftaalee badhaadhinaa kana keessaa inni biraa kaayyolee hawaasaa kana akka sadarkaa barbaachisummaa isaatti duraa fi duuba qabsiisuu.

Adeemsi akkanaa kuni jiraachuu dhabuun qaawwa waa balleessee hojiin ala godhuu, miidhama hawaasummaa fi laamshaya jireenyaa fida.Yeroo kana bu’uurota yookiin madaalliiwwan duraa fi duuba kaayyolee kana ittiin murteessinu nu barbaachisa.Akkasumas galma gayuuf itti fuulleffanne kana hagam takka akka irraa deemne beekuuf bu’uurota waa ittiin madaallu nu barbaachisa.

Tarreelee duraa duuba wantootaa eegsisuu kana keessatti wanti cimaa ta’ee fi jalqaba irratti dhufu, porojektiilee misoomaa kana kutaa namoota baay’ee itti hajamaniitiif (hiyyeeyyotaaf) oolchuu fi dhaabbileen dhimma misoomaa irratti dalagan porojektiilee bu’aa hawaasa bal’aa fidan irratti fuulleffachuudha.

Garuu tooftaaleen kunniin hunduu yoo qabeenya biyyoolessaa keenna too’annaa jala hin galfatin bu’aa wayiituu

hin fidu. Kana jechuun osoo dhaabbileen, caaseffamaa fi waajjiroonni murtiilee sirrii fudhatanii, murtii san irra gadi dhaabbatanii hojiin mul'isan jiraachuu dhabaniillee, qaamni dhuunfaa, hawaasaa fi mootummaa kan dirqamootaa fi itti gaafatamumaa isaan irra kaayame bayachuu danda'an jiraachuu baatanis; qabeenya qabaachuu fi isa qabnu san irratti ol'aantummaa qabaachuu qabna jechuudha. Kuni immoo ummatichaaf hooggantoota ciccimoo amanamoo fi ga'umsa qaban uuma[13].

Tooftaalee kaayyoo hawaasaa galmaan gayan keessaa kan biroo, dirqama ummataa fi dirqama seeraa bayachuudha. Namoonni dhuunfaan yookiin gareen safuulee hawaasaa kabajuun tooftaalee galma kanatti nu geessan keessaa isa ijoodha. Dirqamni seeraa bayachuu immoo keessi namaa akka tasgabbii qabaatu godha, hojii sanis hojii namoonni gaariin irratti wal-dorgoman taasisa.

## Hojii Namaa, Mallaqaa fi Qabeenya Hojii Irra Oolchuu:

Akka naaf mul'atutti, hayyoota xiinxala Islaamummaa keessaa kanneen kallattii kana irra deeman, dhimma kana ilaaluun gama wayiitiin ka'umsi irraa ka'an isaan yaaddessee jira. Ka'umsi isaanii sun ilma namaa hawaa kana keessatti gara hojiitti galchuudha. Akka qayyabannaa Islaamummaatti, ilmi namaa dachii kana irratti Rabbiitu bakka isa buuse, namni kun qabeenyaa fi mallaqa eeguu irratti bakka buufame malee abbaa dhugaa isa qabeenya san dhuunfatee miti. Abbaan dhugaa kan

[13] - Assaadiq Al-Mahdii.

qabeenyota kana hunda dhuunfate Rabbii tokkicha uumaa waan hundaa ta’eedha.

Hojii namaatti yaaddayuun gara mallaqaa fi qabeenya hawaasaatti dhimmamuutti nama geessa. Kana jechuun gama misooma hawaasummaatti dhimmamutti nama geessa jechuudha.Hawaasa kanatti yaamichi biyya badhaadhinaa uumuu isaanitti dhiyoo waan taateef wanta amantii Islaamaa hin faallessine irraa fudhatu. Tariitii namoota gariif seensi biraa jiraachuun ni mala.

## Hariiroo Madaalliin Kaayyoo Waliin Qabu

Yaada kanaan dura dhimma madaalliiwwanii irratti kaafne haa dubbannu. Yaanni sunis madaalliiwwan si’aa’ina qabaachuuf, kaayyoowwan dangeffamaa ta’uu qabu. Madaalliiwwan immoo kaayyoowwan lafa kaayame san kan ibsuu dandeettu ta’uu qabdi. Akkasumas qaamni itti gaafatamummaa madaalliiwwan kana hojiin mul’isuus dandeettii fi ga’umsa barbaachisu qabaachuu qaba.

Nuti ibsa kana keessatti kaayyoowwan hawaasaa kan yaamicha badhaadhinaa kana akka handhuura misoomaatti fudhatan gadi bu’iinsaan ibsuu hin barbaannu. Garuu wanti nuti feenu wanta barreessitoonni hedduun itti akeekanii fi yaada isaan itti yaamaa turan ifa godhuufi malee. Yaanni sunis, kaayyoowwan hawaasaa wal-keessa seenaa fi kan seera safuu namni itti amane irraa burqan ta’uu isaaniiti.

Hariiroon jidduu kaayyoowwan hawaasaa fi seera safuu jiran kunniin bifa hedduun mul’atu.Ragaaleen hedduun yaamicha warra badhaadhina hawaasaatti yaaman deeggartu kan

dhiyaatuun bifa yaamichi sun kaayyoo hawaasummaa murtaa'aa waan ta'eef wanta safuun hawaasaas itti yaamtu jechuun ibsa.Safuun kabaja ilma namaa jedhus ga'ema kanaan wal-fakkaatu qaba. Ga'ee san keessaa tokko akka fakkeenyaatti: biyyi badhaadhaan jireenya ilma namaatiif waan akkanaa, waan akkanaa guutuufii qabdi ka jedhu fa'a.

Kaayyoowwan hawaasaa hedduun yeroo garii bifa safuutiin ibsamu. Fakkeenyaaf galiiwwan hiyyeeyyotaaf qooduun haqqummaa diinagdee jedhama. Hariiroon kaayyoowwan hawaasaa fi sirna safuu hawaasni itti amanu jidduu jiru kan sirritti ifatti mul'atu yeroo safuulee xiyyeeffannaa hawaasaa qaban ilaalluudha. Fakkeenyaaf: wal-danda'iinsa, wal-cinaa dhaabbachuu/wal-jajjabeessuu fi wal-dorgommii kabaja qabu fa'a. Akkasumas kaayyoowwan bifa hawaasaa qaban kan biyyi badhaadhinaa itti yaamtu san irraas ni mul'ata. Fakkeenyaaf namoota dadhaboo gowwoomsuu dhabuu, dhala haraama/dhoorgamaa godhuu fi kkf.

Wanti nuti beekuu qabnu, yoo madaalliiwwan kaayyolee kan ibsan taate, kaayyoowwan immoo safuulee irraa kan maddan ta'uu isaati. Rogoota sadan wal-cimsani fi kan wal-keessa seenan kana beektonni xiinxala Islaamaa gariin wiirtuu misooma Islaamaa godhuuf yaalanii turan. Yaada beektota kanaa madaalliiwwanii fi kaayyoowwan keessatti finnee turre. Kan amma nuuf hafe yaada isaanii kan 'seerri safuuwwan Islaamummaa wiirtuu misooma Islaamaa ta'uu qaba' jedhuudha.

Hayyoonni sirna diinagdee warra dhihaa dalagaalee misoomaa hunda gara 'hanga' lakkaayamuu fi madaalamuutti jijjiiranii, hanga kana immoo wanta dalagamuu fi oomishamu

hundaafa madaala bu’uuraa godhan. Raawwiin kun immoo hayyoota xiinxala Islaamaa hedduu sodaachiseen. Wanti isaan sodaachise hanga oomishaa/dalagaa sanii fooyyessutti fuulleffachuun hanga bu’aa mallaqaa nama oomishu sanii fidutti argamuu dhabuu isaati.

Garuu amantiin Islaamaa dhimma/rakkinna namni qabuuf dursa kenna, itti dhimmama.Sana booda gara qulqullina hojii fooyyessuu fi hamma isaa dabalutti fuulleffata. Kuni immoo akka waan hawaasni Islaamaa kun hawaasa dursa dirqamootaa fi dhimmoota bu’uuraa jalaa baasee, sana booda immoo lubbuu namaa qulqulleessuu fi onnee namaas hamtuu hunda irraa qullaa godhuutti xiyyeeffatuuti.

Faallaan kanaa immoo imala Lebiraalistootaa fi Soshaalistootaati. Imalli isaanii kun wantoota jireenya namaatiif dirqamaan barbaachisan erga namaaf guutee booda gara mi’aa jireenyaa fi badhaadhinaatti fuulleffata. Kanaan dura yaaddan mormii hedduun qayyabannaa misooma warra ogeeyyii irratti akka dhiyaate ifa goonee turre.Sababa wal-dhabiinsaa san osoo of duuba deebinee laallee, qayyabannaa gareen sun misoomaaf kenne irraa ka’uu isaa ni hubanna. Sun immoo maqa-balleessa saayinsii, aadaa fi ilma namaa akka ta’e ifaadha.

Bifa walii galaatiin falaasama sirna *kaappitaalizimii* yoo ilaalle immoo, fuulleffannaan isii guddaan, kaappitaala wal irratti kuusuu, dandeettii, ciminaa fi ga’umsa oomisha lakkoofsaan lakkaayamuu, kan dhibbeentaan mul’ifamu fi kan Istaatiksiin agarsiifamu argamsiisuu fi dandeettii hawaasni

oomisha argame bifa sirriin itti fayyadamuu danda'uu (kunis lakkoofsaan ibsama) qofa irratti xiyyeeffata[14].

Kallattii armaan olitti dubbanne kanatti yoo tasa karaan '*hangaan'* waa madaaluu kun sababa miidhaa hawaasa irraa uumamuutiin itti dhiphatu, dhiphinni kunis ifa bayee gama hammaatti xiyyeeffachuu irra gara '*akkamitti'* jedhutti fuulleffachuun caalee yeroo argamu, falaasamni mallaqa qofa irratti xiyyeeffate kun rakkinna argame kana furuuf qabiyyee hangaa kennaaf. Kana jechuun falaasamni kun yeroo hundaa fuulleffannaa jiru hundaa gara *hangaatti* malee gama *akkamiitti* akka hin taane dura dhaabbata jechuudha[15].

Gama *akkamitti* jedhu kanaaf bakkee homa takka qabaachuufii dhabuun kun, ka'umsa bu'uuraa fi kaka'uumsa Islaamawaa oomisha duubaan jiruuf, hayyoonni xiinxala Islaamaa ammayyaa rakkinna kana keessaa bayuuf furmaanni jiru safuu amantiin Islaamaa itti yaamutti deebi'uudha

---

[14] - Tiyooriilee misooma yeroo dhiyoo keessa argaman keessatti yaanii misoomaa haaraya argame tokko nama, barnoota, fayyaa fi kkf irratti invastimantii godhuun, guddina diinagdee hawaasa tokkootiif tarsiimoo baay'ee murteessaa ta'eedha (Khurshid, p, 9). It is interesting to observe that the ½ investiment in man ¼ approaches is leading to some widening of the ½ capital theory ¼ as it has thrown new light on a somewhat neglected aspect of capital – the human capital. Consequently, a more comprehensive and integrated view of capital is being developed, as much apromising opportunity to rething the basic premises of economics and the place of man in the total framework has almost been.

[15] - Faayidaalee bu'uuraa dhuunfaa mirkaneessuun qofti gahaa miti. Faayidaaleen bu'uuraa kan ummata hundaaf guutamuu qabanis ni jiru. Fakkeenyi isaa humna qabaachuu fi lolaaf ga'umsa qabaachuu fa'a.kuni immoo akka ummanni kun lubbuu isaa irraa diina deebisuu fi diinii Rabbiitii fi mirga Muslimootaa irraa akka diina ittisuuf fayyada.

jedhu.Kana booda wanti isaan sirritti itti akeekaa turan misoomni Islaamawaan mul’atoota misooma biraa irraa adda ta’uu isaati.

Sababni isaas safuuleen amantii Islaamaa kun safuulee biraa irraa adda. Kanaafuu hayyoonni kun safuulee falaasama biraa keessaa bayuun gama safuulee Islaamawaa keessa akka seenamuu qabu yaamicha dhiyeessanii jiru. Hayyoonni gariin immoo yaanni misoomaa kun safuulee Islaamaa waliin wal-simachuu qabu jedhu. Hayyoonni biraa immoo kan waliin deemuu danda’an ta’uu qaba jedhu. Gareen hayyoota sadaffaan immoo safuuleen misoomaa safuulee Islaamaa kan seera Islaamaa irraa fudhatame ta’uu qaba jedhu.

Kallattiileen sadan kun hunduu dandeettiin isaan hariiroo jidduu safuulee misoomaa fi safuulee Islaamaa jiru ibsuu irratti qaban waldhaba.  Hariiroon kunis yookii kan wal-simu, yookii kan waliin deemuu danda’u yookii immoo safuu Islaamaa matama isaatuu ta’uu qaba kan jedhuudha. Ibsoonni sadan kun seenaa seera Islaamaa nu yaadachiifti. Seenaan kunis seerri Islaamawaan kun afuura shari’aatiin wal-gitaa, waliin deemaa moo shari’ama mataa isaati? kan jedhu ture.

Garuu hayyoonni kun hunduu yaanni misoomni (keessattuu misoomni diinagdee) safuulee dhuunfaa yookiin hawaasaa kan namni itti amanuun hariiroo hin qabu jedhu sun yaada beektota biratti fudhatama hin qabne ta’uu beekanii jiru. Akkasumas tiyooriilee fi falaasamoonni barataa yookiin barsiisaa turan safuuleen kan guutaman ta’us, garuu safuuleen suni kan hayyoonni falaasamootaa fi tiyooriilee san qopheessan qofti itti amanan ta’uu beekanii jiru.

## Safuulee Islaamaa

### Safuuleen Islaamaa Ijoo Wal-simiinsa Misooma Islaamummaatii miti

Ibsoota armaan olitti goone kana boodaan wanti nuti gaafachuu barbaannu, safuuleen kunniin kan hayyoonni xiinxalla Islaamaa ammayyaa tiyoorii yookiin falaasama misoomaa tokko beekuuf, qayyabachuuf yookiin bocuuf akka qabxii ka'umsaatti irraa ka'uu qabna jedhanii itti nama yaaman kun maali? Safuuleen kun dhugumaan handhuura wal-simiinsa Islaamummaatii?

Safuulee kana keessaa inni jalqabaa namummaa ilma namaati fi ga'ee inni akka nama Rabbiin dachii kana irratti bakka buuseetti taphatuudha. Kuni immoo ilma namaa kana sadarkaa bakka bu'ummaa Rabbiin isaa kenne kanaan maluun isa ilaluu barbaachisa. Kana jechuun kabajaan namaa kun wanta ulfaataa waan ta'eef itti yaadamuu qaba, misoomni kamiyyuu kabaja ilma namaa kana eeguun alatti akka hin argamne ifatti ibsamuu qaba.

Kun immoo safuulee Islaamaa kan akka wal-qixxummaa keessaattuu kan diinagdee fi hawaasummaa of keessaa qabaachuu barbaachisa. Safuulee wal-qixxummaa diinagdee fi hawaasummaa kanatti wanti daballu dalagaa fi horteen (rizqiin) halaalaa kabaja ilma namaa ta'uu isaati.Kuni immoo safuu afraffaatti nu geessa.Innis; gosa hojii dalagnuu kamiyyuu sirritti qulqullinaan dalaguudha. Bu'aan safuulee kanaa immoo safuu biraatiin madaalama.Safuun kunis qulqullina lubbuu qabaachuu, qabeenya qaban irraa kennachuu, wanta dalagan hunda Rabbiif jecha bareechaniii dalaguu fa'a.

Tiyooriilee yookiin falaasma misooma Islaamaatiif safuuleen armaan olitti dubbanne kunniin akka bu’uuraatti /hundeetti ilaalamu. Safuulee kana ofitti fudhatanii handhuura wal-simiinsa Islaamummaa taasisuun tattaaffii hayyoonni xiinxala Islaamummaa ammayyaa misooma diinagdee irratti godhan keessaa isa ijoodha. Akkasumas hayyoonni kun safuuleen kun yeroo hojiin mul’ifamutti, tooftaalee Islaamaa kan akka tilmaamotaa (assumptions), kajeellaawwan, sodaachisaa fi gareen yookiin mootummaan yeroo barbaachisetti harka keessa naqachuun fa’a irraa walaba godhuu akka qabamuufis carraaqqii taassisu.

Tattaaffiin akkanaa kan madaalliiwwan Islaamawaa baasuuf, yookii kaayyoo hawaasaa bareeda tokko fiixa baasuuf, yookii immoo safuu Islaamawaa gaarii taate takka hawaasa keessatti hundee isii cimsuu tattaaffii faarfamaadha. Tariitii hedduun keenna wanta raawwachuu dandeennuudha. Haa ta’u malee qabxiilee armaan gadii kana xiinxala keessa galchuu qabna:

1ffaa- seera safuu tokko akka qaama ofii danda’ee dhaabbateetti ilaaluun sirrii miti.kuni safuulee bifa duraa duuba qabateen kaayuu hedduu cimsa. Inumayyuu safuulee misoomaaf malan beekuufuu nama rakkisa.

2ffaa- yaaliin safuulee Islaamawaa gar gama Islaamummaa hin ta’iniitti dabaluuf deemuu; gama kallattii diinagdee, saayinsii fi hawaasaatiinis haa ta’u yaalii bu’a-qabeessaa miti.

3ffaa- safuuleen Islaamaa walakkeessa wal-simiinsa Islaamummaatii miti.safuulee bifa kanaan fudhachuun

dammaqinaa fi warraaqsa Islaamawaa akka dhaabatu godhee jira. Akkasumas marsaa guddinaa fi dammaqina Islaamawaa kanas kama jijjiirama tokko malee duwwama naannayu qofa godhee jira.

Walumaa galatti; qorannoon Islaamawaan dhimma kana irratti gaggeeffamu bifa gadi bu'iinsa qabuun gaggeeffamuu qaba. Falaasamni misooma Islaamawaa kan yaad-rimee misooma diinagdee caalaa bal'aa ta'e sadarkaa amma irra jirtu kana caalaa hundee godhachuu qabdi. Kutaalee itti aanan keessatti isa kana sirritti gadi bu'iinsaa kan ilaallu ta'a.

## BOQONNAA SADAFFAA
## JALQABNI HUNDEE ISLAAMAA IRRAA TA’UU QABA

Wanta kanaan dura dabarsine irraa kan ifa nuu ta’u, nama xiinxala Islaamummaa dhugumatti beekuu barbaadeef adeemsi Islaamummaa kan beekkumsa horachuu: yeroo waa eegalu Qur’aanaa fi Sunnaa irraa eegaluu qaba. Akkasumas beekkumsa hayyoota xiinxala Islaamaa irraa argame fi hambaalee isaan dhiisanii deeman irraayis muxannoo itti dabalachuun ni danda’ama.

Bu’uura irraa jalqabuuf akkaataan eegaliinsa isaa: qorataan tokko dhimma irratti qorannoo gaggeessuu barbaadu san (fakkeenyaaf dhimma misoomaa irratti) keeyyatoota Qur’aanaa fi sunnaa kan dhimma kanaan wal-qabatan xiinxaluu qaba. Sana booda keeyyatoota kana walitti cuunfee ergaa isaa eega walitti qabeen booda, sammuu isaa dalagsiisee ergaa keeyatootaa kana irraa dhimma bu’uuraa maddisiisa. Yeroo itti aanuuf dhimmi bu’uuraa inni maddisiise kun qorataa kanaaf odeeffannoo isa jalqabaa ta’uun dhimmoota dhokatan hundatti gayuuf isa qarqaara.

Haa ta’u garuu dhimmoonni bu’uuraa kan mata duree tokko/muraasa qofa irratti xiyyeeffate kun dhimma walii gala kan ta’e seera Islaamummaa irraa qooda adda bayuu hin dandeenneedha. Kana jechuun wanti namni dhimma wayii hundee bu’uura Islaamaa irratti hundeessuuf yaalii taassisu kamiyyuu keessatti beekuu qabu, amantiin Islaamaa dhimmoota garii kan hin jijjiiramne kan gadi dhiifamtuu taate irratti hundaa’a. Dhimmoonni kunniinis yeroon jijjiiramee, fedhii fi

bu’aawwan jijjiiramanis kijiba yookiin jijjiirraa ofitti kan hin fudhanne ta’uu beekuu qaba.

Dhimmoota bu’uuraa gadi dhiifamaa jenne kanniin keessaa muraasni; Qur’aanni jecha namaa akka hin ta’in, tokkochummaa Rabbii raggaasisuu fi ilmi namaa Rabbiif gabra ta’uu isaa raggaasisuudha. Qur’aanni jecha Rabbii tokkichaati, Rabbiin tokkicha namni hundi dhimma ofii isatti deeffatu kan hojiin isaa kan nama kamiyyuu hin fakkaanne, ilmi namaa immoo wanta Rabbiin gabbaruuf uumameedha haguma fedhe namni kun lafa irra yookiin ji’a irra jiraatus, qaroomaa ta’ee yookiin qaroominaan duubatti hafus.

Dhimmoota bu’uura Islaamaa kan walii galaa kan Qur’aanaa fi Sunnaan nuuf ibsan keessaa kunniin isaan muraasa. Nama waan wal-biratti ilaaluu barbaadeef dhimmoonni kun bu’uura waan ta’aniif akkuma jirutti fudhatamuu malee xiinxaluun bifa biraa isa qabsiisuun hin danda’amu. Dhimmoota kanniin fakkaatan irratti xiinxalli godhamu hunduu yaada kana bu’uura godhatee akka qabxii ka’umsaatti irraa eegaluu qaba.

Carraan bareenni qorataan dhimma kanaa argate, dhimmoonni bu’uuraa kunniin qorattootaa fi qu’attoota irraa itti yaaddayiinsa gahaa waan argateef, rakkinna qorannoo gaggeessuu irraa nu duroomsa.Akkasumas yeroo fi bal’inna dhiyeessa qorannoo keennaa nuuf qusata.Kanaafuu yaad-rimeelee bu’uuraa kanaaf ibsa walii gala wayii, jiruu fi wantoota ilaalchisee jalqaba isaa, guddinna isaa, booddee isaa fi kkf ibsuuf yaalii goona.

Jalqaba yaad-rimeelee kanniinii irratti kan dhufu tokkochummaa Rabbiitii fi aangoon ol’aanaan kan abbaa uumaa

fi ajajaa waa hundaa ta'eeti.Gabbarttiin hunduu Rabbiif qofaaf godhama, guyyaa dhumaatti amanuu qabna. Yaad-rimeeleen qabxiiwwan ijoo kana jalatti hammataman kan qorannoo keennaan wal-qabatan; qayyabannoolee akka: hiree barbaadachuu (dalaguudhaan), qabeenya qaban irraa kennachuu, bu'aa, uumaa, badiin lafa balleessuu, gaarummaa fi kkf fa'a.

Murtiilee Islaamaa kanneen yaad-rimeelee kanniiniin wal-qabatan keessaa: dalagaan hundinuu gabbara Rabbiiti (Ibaadaadha), akkasumas dalagaan misoomaas ibaadaadha. Guyyaa dhumaatti amanuun, guyyaan dhumaa sun jiruu duniyaa kanaan hariiroo cimaa qabaachuun akka namni mindaa guyyaa borii san argatuuf har'a jiruu tana irratti dalagaa isaa bareechee dalagu godha.

Ergaan amantiin Islaamaa nama jiruu tana irratti carraaqqii godhuuf qabu, akka namni hawaasa isaa guddisu, qilleensa/naannoo isaa kunuunsuu fi jireenya guyyaa boodaatiif carraaqqii isaa har'atti cimsuu akka qabu barsiisa. Sadarkaan milkaa'ina guyyaa dhumaa akka sadarkaa carraaqqii har'a jiruu duniyaa tana irratti gooneeni. Guyyaa dhumaatiif carraaqqiin gaariin nuti har'a goonu kun immoo hawaasaa fi naannoo misoomsuuf qayyabannaan Islaamni qabu isa yaad-rimeelee hayyoonni seera ofii tumataniin akka wal-dhabu taasisa.

Tattaaffii fi carraaqqiin namni godhu hunduu amantii Islaamaa keessatti gabbara /ibaadaa waan ta'eef, misoomaaf carraaqqii godhuunis bifoota gabbaraa keessaa isa addaati. Misoomni kunis akkuma salaataa, xiinxalluu fi Jihaadaatti ibaadaadha. Amantii Islaamaa keessatti gabbarri ykn Ibaadaan kamiyyuu Rabbiif malee hin godhamtu waan ta'eef, misoomaaf

tattaaffiin godhamus miira Rabbii kiyya ittiin gabbara jedhuun deeggaramuu qaba.

Gabbarri/Ibaadaadhan kunniin hunduu bifa, akkaataa, hanga karaalee ittiin raawwatan, yeroo itti raawwatanii fi bakka itti raawwatan, bifa ittiin nama irraa fuudhamtuu fi bifa ittiin namatti darbamtu waan qabduuf, seerota, ulaagaalee, utubaalee, dirqamootaa fi laaffifamtoota waan qabduuf, ergaa fi galma gayamuun malu, ibaadaa kana raawwachuun booda bu'aa fi faayidaa jiru, wanta nuti hojjannu kana irratti ragaa kallattii fi al-kallattii jiraachuu fa'atu mala waan ta'eef; dhimma misoomaan wal-qabate irrattis wantoota tarreessine kana akka jiran beekuu qabna.

Qabxiileen armaan olitti tarreessine kun warroonni dhimma misoomaa ilaalchisee bu'uura amantii Islaamaa ilaaluu nu hin barbaachisu jedhan dogongoruu isaanii nutti mul'isa. Akkasumas namoonni falaasamoota garii kan amantii Islaamaa faallessan fooyyessinee akka furmaata Islaamawaatti dhimma itti baana jedhanis dogongoruu isaanii nuuf ibsa.

## Falaasamoota Biraa Irraa Adda Bayuu

Tiyooriilee fi falaasamoonni ammayyaa hedduun yaamicha amantii Islaamaa fi wanta namni Muslimaa tokko bu'uura hojiiti yookiin hundee ilaalchaati jedhee fudhatu akka faallessan shakkii hin qabu. Qabxiilee dabran keessatti yaad-rimeeleen akka hanqina qabeenyaa fi kuufama kaappitaalaa miira Muslimaa faallessiti jennee ibsinee turre. Kanuma waliinuu yaad-rimeeleen kunniin falaasama ammayyaatiif ka'umsa porojektiileen misoomaa irraa eegalaniidha.

Wanti amantiin Islaamaa falaasama hedduu mormuuf, falaasama kanatu dhimmoota gariif bakkee isaan malu caalaa kennuuf.Fakkeenyaaf Maarkistoonni safuulee jiran addaan baasuuf yookiin seenaa ilma namaa seenessuuf taatee diinagdeetiif ga'ee jalqabaa fi isa cimaa ta'e kennuuf.Bifa kanaan gareeleen xiinxaltoota amantii Islaamaa faallessanii heddummaataa dhufee jira. Gareen xiinxallitootaa kan hundeewwan ykn bu'uuraalee amantii Islaamaa morman heddutu jiru, isaan keessaa gareen jiraachuu Rabbii morman isaan tokko. Gareen kun hiikkaa yookiin ibsa haaraya kan hiikkaa yookiin ibsa Islaamummaatiin wal-faallessu fiduuf yaalii godha.

Gareeleen gariin immoo tooftaalee amantiin Islaamaa sirrii miti jedhee ibse raggaasisuun dhimma itti bayu, fakkeenyaaf namni tokko nabiyyummaa himachuu yookiin wahyiin Rabbiin biraa natti buufama jedhee himachuu fa'a.Gareen biraa immoo hundeewwan bu'uura Islaamaa kana bifa amantiin hin ajajiniin dhimma itti bayu, fakkeenyaaf namoonni gariin Qur'aana kabajamaa kana akka waan inni kitaaba boca yookiin fakkii wayii qofa ta'eetti ilaaluun qorataan tokko akka ofii fedhetti hiikkachuun dhimma itti baya.

Gareen biraas kan amantii fi haala jireenyaa addaan baasee ilaalutu jira. Akkasumas gareen biraas sammuu Muslimaa kana hojiin ala godhee yookiin tooftaa beekkumsa wayii ittiin horatan nama harkaa balleessuun jidduu beekkumsaa fi jidduu hundeewwan amantii Islaamaa kana seenuun addaan baasa. Xiinxalaan tokko gareewwan kanniin irraa nagaya hin bayu.

Tariitii gareeleen kunniin gariin isaanii yeroo garii ijjannoon isaanii kan Islaamawaatiin wal-simata. Kan irratti wal-dhaban yaaddan bu'uuraa fi murtiilee Islaamawaa fudhachuu fi dhiisuu irratti. Qorannoon jalqabni isaa dhimma yaada akkanaatii fi murtiilee hundeewwanii ta'e qayyabannoolee biyyoota dhihaa fi bahaa kan xiinxala addunyaa kana guutuu irra babal'atee jiruutiin adda.

## Adeemsa Islaamummaa Kan Walii Galaa

Yaada kanaan dura dabarsine irratti Qur'aanaa fi Sunnaan bu'uuraalee jalqabaa kan murtiileen isaanii fudhatamuu qaban, dhimmoota bu'uuraa Qur'aanaa fi Sunnaan keessatti dubbataman qorannoo saayinsii wayii gaggeessuuf akka qabxii jalqabaatti fudhachuu akka qabnu dubbannee jirra. Akkasumas dhimmoonni bu'uuraa kan Qur'aanni raggaasisu seera Islaamummaa kan walii gala irraa akka adda hin baanes ibsinee jirra.

Kana jechuun amantiin Islaamaa akka qaama tokkooti gargar hin qoodamu.Kuni immoo akka dhimmoota amantii Islaamaa isa bu'uuraa bifa walii galaatiin dhiyeessinu nu godhe. Qabxii itti aanu kana keessatti adeemsa Islaamummaa kan walii galaatiif bifoota bu'uuraa dubbachuuf yaalla. Kunis yeroo adeemsa kana dhiyeessinu, dhimmoota xiinxalaa yeroo dubbisnu/yaannu dhimma akka misoomaa fa'a yaadachuuf nu gargaara.

Wanti guddaan qorataan tokko ibsa kana irraa qayyabatu, adeemsa Islaamaa kan walii gala Rabbi tokkicha uumaa waan hundaa ta'utti amanuu irraa eegaluu isaati. Kuni immoo hundee amantii Islaamaa waan ta'eef dhimma kamiyyuu

keessatti eeggamuu qaba.Sana keessaa dame hiree barbaadachuu fa'a keessatti. Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿وَٱللَّهُ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءً فَأَحۡيَا بِهِ ٱلۡأَرۡضَ بَعۡدَ مَوۡتِهَآۚ ﴿٦٥﴾ ﴾النحل: ٦٥

*[Rabbiin tokkichi isa samii irraa bishaan (rooba) isinii buusee, isaan dachii duute (goyde) isinii jiraachiseedha…] (Al-Nahli: 65).*

﴿فَلَا تَجۡعَلُواْ لِلَّهِ أَندَادٗا وَأَنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ﴿٢٢﴾ ﴾ البقرة: ٢٢

*[Rabbiif yagutoo hin godhinaa, osoo akka inni yagutoo hin qabne beeytan] (Al-Baqarah: 22).*

Mallattoolee adeemsa kanaa keessaa inni biraa suuta suuta namaan deema. Rabbiin gabbaruu keessatti, yookii nama waliin jireenya keessatti yookii damee misoomaa keessatti adeemsi deemamu tokkicha ta'uu isaa agarra. Adeemsi kunis adeemsa dhimmoota bu'uuraa argachuu fi isatti aansee immoo gara dhimmoota jireenya namaa bareechanitti tarkaanfachuuti[16]. Kanaafuu adeemsa kana hordofuu jechuun duraaf duubni fuqahaa'onni kaayyoowwan shari'aatiif kaayan akkasumatti jira jechuudha. Duraa duubni kunis: amantii, lubbuu, sammuu, dhageettii maqaa/gurraa fi qabeenya eeguudha.

Mallattoolee adeemsa kanaa keessaa inni biraa, dhimma Rabbiin gabbaruun wal-qabatu yookiin kan haala nama waliin jireenyaa yookiin dhimma damee misoomaa irrattis haa ta'u, ergaa/murtii ifaan ifatti Rabbiin biraa dhufe (kan jala sararamee dhimma wayii qofa kallattiin ibsu) akkuma jirutti erga

---

[16] - Dr. Muhammad Ammaaraah, fuula 3.

fudhanneen booda, ragaa hiikkaa hedduu qabu/ ilaalcha gama hedduun fudhatamutti (kan dhimma tokko qofa hin ibsinetti) dhimma bayuun ni hayyamama.

Wanti kana jenneef, keeyyatoota Qur'aanaa fi Sunnaa kana qayyabachuun akka ilmi namaa harka keessa naqatu dirqama taasisa. Keessattuu keeyyatoonni ibsa kallattii (kan hiika/ergaa tokko qofa) qaban wanta dubbifamuu fi gurraanis dhagayamu. Kana jechuun wantoota akkanaa kana qayyabachuuf maaltu akka nama barbaachisu beekuu qabna jechuudha. Fakkeenyaaf: sababaa bu'iinsa keeyyata sanii, mallattoolee /bifa qabatama yeroo ergaan sun itti bu'ee fi kkf fa'a.

Yaanni kun immoo barbaachisummaan afaan Arabiffaa xiinxala Islaamummaatiif qayyabachuu keessatti qabu guddaa ta'uu mul'isa. Yaada kana immoo seensa kitaaba kanaa irratti dubbachuun afaan falaasamaa fi xiinxalaaf sirritti akka barbaachisu kaasnee turre.Ammas mallattoolee adeemsa kanaa keessaa wantoota bifa dimshaashaatiin jiraniif dursa kennuun, dhimmoota dameelee ta'anii fi kanneen gar-tokkee wantootaa qofa ibsan immoo sammuu Muslimaatiif dhiisuu isaati.Ammas mallattoon biraa wahyii akka bu'uuraatti fudhata. Garuu sana booda sammuu fi miiraafis bakkee guddaa kenna.

## Dhimmoota Misoomaa

Amma gara dhimma misoomaatti deebina. Kana keessatti misoomni maali jechuuf osoo hin taane, dhimmoonni misoomni hammatu maal fa'a? jechaa ilaaluufi. Yeroo hedduu bifa kanaan gaafiin kun akka hin kaafamne argina. Wanti kana jenneefis, hayyoonni siyaasaa fi diinagdee hedduun misooma

kana akka dalagaalee fi wantoota walii galaa tokkotti waan fudhataniifi.Akkasumas bu'aa misooma kana irraa argamee fi hawaasa ilma namaa gadi dhaabuu keessatti ga'ee inni qabu haasayuu jaalatu.Yookii immoo wal-gitiinsa jidduu aadaa biyyattii fi dirqamoota dhimma misoomaa irraa haasayu.

Nuti immoo, akkuma adeemsa keenna ka baratamee san ka'umsi keenna hundee irraa ta'a. Jalqaba qabiyyee misooma kanaa yeroo ibsinu; salphamatti misoomni kun waa'ee ilma namaa, bineensotaa, biqiltootaa fi wantoota jajjaboo of keessatti qabata. Akkuma of duratti ibsuuf deemnutti, elamantiiwwan kunniin dhimmoota bu'uuraa kan gareeleen, dhaabbileen, tiyooriiwwan saayinsii fi dandeettiin waa uumuu irraa walitti qabamanii fi tokkoon tokkoon isaanii dhimma misoomaa kan ta'aniidha.

Qabxiilee armaan gadii kana keessatti immoo, wantoota nam-tolchee irraa dabuun gara wantoota uumamaa kan akka ilma namaa, bineensotaa, biqiltootaa fi wantoota jajjabotti fuulleffanna.

Gama kanaan dhimmi jalqaba beekamuu qabu, hojiin misoomaa tokko elamantiilee armaan olitti dubbanne san keessaa (lafa, bineensota, biqiltoota, ilma namaa yookiin qabeenyaa fi kkf) isa tokko irraa eegala.Sana booda wanti sun erga hojiin dhumateen booda boca/bifa tokko irraa gara bifa/boca biraatti yookiin hanga tokko irraa gara hanga biraatti geeddarama. Kanaafuu dhimmi xiinxala fi qorannoon irratti fuulleffachuu qabu, haala/akkaataa wanti sun jalqaba irra jiru, hojii hojjatame fi xumura hojiitiin booda dhumni wanta sanii haala/boca akkamii fudhate kan jedhu irratti ta'uu qaba.

Kuni immoo jalqaba irratti wanti sun maal akka ta'e gadi buunee beekuu nu barbaachisa: uumaan isaa maali? Wanti adda isa godhu maali? Akkamitti baay'ata yookiin wal-hora? Qabxiilee kana irraa ka'uuni garaa garummaan guddaan jidduu namoota seera ofiin bocatanii fi namoota Muslimaa jidduu jiru kan ifa ta'u. Qorataan amantii hin qabne wanta qabeenyaan wal-qabate qorata, ka'umsa isaa falaasama jiraachuu Rabbii mormu kan waan dhokate hunda falmu irraa ka'a.

Garuu qorataan Islaamaa tokko wantoota tarreessine kana hundaaf wanta isa uumetu (Rabbitu) jira jechuu irraa ka'a.armaan dura yaad-rimeen Rabbii waan hunda uume jedhu damee misoomaa keessatti yaad-rimeewwan bu'uuraa irraa akka ta'e dubbannee jirra. Kana jechuun nama Muslimaa tokko biratti:

Wantoonni kun hunduu waan isa uume qaba, amaloonni wantootaa kun jalqaba akkuma Rabbiin isii ibsetti fudhatamuu qabdi, karaan/tooftaan wantoota kana ittiin misoomsanis wanta Rabbi itti nama ajaje irraa ka'amuu qaba. Rabbiin waan hunda uume, isatu akkaataa uumama wanta sanii fi akkaataa guddina isaa murteessa.

Ilaalcha kana irraa ka'uun: qu'annoon falaasama misooma Islaamawaa kun jalqaba qayyabannoolee Islaamaa kan uumamaan, guddinaan fi dabaltiin walitti hidhame beekuu irraa eegala. Kana booda qu'annoon kun itti fufuun wantoota san Rabbiin yeroo uumu amala akkamii kenneef, wanta san guddisuuf yookiin misoomsuuf Rabbiin karaa/tooftaa akkamii lafa kaaye ka jedhu irratti qu'annoon itti fufa.

Wanti kana irraa ifa nuu ta'u falaasamni misoomaa kun kutaa hundee mul'ata Islaamummaa ta'uu isaati. Gosoonni ibaadaa/gabbara Rabbii gariin hundeelee keeyyatoota Qur'aanaa fi Sunnaa beekuun gosti ibaadaa dalagaa jiruu/dalaguu heduu sun sirrii moo sirrii mitii addaan baafachuu dirqama gooti. Kana beekuudhaaf gaaffilee ijo armaan gadii ni kaafamu:

- Keeyyanni Qura'aanaa fi Sunnaa yookiin yaanni walii gala ulamaa'otaa yookiin wanta biraatiin wal irratti madaaluun (Qiyaasni) dhimma kana irratti dubbatame ni jiraa?
- Qorannoon kun hiika afaanii irratti hundaa'eeti moo bifa bir-qabiinsaatiin al-kallattiidhaan ibsame?

Kana wanti godhameef hiikkaan haasaya tokkoo, dhugummaa fi kijiba ta'uun isaa ga'ee guddaa waan taphatuuf. Ibaadaadhan biraa kan akka haala nama waliin itti jiraatanii immoo qaamni waliin jiraatuu qabu eennu? Bu'aa nama dhuunfaatiifi moo kan hawaasa Muslimaa fiduufi? yaanni jedhu ni ka'a.

Kanaafuu falaasama ibaadaa damee misoomaa irratti, beektonni amaloota uumamni qaban beekuu qabu, akkaataa Rabbiin wanta san guddisuuf karaa godhe beekuu qabu, wanta seera Rabbii gitu yookiin faallessu dalaguun wanta san irratti fooyya'iinsa yookiin jijjiirama inni fidu beekuu qabu.

## Misoomaa Ilaalchisee Yaad-Rimeelee Bu'uura Qur'aanaa

Qabxiilee dabran keessatti yaad-rimeelee ijoo boca Islaamummaa irratti hubaatii/ jijjiirama fidan dubbannee turre. San keessaa akka fakkeenyaatti kan kaafne tokkochummaa Rabbii, abbaan murtii guutumaan guututti Rabbiin qofa ta'uu,

Rabbiin gabbaruu, itti gaafatamummaa dhuunfaa fi namni hunduu gabra Rabbii ta'uu fa'a dubbannee jirra.

Amma madda keenna kan bu'uuraa kan ta'e Qur'aanatti achi dhiyaachuun, keeyyatoota waa'ee misoomaa dubbatan walitti qabnee ergaa isa keessa jiran irraa haa qayyabannu. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَدَاعِيًا إِلَى ٱللَّهِ بِإِذْنِهِۦ وَسِرَاجًا مُّنِيرًا ﴿٤٦﴾ ﴾ الأحزاب: ٤٦

*[Fedhii Rabbiitiin gara Rabbiitti akka (nama) yaamtuu fi (namoota sitti amananiif) ifa balaqqeessa'aa akka taatuuf si ergine] (Al-Ahzaab:46).*

﴿ قُلْ مَن كَانَ عَدُوًّا لِّجِبْرِيلَ فَإِنَّهُۥ نَزَّلَهُۥ عَلَىٰ قَلْبِكَ بِإِذْنِ ٱللَّهِ ﴿٩٧﴾ ﴾ البقرة: ٩٧

*[Warroota Jibriil diina Rabbiiti jedhaniin, inni (Qur'aana kana) fedhii Rabbiitiin si irratti buuse jedhiin (yaa Muhammad) (Al-Baqarah: 97).*

وَمَا كَانَ لِرَسُولٍ أَن يَأْتِيَ بِـَٔايَةٍ إِلَّا بِإِذْنِ ٱللَّهِ ۗ لِكُلِّ أَجَلٍ كِتَابٌ ﴿٣٨﴾ الرعد: ٣٨

*[Hayyama Rabbiitiin ala ergamaan Rabbii mallattoolee (isaan barbaadan) fiduu hin danda'u] (Al-Ra'ad:38).*

﴿ وَمَآ أَرْسَلْنَا مِن رَّسُولٍ إِلَّا لِيُطَاعَ بِإِذْنِ ﴿٦٤﴾النساء: ٦٤

*[Ergamtoota yeroo erginu, hayyama Rabbiitiin akka tole jedhamaniif ergineen] (Annisaa'a:64).*

Keeyyatoonni kunniin bifa ifa galaa ta'een, fedhiin Rabbii bu'uura buufama Qur'aanaa, hundee gama amantii Islaamaatti yaamuu fi bu'uura isa tole jedhuu akka ta'e ibsiti. Wahyiin buufamuun, raajii fi mallattoolee dinqisiisaa ta'an namaaf mirkaneessuun, ergamtoota Rabbii tole jedhuun osoo Rabbiin biraa hayyamamuu baatee silaa fiixa hin bayu ture.Kana

qofaa miti, lubbummaan namaatuu osoo Rabbiin qajeelchuunii baatee hin qajeeltu.

Gama kallattiilee keeyyatoota biraa yoo tarkaanfanne immoo, fakkeenyaaf:

﴿ فِي بُيُوتٍ أَذِنَ ٱللَّهُ أَن تُرۡفَعَ وَيُذۡكَرَ فِيهَا ٱسۡمُهُۥ يُسَبِّحُ لَهُۥ فِيهَا بِٱلۡغُدُوِّ وَٱلۡأٓصَالِ ٣٦ ﴾النور: ٣٦

*[Manneen Rabbiin (Masjida) akka ijaarsi isaa ol fuudhamu fi akka maqaan isaa keessatti dubbatamu ajaje, Rabbiif jecha ganamaa fi galgala keessatti salaatama] (Annuur: 36).*

﴿ قُلۡ أَرَءَيۡتُم مَّآ أَنزَلَ ٱللَّهُ لَكُم مِّن رِّزۡقٖ فَجَعَلۡتُم مِّنۡهُ حَرَامٗا وَحَلَٰلٗا قُلۡ ءَآللَّهُ أَذِنَ لَكُمۡۖ أَمۡ

عَلَى ٱللَّهِ تَفۡتَرُونَ ٥٩ ﴾يونس: ٥٩

*[Jedhiin (yaa ergamaa kiyya Muhammad) hireedhan Rabbiin isiniif buuse kana keessaa garii halaala ofii gootanii isa kaan haraama ofirratti wanti gootaniif Rabbitu isin hayyame moo, kijiba Rabbiin irratti ooftan] (Yuunus: 59).*

Keeyyatoota kana irraa Rabbiin gabbaruun waan inni itti nama ajajee, bifa inni ittiin nama ajajee fi karaa inni nama ajajeen malee akka hin taane argina. Akkasumas wanta tokko halaala godhanii isa kaan haraama godhuun ilma namaa kamiifuu hin hayyamamu yoo hayyama ifa galaa Rabbiin biraa dhufe ragaa godhate malee.

Mee amma immoo keeyyatoota hayyama Rabbii ibsan kana irraa gara garee biraatti haa tarkaanfannu:

﴿ أُحِلَّتۡ لَكُم بَهِيمَةُ ٱلۡأَنۡعَٰمِ إِلَّا مَا يُتۡلَىٰ عَلَيۡكُمۡ ﴿١﴾ ﴾المائدة: ١

*[Horiin kottee duudaa isiniif halaala godhamee jira, waan (haraamummaan isaa) isiniif ibsame amlee] (Al-Maa'idaa: 1).*

﴿ وَأُحِلَّتۡ لَكُمُ ٱلۡأَنۡعَٰمُ إِلَّا مَا يُتۡلَىٰ عَلَيۡكُمۡۖ ﴿٣٠﴾ ﴾الحج: ٣٠

*[Horiin kottee duudaa isiniif halaala godhamee jira, waan (haraamummaan isaa) isiniif ibsame malee] (Al-Hajji:30).*

﴿ وَأَحَلَّ ٱللَّهُ ٱلۡبَيۡعَ وَحَرَّمَ ٱلرِّبَوٰاْ ﴿٢٧٥﴾ ﴾البقرة: ٢٧٥

*[Rabbiin bittaaf gurgurtaa halaala godhee, dhala immoo haraama godhee jira] (Al-Baqarah: 275).*

﴿ كُلُواْ مِن طَيِّبَٰتِ مَا رَزَقۡنَٰكُمۡ وَلَا تَطۡغَوۡاْ فِيهِ فَيَحِلَّ عَلَيۡكُمۡ غَضَبِيۖ ﴿٨١﴾ ﴾طه: ٨١

*[Wantoota gaggaarii nuti isiniif hirre nyaadhaa, quuftanii daangaa hin dabrinaa, akka dallansuun kiyya isin irratti hin buune] (Xaahaa: 81)*

﴿ وَجَعَلُواْ لِلَّهِ مِمَّا ذَرَأَ مِنَ ٱلۡحَرۡثِ وَٱلۡأَنۡعَٰمِ نَصِيبٗا ﴿١٣٦﴾ ﴾الأنعام: ١٣٦

*[Wantoota facaafamanii fi loon irraa Rabbiif qooda keessaa kennan...] (Al-An'aam: 136).*

﴿ وَقَالُواْ هَٰذِهِۦٓ أَنۡعَٰمٞ وَحَرۡثٌ حِجۡرٞ لَّا يَطۡعَمُهَآ إِلَّا مَن نَّشَآءُ بِزَعۡمِهِمۡ وَأَنۡعَٰمٌ حُرِّمَتۡ
ظُهُورُهَا وَأَنۡعَٰمٞ لَّا يَذۡكُرُونَ ٱسۡمَ ٱللَّهِ عَلَيۡهَا ٱفۡتِرَآءً عَلَيۡهِۚ ﴿١٣٨﴾ ﴾الأنعام: ١٣٨

*[Kuni loonii fi ooyruu (facaasaa) nama nuti feene malee ka biraa irraa hin nyaanne jedhu, akka isaan (warri Mushrikootaa) jedhanitti, loon duuydi isii haraama ta'etu jira (kan hin yaabbatamne) fi loon (yeroo gorra'an) maqaan Rabbii*

*itti hin dhayamne/hin dubbatamnetu jira, Rabbiin irratti kijiba/olola oofu] (Al-An'aam: 138).*

﴿ وَقَالُواْ مَا فِي بُطُونِ هَٰذِهِ ٱلۡأَنۡعَٰمِ خَالِصَةٞ لِّذُكُورِنَا وَمُحَرَّمٌ عَلَىٰٓ أَزۡوَٰجِنَاۖ ﴿١٣٩﴾ ﴾الأنعام: ١٣٩

*[(Warri Mushrikootaa) akkana jedhan: wanti garaa loon kanaa keessa jiru dhiira keenna qofaafi, dubartoota keenna irratti haraama ta'a ...] (Al-An'aam: 139).*

Keeyyatoonni kunniin kallattiidhaan gara misoomaatti nu seensifti, sana booda akkaatаa misooma kana itti gaggeessuu qabnu kan kanaan dura dubbanne sanis addaan nuuf baasutti seenti. Barnoota keeyyatoonni Qur'aanaa kun nuuf ibsan akka armaan gadiitti cuunfinee kaayuu ni dandeenna:

1ffaa- wanta Rabbi uume hundattuu fayyadamuu ni dandeenna, kanneen ifatti Rabbiin irraa nu dhoorge malee;

2ffaa- uumama Rabbii kana hayyama isaatiin ala bifa hayyama san faallessuun itti fayyadamuun diddaa mul'isa;

3ffaa- uumama Rabbii kanatti kan fayyadamuu qabnuun bifa murtaa'e tokkoon ta'uu qaba;

4ffaa- uumamni Rabbiin uume kunniin bifa addaatiin uumaman, kanaafuu uumama kana bifa Rabbiin eeyyameen ala itti fayyadamuun nuuf hin malu.

Inumaa wanti Qur'aanni nu yaadachiisu, uumaa Rabbiin uume jijjiiruuf deemuun tattaaffii Sheyxaanni ilma namaa jallisuuf taasisuudha. Kanaafuu wanta sheyxaanni itti nama yaamu/ajaju irraa fagaachuu qabna. Wantoota akka diddaa, jallinaa, badii fi kkf irraa fagaachuu qabna. Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَلَأُضِلَّنَّهُمْ وَلَأُمَنِّيَنَّهُمْ وَلَآمُرَنَّهُمْ فَلَيُبَتِّكُنَّ ءَاذَانَ ٱلْأَنْعَٰمِ ﴿١١٩﴾ النساء: ١١٩

*[Isaan jallisa, hawwii kijibaa isaan hawwisiisa, akka gurra loon isaanii kutan/baqaqsan isaan ajaja (jedha sheyxaanni)] (Annisaa'i: 119).*

Qayyabannoolee bu'uuraa kanniin irraa wanti nuti arginu qayyabannaa Rabbii waan hunda uumeeti.Qayyabannaan kunis wantootaa fi dameewwan misoomaas uumama Rabbii waan ta'aniif akkaataa itti fayyadamuu qabnu nuuf ibsa.Gama biraatiin immoo ga'ee ilmi namaa misooma irratti qabu beekuu barbaanna.Haasaya keenna kan eegalluun yaada kanaan dura barree bira kunne kan uumama hundaaf kan isa uumetu jira jedhu san irraayyi. Rabbiin uumama kana bifa bareeda ta'een uumee jira. Akkasumas uumama kanatti fayyadamuun hayyama isaatii fi akkaataa ajaja isaatiin ala kan hin taane ta'uu nuuf ibsee jira.

Kanaafuu namni kamiyyuu osoo tarkaanfii wayiituu hin tarkaanfanne dursee bifa bareeda Rabbiin uumama ittiin uume kana beekuu qaba. Akkasumas wanta Rabbi itti ajajee fi irraa dhoorges beekuu qaba. Akkataa Rabbiin daangesse saniin ala uumama kanatti fayyadamuun hin ta'u. Rabbiin dalagaa kana ni hayyamaa? Rabbiin uumaa waan fi handhuurfataa waan hundaa ta'e uumama kana bifa kanaan itti fayyadamuu ni hayyamaa? gaaffileen jedhan bal'inaan ka'uun homa jiru.

Gaaffileen kunis, gaaffilee dhimma duniyaa/qabeenya qofaa fi dhimma warroota Rabbi hin jiru jedhanii waakkatan biratti ka'uu miti. Gama ilaalcha/mul'ata amantii Islaamaatiin immoo gaaffileen kunniin gaaffilee bu'uraa uumama kamittuu osoo hin fayyadamne dura gaafatamuu qabaniidha. Akka

ilaalcha amantii Islaamaatti ilmi namaa kun akkanumaan (bu'aa tokkoon ala ) kan uumamee miti.

Amaloota wantootaa fi akkaataa wantoota san itti fayyadamnu beekuun ilma namaatiif yoo dirqama dachii misoomsuu fi dhaaluu isatti kenname bayachuu barbaade wantoota kana beekuun isa irratti dirqama ta'a.wanti kana jenneef bakka bu'ummaan Rabbiin ilma namaatiif dachii kana irratti kenne, bakka bu'ummaa daangeffama hin qabne kan namni uumama Rabbiitti waan fedhe dalaguu miti. kan itti kenname bakka bu'ummaa barreeffamee ragaanis itti ragaa bayeedha.

Dhugummaa kana akka hin daganneef, yaad-rimee biraa kan ijoo ta'een wal-bira qabdee laaluu qabda. Fakkeenyaaf yaad-rimee rabbiif gabra ta'uu jedhu haa fudhannu, asitti bakka bu'aan gabricha Rabbiiti. Bakka bu'ummaa fi gabrummaan kun walitti hidhamee dubbatamuun akka gatii bakka bu'ummaa san bira kunnee of jajnee ajaja gabrummaa kan waadaa gallee fi kan ragaan itti rageeffame san akka hin irraanfanneefi. Rabbiin akkana jedha:

﴿أَلَسْتُ بِرَبِّكُمْ قَالُوا بَلَىٰ ۛ ﴾ الأعراف: ١٧٢

*[Ani Rabbii keessanii miti (jennaaniin), eyyeen (ati Rabbii keenna) ta'uu ragaa baanee jiira (jedhan)] (Al-A'araaf: 172).*

Rabbiif gabra ta'uun kan ifa bayu, ilmi namaa kun dalagaalee hojjatu hunda keessatti Rabbiif jedhee dalaguudha. Wanti kana jenneef hojii hojjataniin Rabbiin gabbaruu ulaagaa dirqamaa kan dalagaan sun sirrii ta'uu isii mirkaneessu waan

ta'eefi. *(Dalagaan kan laalamtu akka abbaan niyyateeni) (Hadiisa kabajamaa).*

Jechi nuti 'ilmi namaa kun gabraa fi bakka bu'aadha, hayyama Rabbiitiin ala uumama kanatti fayyadamuu hin danda'u' jennu kuni ilmi namaa kana godhuuf dirqamaa ta'uu isaa mul'isa. Namni kun hojjatee hiree ofii funaannachuu danda'a, waan argate san namaaf arjoomuu fi arjoomuu dhabuu danda'a, sirraayuu yookiin baduu danda'a. Bakkeen hiree ilma namaa, waa balleessuun yookiin waa sirreessuun isaa kun dhimmootuma nuti misoomaan wal-qabata jennee dabarsine sani.

Kanaafuu yaad-rimeeleen akka qayyabannoo badiin lafa balleessuu, waan gaarii hojjachuu fi jijjiirraa qayyabannoolee qorannoo kana keessatti ga'ee baay'ee ijoo ta'e taphatu. Sababni isaas qayyabannooleen kunniin yaada misoomaa Islaamawaa kan nuti waa'ee isaa dubbataa turre kana waliin hidhannaa guddaa waan qabaniifi.Kanaafuu qayyabannoolee kanniin keessaa isaan muraasa bal'inaan ilaalla.

### 1) Qayyabannoolee Misooma Islaamawaa

✓ **Jijjiiramaa**: Qur'aana kabajamaa keessatti hiikkaan jijjiirraa sadarkaa/haala tokko irraa gara haala irra badaatti geeddaramuudha. Uumama Rabbii keessaa uumaan tokko yeroo jijjiiramu bifa isaa gaarii irraa gara bifa irra gadi aanaatti jijjiirama. Jijjiiramni kun kan uumamu namaa fi sheyxaanni harka keessa naqachuuni. Rabbiin akkanna jedha:

﴿وَلَأٓمُرَنَّهُمۡ فَلَيُغَيِّرُنَّ خَلۡقَ ٱللَّهِۚ ﴾النساء: ١١٩

*[Akka jarri (ilmi namaa) uumaa Rabbii jijjiiran isan ajaja] (jedhe sheyxaanni) (Annisaa: 119).*

Bu'aan ajaja sheyxaana Rabbiin tole jechuu irraa boone ee jechuu nama ajaja isaa hojii irra oolchee fi ajaja hojii irra oolfames gara badaatti geeddara. Ilmi namaa Rabbiin tole jechuu dida, diddaan kun ammo wantoota fokkisaa fida. Wanti asitti qayyabachuu qabnu utubaan jijjiirraa kun dhimmoota misoomaa irraa ta'ee kan bifa wayii qabaatu yoo ta'u, inni kun gocha namni ittiin dhaabbatuudha. Sana booda wanti sun boca haaraya uffatee mul'ata. Ammas kan hubachuu qabnu wantoonni wal-keessa seenuu fi walitti hidhamuun jijjiiramni wanta tokkoo jijjiirama wantoota biraatiif sababa ta'a.

- ✓ **Karaa Irraa Dabuu**: Nama hojii isaa keessatti Rabbiin didu nama karaa irraa dabe. Namni karaa irraa dabe dhimmoota misoomaan wal-qaabatan irratti jijjiirraa fida. Ilama namaa kanatu bifa gaarii wantootaa gara badaatti jijjiire, jijjiiruufis deema. Ilma namaa kanatu dhugaa uumama kanaa gara wanta amala gaarii qabu irraa gara amala fokkisaatti jijjiira.
- ✓ **Badiinsa**: badiin dalagaa namni karaa irraa bade uumama Rabbii irratti hojjate irraa dhufa. Yeroo namni uumama Rabbiin uume kana bifa inni hin ajajiniin itti fayyadamu wanti sun ni bada. Kana jechuun badiin bifa dhumaa jijjiirama irratti dubbanne sani. Rabbiin qulqullaayaan ol-ta'aan wantoota uume kana hundaaf amalaa, bifa waan uumameef san waliin deemu fi waan adda isa godhu waliin uume. Akkasumas yeroo wantoota kanatti fayyadamnu adeemsa ittiin fayyadamuu qabnus nuuf kaaye.

Uumama kanniin wanta silaa isaan uumamaniifiin ala itti fayyadamuun bifa asiin dura jenne saniin qayyabannoolee Islaamummaa jijjiira.Kana jechuun wanta uumameefiin ala itti fayyadamuun sun wanticha bifa bareedaa Rabbiin irratti uume san irraa gara bifa hedduu fokkisaa ta'eetti jijjiira jechuudha. Rabbiin guddaan akkana jedha:

ظَهَرَ ٱلْفَسَادُ فِى ٱلْبَرِّ وَٱلْبَحْرِ بِمَا كَسَبَتْ أَيْدِى ٱلنَّاسِ ﴿٤١﴾ الروم: ٤١

[Badiin badhee fi galaana hunda kan wal gayeen wanta sababa namni dalageetiini…] (Al-Ruum: 41).

Fakkeenya badiiwwan Qur'aanni kabajamaan dubbate keessaa Meexxii (Inaba) farsoof itti fayyadamuu, bishaan faalamuun foolii fi bifti isaa geeddaramuu, horii fi hortee namaa balleessuu fa'a.Badiin wal irratti kuufamuu danda'a akkuma wantoonni fofokkuun wal irratti kuufamanitti.

- ✓ **Haaroomsa/waa tolchuu:** Kan olitti dubbanne kunniin bu'aa dalagaa nama Rabbiin didee yoo ta'u, dalagaan namni Rabbiin tole jedhu wanta/ bu'aa gaaritti nama geessiti. Waa tolchuu jechuun miidhama wanta Rabbi uume irra gayedhabamsiisuu, badii uumama sanitti rakkate irraa baasuu fi sababa diddaa ilma namaatiin fokkinaa fi jibbamiinsa uumaa Rabbii tuqe san irraa balleessuu jechuudha.

Hiika jenne kana keessa uumamni balleeffame gariin sirraayuu hin danda'u jechuu keennaa miti. Miixeenniin akka farsootti qopheeffame yeroo sirreessaa bira kutus, garuu bishaan faalamee booraye irra deebi'amee dhimbiibamee qulqullaayuu ni danda'a. Kanaafuu imalli haaroomsa uumama Rabbiin uumee kun misooma Islaamawaa ta'e kana keessatti hammatamti jechuudha.

- ✓ **Qulqulleessuu**: wanta fokkatee bade tokko irraa fokkinna isaa erga fuudhanii sirreessanii, yookii immoo wanta bifa isaa isa jalqabaa irra jiru tokko harki badii dalagdu yoo tuquu baatee amalaa fi haallan addaa babbareeda ta'e kan inni duraanuu qabu san yoo eeganiif yookii immoo gara karaa sirrii ta'eetti yoo itti fayyadaman; adeemsi kun qulqulleessuu jedhama.

Wanti qulqullaayu sun bifa isaa irratti bareedina dabalata, keessa isaatti immoo (amala fi haalaa isaa kan addaa keessatti) gaarummaa dabalata. Qulqullinni kun misooma Islaamawaa keessatti gama gaarummaa isaa mul'isuudha. Gama biraatiin amallan gaarii fi bifa uumama tokkoo akkuma inni jiru san qofatti tursiisuun immoo misooma Islaamawaadhaaf gama dadhabina isaa mul'isa.

Mee xiinxallaan qayyabannoolee ijoo misooma Islaamawaa ilaali: jalqabumayyuu uumama babbareedaa fi gaggaarii, dalagaalee Rabbiin tola jechuu fa'a argina. Ammas itti deddeebi'uun bifa bareedaa fi amallan gaggaarii argina. Garuu amallanii fi suuraan babbareenni kun wal-horuun, dagaaguu fi baay'atuun eessa jira mee?

Wanti nuti as irratti jennu Rabbiin nama imala isa irraa eeggamu imaleef isaaf gayaadha. Hanqinni qabeenyaa hin jiru, madaala wantootaa irratti korree/ safara dabsuun hin jiru, dhimma misoomaan wal-qabate irratti badii fi karaa sirrii ta'e irraa jallachuunis hin jiru.

Falaasamni ammayyaa kanneen namaan bocaman safuulee garii kan bu'uura misoomaa ta'an irra gayanii jiru. Hayyuunni diinagdee gariin immoo lubbuu ofii gama diinagdee

keessatti qofa haguuguun qabeenya bifa wal-qixa ta'een raabsuu, haaroomsa fiduu fi kkf irratti fuulleffachuun yeroo ammaa kana dhaadannoolee safuudhan garii ibsaniin dhaadatu. Haa ta'u malee hayyoonni kunniin wanti isaan raabsan kun sababa dogongora uumama Rabbiin uume irraa argameetiin akka dhufe hubachuu hin dandeenne.

Hayyoonni Islaamaa gariinis hayyoota ammayyaa kanniin hordofuun safuulee amantii Islaamaatiin wal-gitan irraa fudhanna jedhanii duuka deemaa turan/jiran.Isaan kana hundaan wanti nuti jedhuu barbaannu, hundeen misoomaa wantoota uumama Rabbii ta'an kana irraa badiinsaa fi fokkinna isaan dhaqqabu irraa balleessuudha.

- ✓ **Gaarummaa fi Fokkina:** qayyabannoolee mul'ataa jiran keessaa inni tokko gaarummaa fi fokkina. Rabbiin wantoota uume kana hundaa sirritti bareechee uumuu isaa erga ibsineen booda, akkasumas amalaa fi bifa gaarii irratti erga uumeen booda, madaalli bareedumaa fi gaarummaa wanta sanii bifaa fi amala irratti uumame sanitti dhiyoo ta'uudhaani. Kuni ilaalcha Islaamawaa kan waliigalaa, kan amantiin argamoota, wantootaa fi taateewwaniif qabuudha.

Uumamni wantootaa fi amalli isaanii bareedaa fi filatamaadha, wantootaa fi taateewwan ilmi namaa harka keessa hin naqanne babbareedoo fi kan seera guuttatee fi akka barbaachisummaa isaatiin duraa fi duuba isaa eeggateedha. Ilaalchi akkanaa kun kaka'umsa artii Islaamummaatiif karaa bana, dame kana irratti ajaja Rabbiitii fi wanta inni irraa seere hojitti jijjiira.

## Misooma Islaamawaa: Guduunfaa

Ibsoota dabran irratti hundaa'uun misooma ilaalchisee dhimmi amantii Islaamaa kan bu'uuraa amaloota uumamni Rabbiin uume qaban beekuu, bifa bareeda Rabbiin uumama san irratti uumeen eeguu fi amallan isaanii filatamaa ta'an san isaaniif tiiysuudha. Wantoota/uumama kana misoomsuu yoo barbaanne immoo akka bifaa fi amala isaan uumamaan qabanitti misoomsuu barbaachisa.

Yoo namoonni badii dalagan wantoota kana jijjiiranii balleessan, warroonni sodaa Rabbii qaban wanta san sirreessuu fi qulqulleessuu qabu.Kanaafuu dhimma jiru tokko bifa kanaan kaayuun, qorannooleen artii Islaamummaatiin wal-qabatan fi beekkumsi bareedumaa handhuura dhimma misoomaa ta'a jechuudha.

Afuurri uumama Rabbii kanatti dhimma baatu, lubbuu/afuura kallattii dhimma ofii qofa baafachuu irraa qulqulluu ta'e waan ta'eef wantoota saayinsii ammayyaa keessatti hamma wanta barbaadamuutii ol dabaluu, olkaayatiinsa bira tare, hiree fi sababa argama isaatiif faalkaa baduu fi kkf irraa qulqulluu taati.

Kanatti aansuun qabxiilee itti aanan kana keessatti waa'ee mallaqaa, facaasaa fi Loonii ilaaluuf yaalla. Qabxiileen kunniin dameelee ijoo qorattoonni misoomaa hedduun irratti wal-siman waan ta'eef, mul'anni amantiin Islaamaa misoomaaf qabu kan amaloota wantootaa beekuu fi akkaataa amala isaanii saniin wantoota san guddisuu irratti bu'uureffame kun, qabatama amma jiru keessatti wanta isa dhugoomsan qaba moo hin qabuu isaa ilaalla.

**1- Mallaqa**: dhimma mallaqaa kana irratti tarkaanfiin jalqabaa kan adeemsa keennaan kan filanne waliin deemu, Qur'aana keessa gaaffilee bu'uuraa lamaan kanaaf deebii barbaaduudha. Gaaffileen kunis: amalli addaa kan uumamni mallaqaa qabu maali? Mallaqni kun akkamitti guddata/dabala?

Kana irratti jalqabni wanta sammuu keessatti nu dhufuu "mallaqni mallaqa hin dhalu" isa jedhuudha.Kana jechuun mallaqni uumama hin dhalleedha, kan wal hin horre yookiin hin daballe jechuu keenna. Sababa yeroo dheeraaf tureef qofa yookii bakka wayii yeroo hedduuf kaayameetiin qofa yookii immoo sababa dirhama diinaaraan wal-tuqsiifneef qofa kan baay'atuu miti.

Kana irraa ka'uudhaan adeemsi waliin jireenyaa kan dhugooma dhimma mallaqni mallaqa dhaluu faallessan hundi sirna Islaamaa keessatti haraama ta'an. Wanti mallaqa namaa dharaan nyaachuun badii ta'eef, seeraan ala mallaqa san waan dhuunfateefi (haqa waan hin godhanneefi). Garuu misooma wantootaatiif amala uumama wantoota saniitu fudhatama qaba yoo jenne; gaaffiin as irratti kaafamu, wanta uumamaan hin daballe/hin misoomne (kan akka mallaqaa) misoomsuun akkamitti ta'a?

Amalli uumamaan mallaqni qabu kan akka inni hin guddanne/wal hin horre godhu kun isatu madaala hojii ta'a. Hojii mallaqaa qofa irraa haasayuun bifa/haala uumama mallaqaa irraa ta'uu qaba malee hojii namaa irraa ka'uunii miti. Kanaafuu mallaqa kana bifa inni itti uumame irratti hambisuuf isa hojii irra oolchinee akka bifa uumamaan kenname san irraa

hin bane eeguu qabna. Hojii silaa uumameefiin ala yoo ittiin hojjatame suni badiidha. Dhalli mallaqa amala isaa kan uumamaa irraa baasuun akka wal horu waan godhuuf, mallaqa dhalaan horachuunis badiidha.

Gosa hojii mallaqaa immoo seerri Islaamaa itti fayyadamaa, wal irraa bitaanii walittiin gurguraa malee hin kuusinaa jedhee nuuf ibse. Rabbiin akkana jedha:

﴿وَٱلَّذِينَ يَكۡنِزُونَ ٱلذَّهَبَ وَٱلۡفِضَّةَ وَلَا يُنفِقُونَهَا فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ فَبَشِّرۡهُم
بِعَذَابٍ أَلِيمٖ ٣٤﴾التوبة: ٣٤

*[Warroonni warqee fi meetii ol kaayatanii, karaa Rabbii keessatti hin kennanne ibidda laalessaa ta’een isaan gammachiisi] (Attoowbaa: 34).*

Mallaqa kanatti fayyadamuu fi ittiin wal-bituun garee namoota muraasaa qofaaf hin ta’u:

﴿كَيۡ لَا يَكُونَ دُولَةَۢ بَيۡنَ ٱلۡأَغۡنِيَآءِ مِنكُمۡۚ ٧﴾الحشر: ٧

*[…Akka jidduu dureeyyota keessanii qofatti kuufamee hin hafneefi…] (Al-Hashri:7).*

Adeemsummaan mallaqa kana wal-jiddutti itti fayyadamuutuu bifa murtaa’een ta’uu qaba:

﴿وَأَحَلَّ ٱللَّهُ ٱلۡبَيۡعَ وَحَرَّمَ﴾البقرة: ٢٧٥

*[Rabbiin bittaa fi gurgurtaa halaala isiniif godhee, dhala fayyadamuu immoo haraama godhee jira] (Al-Baqarah: 275).*

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَأۡكُلُوٓاْ أَمۡوَٰلَكُم بَيۡنَكُم بِٱلۡبَٰطِلِ إِلَّآ أَن تَكُونَ تِجَٰرَةً
عَن تَرَاضٖ مِّنكُمۡ﴾النساء: ٢٩

*[Yaa warra Rabbitti amantan hoo! Mallaqa keessan dharaan wal-irraa hin nyaatinaa, yoo bifa walii galtee qabdaniin daldala gootan ta'e malee…] (Annisaa'i: 29)*

Mallaqa kana irraa haga tokko karaa Rabbii keessatti kennachuu qabna:

وَٱلَّذِينَ فِيٓ أَمۡوَٰلِهِمۡ حَقّٞ مَّعۡلُومٞ ﴿٢٤﴾ لِّلسَّآئِلِ وَٱلۡمَحۡرُومِ ﴿٢٥﴾ المعارج: ٢٤ ــ ٢٥

*[Isaan warroota qabeenya isaanii irraa zakaa baasanii kadhataa fi rakkataaf kennaniidha] (Al-Ma'aarij: 24-25).*

***2-*** **Facaasaa**: facaasaan uumama Rabbii kan wal-horuu fi baay'atuudha. Facaasaa kanaan wal-qabatee dhimmi keenna hagam takka sirraaya? Dhimmi kun namootaaf ifatti galeefii jiraa? Moo misoomni facaasaa kun bifa amma nuti itti jirru kanaan hin raawwatu laata? Hayyuun guddaan *Ibnu Teeymiyyaa* jedhaman kitaaba isaanii *Al-Fataawaa* jedhamu, kutaa 3ffaa, fuula 285 keessatti akkana jedhan: "haaluma kanaan beekaa Madiinaa kan ta'e, sahaabaan kabajamaan Zeeydi Ibnu Saabit jedhamu Rabbi isa irraa haa jaalatuu akkan ajedhee odeesse: gadaa ergamaa Rabbii (nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) keessa namoonni midhaan wal irraa bitatu, yeroo hoongeen ummata hubdee yeroon waa walii kaffalan dhiyaate, namicha (liqiin) waa bitate akkana jedha: midhaan kana balaan tuqee, dhukkubnis argateenii, osoo hin bilchaatin qoolli irraa harca'e jechuun raga dhiyeeffata. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) wal himannaan isaanitti baay'atee jennaan akkana jedhaniin: Rabbitti isinii kakadhee hanga midhaan isin wal irraa bittan kun bilchaatee firii godhatutti wal irraa hin bittan jedhaniin.

*Kaarijaa bin Zeeydi* namni jedhamu akkana jedhe: Zeeydi midhaan lafa isaa irra jiru hanga urjiin baatee sanyiin diimaan isa daalacha/dheedhii irraa addaan bayutti hin gurguru. Bukaaritu odeesse. Abuu Daawuud jecha mormiin itti baay'annaan jedhu irratti yaada kennuun, sababaan ergamaan Rabbii (nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) san irraa nama dhoorganiif sababa wal-himannaa fi wal-mormiin namni wal irratti kaasan baay'atteefi.

Ergamaan Rabbii hanga bilchinni firii isaa mul'atutti midhaan gurguruu irraa dhoorguun isaanii hadiisa Ibnu Abbaas, Jaabir fi Anas kitaaba Sahiiha lamaan keessatti odeessanii fi Hadiisa Abuu Hureeyraan kitaaba Muslimiin keessatti odeesse keessatti ifa godhamee jira. Kitaaba *Sahiiheeyni* keessatti Anas irraa odeeffamee, ergamaan Rabbii (nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) firii/midhaan hanga inni bilchaatutti gurguruu dhoorgan jedhe, bilchaachuu jechuun maali jennaan: hanga diimatutti yookiin booratutti jedhaniin. Ergamaan Rabbii akkana jedhan: "osoo Rabbiin midhaan kana akka inni firii hin godhanne dhoorgee mallaqa obboleessa keessanii akkamitti fudhattan?"

Ibsi kun jecha ergamaaRabbiitis ta'u yookii kan Anasis ta'u gocha gurgurtaa gowwoomsaa san keessa karaa dhara ta'een mallaqa namaa nyaachuun akka jiru mul'isa.Osoo waa bakka hin buufne walii galtee waa bakka buusuu uume waan ta'eefi.Badiin gurgurtaan nama gowwoomsuu kun fidu diinummaa, wal-jibbiinsa fi dharaan qabeenya namaa nyaatuudha. Wanti beekkamaan badiin kun yoo bu'aan irra caaltu kan isa faallessitu taate dursi bu'aa kanaaf kennama.

*Ibnu Teeymiyyaan* bu'uura *Ibnu Maalik* fi *Ahmad* irraa ka'uun bu'aa bitataa fi gurguratаa malee kan biraa hin ilaalu. Kaayyoon bu'uura qorannoo kanaa hiikkaa bal'aa bu'aa yookiin kallattii bu'aan ittiin ilaalamuu qabu beekuu irra gayuufii miti.wanti ibsuu barbaanne dhugummaan midhaan bilchinna/firii isaa hin mul'ifne jedhu sun haga tokko waan dhiifte/dagatte qabdi. Innis midhaan/firiin bilchinna isaa hin mul'isin kun guddina isaa hin xumuranne yookiin xumurutti hin dhiyaanne jechuudha.

Miidhaan, wal-gowwoomsuu fi wal-falmiin nama jiddutti uumamu kun biqiltuu yookiin midhaan saniif haala uumama isaa eeguufii dhabuu keenna nu beeksisuu qaba tureeyyu. Uumama midhaan /firii irraa tokko balaa uumamaatiin hubamuu isaati amala balaaf saaxilamuu firii/midhaanii kana akkamitti hirreega keessa galchuu dhabnee bira kunne?

Hayyuun *Ibnu Teeymiyyaa* jedhaman balaa fi dhukkubni midhaan/firiilee kanneen tuqan amaluma midhaan sanii ta'uu hubatanii ibsi Hadiisni armaan olii godhe sunis balaadhan uumamaa kan namni midhaan ni huba jedhee eegu saniin alaa akka hin ta'inis irra gayanii jiru Jecha isaanii kana fuula 287 irra, kitaaba Al-Fataawaa ilaali.

Wanta barbaadame midhaan/firii balaadhan tasaa irraa nagaya baasuu miti.kuni furmaata hin qabu. Tariitii wanti Rabbi Qur'aana isaa keessatti warra ooyruu irraa dubbate sun isa tuquun ni mala:

﴿ إِنَّا بَلَوْنَٰهُمْ كَمَا بَلَوْنَآ أَصْحَٰبَ ٱلْجَنَّةِ إِذْ أَقْسَمُوا۟ لَيَصْرِمُنَّهَا مُصْبِحِينَ ﴿١٧﴾ وَلَا يَسْتَثْنُونَ ﴿١٨﴾ ﴾ القلم: ١٧ ــ ١٨

*[Nuti isaan qormaannee jirra (warra Makkaa) akkuma warroota ooyruu qaban qormaannetti, walitti kakatanii ganamaan itti baanee haamanna jedhanii (walii galan), garuu yoo Rabbi jedhe/fedhe hin jenne] (Al-Qalam: 17-18).*

*Ammas Rabbiin akkana jedha:*

﴿ حَتَّىٰٓ إِذَآ أَخَذَتِ ٱلْأَرْضُ زُخْرُفَهَا وَٱزَّيَّنَتْ وَظَنَّ أَهْلُهَآ أَنَّهُمْ قَٰدِرُونَ عَلَيْهَآ

أَتَىٰهَآ أَمْرُنَا لَيْلًا أَوْ نَهَارًا فَجَعَلْنَٰهَا حَصِيدًا كَأَن لَّمْ تَغْنَ بِٱلْأَمْسِ ﴾ يونس: ٢٤

*[Yeroo bareedinni dachii isaanii tolee (ooyruu midhaan isaa tole) bareedee, abbootiin lafa kanaa haamachuu fi irraa fayyadamuu ni dandeenna jedhanii (yeroo isaan murteessanitti), ajajni keenna halkan yookiin guyyaa itti dhufuun (wanta ooyruu san keessa jirru) haamamaa akka waan inni kaleessa (ooyruu) san irra hin turinii isa goone]*

*(Yuunis: 24).*

Kanaafuu, wanti beekamuun barbaachisu rakkinoonni yookiin balaawwan yeroo mara deddeebi’anii mul’atan hanbisuudha.Amaloota Rabbiin biqiltuu/firii kana ittiin uume wallaaluun gara miidhaatti geessa. Miidhaan kunis nama bitatu yookiin gurguru qabachuu danda’a. kana jechuun seera Rabbiin uumama hawaa keessa jiran kana hunda itti uume eeguu dhabuun miidhaa, wal-falmii fi fofottoqiinsa jidduu namaatti uuma.

Garuu barbaachisummaan amallan firiiwwanii fi facaasaan qabanii osoo hin turre beekkama. Qorannooleen waa’ee gurgurtaa wanta lafa jalatti awwaalame gurgurachuun ni

gayaa jettee gaafachuuf hin turre. Ragaa warroota gurguruun ni gaya jedhanii yeroo ilaallu, barbaachisummaa amallan firiiwwanii fi facaasaa kanaa beekuutti fuulleffachuu isaanii agarra.

Hayyuun Ibnu Teeymiyyaan (fuula 281 irratti) akkana jedhan: lammaffaan akka mazhaba Maalikitti guutumatti gurguruun ni gaya. Jechi kun bu'uura Ahmadii fi nama biraa irratti gama lamaan qiyaasa godhameeti:

**1ffaan-** warroonni muxannoo qaban bareeduma wanta awwaalame kanaa isa gubbaan mul'atuu kanaan alatti argan, isa kana akka namni tokko yoo fuula ofii arge beekutti beeku.Maddi beekkumsa kanaa warroota muxannoo qaban keessaa namoota gaggaarii ta'aniidha. Namoonni kunis akkuma wanta biraa beekanitti wanta awwaalame kana ni beekna jechuun raggaasisu. Kana irraa ka'uun Muslimoonni wanta awwaalame kana gurguruun ni gaya yaada jedhu irratti walii galan.

Ibsi gurgurtaa kan irratti hundaa'u, dhugaa firii/midhaan sanii sirritti beekuuni. Yoo kana sirritti hin beekin ragaan jiraachuu hin danda'u.mee amma koottuutii fatwaadhan beektonni/ulamaa'onni Islaamaa godhan ilaali. Amaloonni firiiwwan/ midhaanii fi haalli uumama isaanii murtii tokko kennuudhaaf sababa guddaa akka ta'an fatwaa beektota Islaamaa kana irraa argauun ni danda'ama. Ibnu Teeymiyyaan wanta awwaalame gurguruun ni ta'a yaada jedhu itti fufuun akkana jedhe:

**2ffaa-** kuni akka namni wanta san gurguratu itti hajamuun wal-qabata waan ta'eefi. Yoma buqisu maleeyyuu

kan hin gurgurin ta'e kuni warroota isa qabu irratti miidhaa fida. Tariitii kallattiidhaan buqqisutti fuulleffachuun ulfaachuun isaa ni mala. Yoo guutumatti ka kutan ta'e ni bada. Inni dachii irratti hafuun akka fakkeenya lawuzii fi Joozii qoola isaa magariisa keessatti hafteeti. …

Ammas akka walii gala Ulamaa'otaatti yoo firiin gariin muka tokko irra jiru bilchaate firiidhan hafan hundayyuu gurguruun ni gaya, osoo reef bilchaatuttu jiras ta'ee. Sababaan isaan isa kana irratti qiyaasuuf hin gayu jedhanii dhiyeeffatan isa kana muka tokko irraa adda baasuun gurguruun hin danda'amu jedhan. Yoo gur'uun mukaa tokko walii gurguruuf walii galame guyyaa tokko keessatti walitti makamti. Sababni isaas gur'uun sun guyyuma tokkotti bifa boora deebiti waan ta'eefi.

Riwaayayaan/oduun Ahmad irraa odeeffamtes waa lama irratti waldhabdee jirti. Ooyruu wayii keessaa firiin gariin yoo bilchaate, guutuu firii ooyruu sanii qofatu gurgurama moo isa bilchaate qofatu keessaa gurguramuu qaba jechuu irratti yaada lamatu jira: yaada lamaan san keessaa irra beekkamaan isa bilchaateen ala inni biraa hin gurguramu kan jedhuudha. Kuni filannoo hiriyyoota Ahmad kan akka Abuu Bakrii fi Ibnu Baaqilaa fa'a.

Yaanni lammataa immoo bilchinni firii gariidhaa bilchina ooyruu guutuuti jedha.Kuni filannoo hiriyyoota Ahmad hedduuti, isaan keessaa Abu Haamid, Al-Qaadii fi warroota isaan lamaan boodaan dhufan. Oduu kana keessatti kan dhufe: yoo ooyruu tokko keessa gariin bilchaatee gariin bilchaachuu dhabe; yoo wanni ooyruu keessa jiru garri caalu

bilchaate hundinuu ni gurgurama. Kuni jecha Al-Qaadaa, Ibnu Hakiim, Abu Al-Barakaat fi isan birooti.

Beektonni gariin immoo bilchinni hedduun fi muraasnis tokkoma jedhu.Kan Akka Abu Al-Kaxxaabi fi garee isaati.Kuni jecha Maalik, Ashaafi'ii fi Alleeysiiti. Imaamu Maalik itti dabaluun akkana jedhe: turungoo isa maddii jiruufis bilchina ta'a jedhe. Garuu jarri kun kan irratti wal-dhaban: fakkeenyaaf gosti timiraa Barnii jedhamu bilchaatuun isaa gosoota Timiraa hafaniif bilchina ni ta'aa? Kana irratti Mazhaba Imaamu Ahmadii fi Ashaafi'iittu yaada lama irratti jira. Yaanni tokko hin gayu kan jedhuudha- kuni jecha Al-Qaadii, Ibnu Aqiil fi Abu Muhammadi.

Yaanni lammataa immoo ni gaya warra jedhuudha, isaan keessaa Ibnu Al-Kaxxaabi. Alleeysi yaada jara kanaa irratti dabaluun akkana jedhe: gosti gariin kan akka Appilii fi Loowzii bilchaatuun gosoota firii hundaafuu bilchina ta'a jedhe. Warroonni ni gaya jedhan ragaan isaanii'; rakkinatu sanitti nama oofa, garii isaa gurguranii isa kaan hanbisuun akka harki waldhabu godha, akkasumas wal-qixa hirmaachuu garee fayyadamtootaas sirritti hin eegu jedhu.

Kuni yaada warra ooyruu tokkoo fi ooyruu lama addaan fooyee laaleeti.Warroonni ooyruu lamaanuu walfakkeessanii ilaalan; yaanni isaanii dhibee/rakkina irraa nagaya bayuudha jedhu. Nageenyummaan kunis kan argamu firiin sun bilchaachuudhaani jedhu. Warroonni yaada kana morman immoo jecha ergamaa Rabbiitti "…hanga bilchaatutti" jedhutti gargaarsifatanii, kuni firiin hunduu bilchaachuu mul'isa jedhan.

Ergaan mazhaboota kanaas, ooyruu gosa midhaanii/firii tokkoo qabdu sababa gariin isaa bilchaateef jecha hundayyuu gurguruun ni ta'a warri jedhan kan isaan irratti qiyaasa godhatan gurgurtaa waan nyaataaf ol-kaayatamu, kan yoo gariin isaa bilchaate hundayyuu gurguruun gayuuti. Maaliif jennaan dirqamatu kanatti nama oofa jedhan. Gurgurtaa irratti muka mukaan addaan baasutu irra salphaadha, firiidhaan addaan baasuu caalaa.

Yaaddan hayyoonni dhiyeessan kana fakkaata. Yaanni dhiyaate kun hunduu akkaataa uumama gosa firii/midhaan saniitiin wal-qabateeti. Yeroo sanitti beekkumsi dhimma sanyii tokkoo isa saayinsiin yeroo ammaa irra gayee gadis ta'u. Hayyoonni fi fuqahaa'onni sonoota walii galaa eega beekaniin booda, fatwaan isaan kennuu qaban amala firii/midhaan sanii, bilchinna isaa, mallattoolee bilchaachuun isaa ittiin beekkamu, tolina isaa, balaadhan isa tuqanii fi yoom akka isa tuqan dursanii beekuu akka qaban irra gayan.

Ragaa kanaaf xumura isaa beekuu yoo barbaadde, yaada Imaamu Ashaafi'iin kitaaba isaanii Al-Risaalaa keessatti fuula 547 irratti dubbatan dubbisi. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi rahmanni isaan irratti haa bu'u) firii firiidhaan gurguruu dhoorganii jiran, kan wal-fakkaatu isa wal-fakkaatuun yoo ta'e malee, gosa timiraa jiidhaa firii biraatiin yoo jijjiirre hoo ta'aa? Jennaan; timirri jiidhaan sun yeroo goge ulfinni isaa ni hir'ataa? Jedhanii gaafatan, eyyeen ni hir'ata jennaan, gurguruun hin ta'u jedhanii deebisan.

Xumurri nuti boqonnaa kanaaf dhiyeessinu, ragaa Imaamu Ashaafi'ii qayyabachuuf yaalii taassisuudha. Tariitii

jecha ergamaa Rabbii ka (warqeen warqeen, timirri timiraan, garbuun garbuun, qamadiin qamadiin yoo wal bitame; harkaa fi harkatti walii kennuun, kan walfakkaatu isa walfakkaatuun wal jijjiiruu) jedhu irratti hundaa'uun yaada Ashaafi'ii irra deebinee ilaaluudha.

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi rahmanni isaan irratti haa bu'u*) gosoota kana keessatti wanta namni nyaatu kana bifa safartiitiin yeroo dubbatan hiika lama qaba: inni duraa nyaata san keessaa wanta isa fakkaatuun gurguramuu/bitamuu tokko harka irratti kaffalamuun inni kuun immoo bifa liqiitiin ta'uudha. Yaanni lammataa immoo gosoota dubbataman kana keessaa yeroo walirraa bitatan isa tokko irratti dabaluun isa kaan caalchisanii harkaa fi harkatti wal irraa bitachuudha.Kuni immoo haraama ta'a, sababa caalchisee kenneef.

Yaanni kun cufuma wanta madaalaan gurguramuu kan nyaatamuu fi dhugamus qixxisa. Yeroo hedduu nyaanni hiikuma dhugaatiin fudhata waan ta'eefi. Dhugaatiinis yookiin nyaannis ilmuma namaatiifi, yookii nyaataaf oola, yookii nyaataa fi dhugaatii waliin qabata.Gosoota nyaataa armaan olitti tarreeffame kana namoonni baay'inaan waan itti fayyadamaniif madaalaan gurguruu eegalan. Si'a itti fayyadamni baay'atu kana safara caalaa madaalatu irra bareeda. Fakkeenyaaf damma, dhadhaa, zeeyta, sukkaraa fi kkf wantoota nyaatamanii fi dhugaman kan madaalaan gurguraman keessaa isaan muraasa.

Yoo namni wayii: wanti madaalaan gurguramu, madaala warqee fi Silvarii irratti qiyaasa godhuun, madaala madaala

waliin qiyaasa godhuun madaala safara waliin qiyaasa godhuu caalaa yoo nuun jedhe;

Akkana jennaan: yoo Rabbi fedhe; madaala madaalaan walitti qiyaasuu wanni nu dhoorge, madaalli sirriin wanta tokko isa biraa irratti yoo qiyaasa goote murtima isa tokkoof kennite isa kaaniifis kennuudha. Dammaa fi Dhadhaa yoo dirhamaa fi diinaara irratti qiyaasa goote waan gosti jaraa tokko ta'eef isa tokko isa kaan caalchisuu haraama gootee jirta jechuudha. Si'a kana dirhamaa fi diinaaraan dammaa fi dhadhaa liqiin bituun ni gayaa?

Yoo inni waan Muslimoonni ni gaya jedhan atis ni gaya/ni ta'a jechuu qabda jedhe;

Akkana jennaan: yoo Rabbi fedhe; maarree ni gaya jedhanii Muslimoonni murteessuu santu isa kana isa kaan irratti qiyaasuu dhabutti na qajeelche jennaan. Osoo wal-irratti qiyaasa godhama ta'ee silaa murtii wal-fakkaataa fudhata tureeyyu.Kanaafuu liqiin osoo hin taane harkaa fi harkatti walirraa bitachutu hayyamama; akkuma diinaara dirhamaan wal-irraa bituun harkaan harkatti ta'uu qabutti.

Yoo inni yeroo safara irratti qiyaasa gootu murtii wal-fakkaataa waan kenniteef sitti fakkaataa? jedhee gaafate;

Akkana jennaan: eyyeen, gonkumaa homa kamiyyuu irratti addaan hin fooyu.

Yoo inni akkana nuun jedhe: Qamadii kooboo tokkoo amma harka irratti kennitee zeeyta litira sadii kan fuul-dura siif kennamuun wal-jijjiiruun hin gayuu? Yoo nuun jedhe;

Akkana jennaan: Eyyeen, wal-jijjiiruun hin gayu. Wanta nyaatamu yookiin dhugamu kamiyyuu wanta gosa isa fakkaatu hin ta'iniin bifa liqiitiin wal jijjiiruun hin ta'u.

Kanaafuu murtiin waan nyaatamu kan safaramuuf kennamu, murtii waan nyaatamu kan madaalaan gurguramuuf kennamuutiin wal-fakkaataa ta'a jechuudhaa? yoo jedhe;

Akkana jedhaan: wanti mataan isaatuu haraama ta'e wanti nyaatamu isa irratti qiyaasa hin godhamu, sababni isaa hiika tokko hin qaban waan ta'eefi. Nyaanni safaramu kan matama isaatiifuu haraama ta'e, homa akka isaa haraama ta'etu kan madaalamu yookiin safaramutu isa irratti qiyaasa godhama, sababa hiika tokko qabaniif jecha.[17]

Dirhamaa fi diinaara addaan haa baasuu barbaaddaa? yoo naan jedhe;

Akkana jedhaan: beektota Islaamaa keessaa dirhamaa fi diinaaraan nyaata madaalamaa yookiin safaramaa liqiidhaan wal-irraa fudhachuu nama dhoorge argee hin beeku. Inni kun garuu dirhama diinaaraan bifa liqiitiin wal-jijjiiruun hin ta'u.

Ani osoo albuuda wayii qabaadhee, haqa isaa (zakaa) irraa baasee sana booda warqeen yookiin meettiin sun waggaa hedduuf osoo na bira turee, dhuma waggaa hundaa irrattuu zakaa irraa baasuun narratti dirqama ta'a. Garuu osoo lafa kiyya irraa midhaan haamee tokko kurnaffaa isaa zakaa irraa baasee, sana booda waggaa hedduuf na bira turee lamuu zakaa biraa

[17]- Fakkeenyi kanaa, foon karkarroo yookiin Inabni farsotti jijjiirame haraama waan ta'eef, isa haraamaa kana gosa nyaata halaalaa kan madaalamu yookiin safaramuun wal irratti qiyaasa godhuun hin danda'amu.(yaada nama hiikee).

irraa hin baasu. Nama wayiitiif wanta wayii kan dirhamaan yookiin diinaaraan madaalamu wayii osoo ergiseefii, dirhamaa fi diinaarri kun sharafa wantoota hundaa waan ta'eef ni gaya, garuu kan bakka hin buune gumaa qofa.[18]

Kana irraa wanti jalqaba hubatamu: Ashaafi'iin (Rabbi Rahmata isaa haa godhu) jecha hanqina (scarcity) yeroo ammayyaa sirna diinagdee keessatti fayyadamamu kana itti fayyadamee jira. Isa kanas jecha isaa (namoonni kan irratti walfixan arge, sababa hanqina qabaachuu isaatiin…) jedhu irraa arguu dandeenna. Garuu jechi kun eega namoonni itti fayyadamuu eegalaniin booda jidduu safaraa fi madaalaa ittiin qiyaasuuf dhimma itti bayame malee ga'ee ijoo isa irraa eeggamu kan Ashaafi'iin itti fedhe saniif itti hin fayyadamamne.

Kanaafuu kana asumatti dhaabuun, waan silaa Ashaafi'iin itti dhimmametti haa dhimmamnu.Inni sunis; dhugaatiin bifa nyaataa fi madaalliitiin, bifa safaraatiin caalaa gara wanta silaa namni irratti wal-fixuu (sabab hanqina qabaachuu isaatiin wal-saamuu) sanitti irra dhiyaata.

Kanaafuu Dammi, Dhadhaan, Zeeytaa fi Sukkaarri murtii fi hiikuma Garbuu, Qamadii fi Timiraa fudhata jechuudha,dirhamaa fi diinaaraan wali irratti qiyaasa hin godhamu. Hadiisni armaan olitti dubbanne warqeen timira, garbuu fi qamadii wal maddii dubbatamus murtiin isaa adda ta'a jechuudha.

---

[18]- gatiin gumaa Gaala yookiin Loon hagana jedhamee dursa waan daangeffamee jiruufi. (yaada nama hiikee).

Garuu Ashaafi'iin nyaataa fi dhugaatii filachuun isaatu warqee garee irratti qiyaasa godhuu keessaa baase. Gadi buunee yoo ilaalle immoo hiikni timira, garbuu fi qamadii keessa jiru gosti nyaataa kunniin firiiwwan muka isaanii irraa muramanii, sana booda immoo baay'achuu fi wal-horuu dhaabaniidha. Damma, dhadhaa, zeeytaa fi sukkarris hiikuma kana fudhatu, gosoonni kun wanta baafamu kan uumamumaan kallattiin hin guddanneedha, lubbuu waan hin qabneef jechuu keenna. Hiikni dhumaa kun warqees of keessatti hammata.

Kanaafuu gosoonni armaan olitti tarreessine kun hundinuu gosa isaan walfakkaatuun wal-irraa kan bitamu/gurguramu wal-fakkaataa wa-fakkaataan fi harkaa fi harkatti yoo wal-jijjiiran qofa. Kuni immoo seera walii galaa kan uumamni hunduu amalaa fi haala mataa isaanii qabu, amalaa fi haala isaanii kanaan ala hin dabalan, hin dagaagan yaada jedhu sanitti nu geessa.

Akkuma wahyiin dalagaa warqee nuu daangessee ibsetti, isumatu dalagaa garbuu, qamadii, timiraa, zeeytaa, sukkaraa fi kkf nuuf murteessa.Kuni immoo dalagaan wanta dagaagina dhaabee tokko isa gonkumaa hin dagaagneen tokko ta'uu dirqama hin godhu. Akkasumas haalaa fi amalli wanta dagaaguu tokko amala wanta biraa kan dagaaguutiin adda ta'uu danda'a.

Wantoonni gariin gosa tokko ta'anii hojii walfakkaataa tokko yoo qabaatanii (akka qamadii fi dhadhaa) yoo ta'an, jara lamaan bifa liqiitiin wal-jijjiiruun hin ta'u.yoo gosti hojii wantootaa gar-gar ta'e (akka fakkeenyaaf warqee fi dhadhaa yoo ta'e), liqii fi harkaaf harkattis wal-jijjiiruun ni danda'ama.

Kanaafuu jechi imaamu Ashaafi'ii akka nyaataa fi dhugaatii gosa hojii tokko qabaniitti qayyabatamuu qaba.

Qorannoon Ashaafi'ii wanta warqee fi wantoota biraa addaan baasuu irratti xiyyeeffata. Nuti akka Imaam Ashaafi'iin jedhe san jecha isaa kan "dirhamaa fi diinaara bifa liqiitiin wal irraa fudhachuun/ wal-jijjiiruun haraama, wanti nyaatamu kamiyyuu isii irratti qiyaasa godhamuu hin qabu" jedhu san qofa irratti hin dhaabannu.

**3-** Loon (Horii): loon ni hora ni baay'ata. Kanaafuu Re'ee fi Hoolaa harkaa fi harkatti Hoolaa fi Re'ee ulfa qabdu waliin liqiidhaan wal-jijjiiruun ni danda'amaa? Kuni hin gayu. Maaliifi? yoo jenne, nuti yeroo sanitti ulfi sun ni dhalata moo hin dhalatuu, yookii osoo hin dhalin dursitee duutii, yookii ilmoon isiin dhalte sun ni guddattii murteessuu waan hin dandenneefi.

Osoo ulaagaaleen amma tarreessine kun wanta jala sararanii murteessuun dandaamu ta'ee, silaa deebiin keenna eyyeen, wal-jijjiiruun ni gaya yaada jedhu ta'a. Garuu ulaagaaleen kunniin, uumamaa fi amala loonii kana waliin hin deemu (du'uu fi dhaluu dhabuu).Murtiileen fuqahaa'otaa dhimmoota akkanaa kana irratti wabii fudhatuu fi dhabuus kanuma fakkaata.

*Ibnu Teeymiyyaan (Rabbi isaanii haa araaramu)*, kitaaba Fataawaa, qabee 3ffaa keessatti, fuula 288 irratti akkana jedhan: "kitaaba Sahiiha Muslim, Abii Raafi'i irraa odeessee, Ergamaan Rabbii (nagayaa fi ramanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) namicha wayii irraa Korma Gaalaa liqeeffatan. Jidduma kana Gaallan sadaqaa isaanitti kennamte.Yeroo kana

Rasuulli Abaa Raafi'iin namicha saniif korma isaa deebisiif jedhaniin. Abu Raafi'i Rasuulatti as deebi'ee kan qaarriffaa baafte malee hin argine jedheen. Isaanis "isima san kenniif, nama irra gaarii jechuun kan yeroo waan liqeeffate deebisu bareechee/caalchisee deebise" jedhaniin.

Hadiisa kana irraa wanti barannu, wanta hin safarmnee fi hin madaalamne kan akka looniis liqeeffachuun ni gaya jechuu baranna. Beektonni *Hijaazii* fi *Hadiisaas* yaada kana ni deeggaru. Garuu *Kuufiyyoota* biratti hin hayyamamu, sababni isaan dhiyeeffatan; wanti liqeeffatame fakkaatama isaatiin kaffalamuu qaba waan ta'eef, loon immoo fakkaataa hin qabu jedhu.Mazhaba Imaamu Ahmad keessatti immoo gatiin kaffalamuu akka qabu ibsa.kuni immoo walii galtee tokko keessatti haga tokko walitti dhiyeessuu fi wal-fakkeessuun akka jiru ibsa. Malee horii tokko liqii nama irraa fuunee loon biraa kan isuma fakkaatu isaaf deebisuun baay'ee ulfaata.

### a) Ergaalee Misooma Islaamummaa

Misoomni Islaamawaa kun ergaan isaas akkuma barbaachisummaa isaatti: barnoota addaa kan waa'ee uumama Rabbiin uumee fi amaloota isaa beekuu irratti fuulleffata. Adeemsi kun karaa uumaa Rabbii kana ittiin tiiysinu, karaa gara fuul-duraatti ittiin tarkaanfannu, karaa haaroomsaa fi qulqullinaa, fi karaa safuulee Islaamaa kana hundee isaa ittiin cimsinu waan ta'eefi. Misoomni Islaamawaan kun hirreega kabajaa fi ulfina namaa dhabuu irratti fiixa hin baane, hin bayanis.

kabajaan namaa, ulfinni isaatii fi bilisummaan isaa lubbuu nama

sanii bareechiti, barbaachisummaa bareeduma, gaarummaa fi qulqullinaa akka qayyabatu gooti.wantoota jibbamaa fi fofokkotaa irraa akka fagaatu gargaartiin. Kanaafuu misoomni ummata irraa mirga isaa sarbanii, karaa seera Rabbii faallessuun fiixa bayu kamiyyuu hin jiru.

Ergaalee misooma Islaamawaa keessaa inni biraa namni hiree ofii irraa wanta gaarii fi halaala ta’e horachuudha. Gama duraa duuba wantootaa eeguutiin, tarii wantoota bu’uuraa guuttachuun dursee dhufa. Kanuma waliinuu, haalaa fi amala uumama Rabbiin uumee eeguun matumti isaatuu dirree misoomaa keessatti akka ibaadaatti ilaallama.Innis maali yoo jenne, bareeduma isaa eeguu, gaarummaa fi qulqullina namaa fi wantoonni qaban eeguu, amala beekkumsa dabalachuu fi safuulee gaggaarii ta’an hawaasa keessatti hundee isii lafa qabsiisuu fa’a of keessatti hammata.

Handhuurri misoomaa uumama Rabbiin uume ta’a.uumama kana keessaa inni ijoon ilma namaa kan safuulee gaggaarii jaalatu, kan bareeduma, wanta halaala ta’e fi hiree keessaa isa gaarii filatuudha. Bareedumaa fi safuulee gaggaarii kana si’a filatu Rabbin gabbaruuf jecha, akka uumamee fi waan dalagu hundaa isaaf jecha qulqulleessee dalaguu akka qabu niyyachuu qaba.

Wanti ilmi namaa kun bakkee fi sadarkaa kana hunda kennameef, inni sababa jalqaba badiinsa dachee kanaa waan ta’eefi, ammas haaroomsaa fi sirreeffama misooma Islaamawaa hunda irraa kan fayyadamu isa waan ta’eefi, ammas namni kun uumama jiru hunda keessaa jijjiirama fiduuf onnatee kan socho’u waan ta’eeefi, ilmi namaa kun hojii hojjatu hunda irratti

gaafa guyyaa dhumaa mindeeffamuuf imala irra jira waan ta'eefi.

### b) Tooftaa Misooma Islaamawaa

Tooftaan misooma Islaamawaa mirkaneessuu kun ergaa Islaamummaatiin dirqama wal-simachuu qaba. Kanaan dura amaloota qindoomina Islaamummaan qabuu kana ilaallee turre. Isaan keessaa: wal-qixxummaa fi madaalamummaan isaan tokko. Misoomni kun dameelee ibaadaa irraa waan ta'eef, guyyaa qiyaamaa wanta ittiin gammadan yookiin sheena'an waan ta'eef, nama dhuunfaa tokkotti yaaddayuun dirqama guddaa ta'a.

Kana jechuun tooftaan misoomaa kan namoota garii misoomsee kaan dhiisu, kan namoota biraa hiriira beelaa, hiyyummaa, dhukkubaa fi bareeduma uumama Rabbii irraa ija gadi qabachuu qabsiisu misooma madaalawaa miti. Tooftaan akkanaa kun akka namoonni osoo hin barbaanne fi osoo hin beeyne karaa Rabbii irraa daban yookii akka Rabbitti kafaran godha. Kanaafuu tooftaan misooma akkanaa kun tooftaa Islaamaatii miti jechuudha.

Adeemsi Islaamummaa, cufuma ilma namaatiif jireenya kabajaa fi ulfina qabu isaaf guutuudha.Jireenya isaanii fooyyessee gara guddinaa fi badhaadhina diinagdeetti isa geessuudha. Kanaan dura dagaaginaa fi badhaadhinni diinagdee kun misooma Islaamwaa keessatti dursa wanta barbaadamuu akka hin ta'in dubbannee turre. Asitti hawaasni nuti akka hawaasa addaatti kaasuu barbaannu, hawaasa miseensonni isaa gariin beela, hiyyummaa, dhibee yookiin karaa Rabbii keessatti du'uun hawaasa isaatiif kaayyoo isaanii guutuu namaa

filatuudha. Kanaaf fakkeenya guddaa kan ta'u, karaa Rabbii keessatti lubbuu ofii wareeguudha.

Misoomni Islaamawaan kun matummaan isaatuu ibaadaadha eega jennee, safuulee fi naamusa nama tokkoo gara sadarkaa ol'aanuutti fooyyessuun kortoo ibaadaa irra ol fagaataa deemuun argama. Kana jechuun namni kamiyyuu kortoo ibaadaa san ol koruuirraa akka hin fagaanne jechuudha.namni hedduun gosa ibaadaa kana keessatti haa hirmaatan: wanta fokkisaa fi jibbisiisaa ta'an dhabamsiisuu fi gaarummaa fi bareedina dabaluu.

Badiin/cubbuun sababa waan llmi namaa jaarraalee heddu keessa dalagaa tureetiin waan dachii hunda balleessiteef, tooftaan cubbuu kana ittiin dhabamsiisan yaadaa fi xiinxala gara garaa barbaachifti.Yaada kennamu san irratti immoo namni ga'umsa qabu hunduu irratti hirmaachuu qaba. Amalaa fi uumama wantootaa beekuun garee wantoota muraasaa qofa irratti kan fuulleffatu osoo hin taane, nama waa beekuu barbaade hundaaf dirreen banamaadha. Sagantaaleen haaroomsaa fi hojii hojjachuu eennumaafuu banaadha waan ta'eef namni kamiyyuu irraa fageeffamuu hin qabu.

### c) Ulaagaalee Misooma Islaamawaa

Ulaagaaleen misooma Islaamawaa:

**Tokkoffaa**: niyyaa qulqulluun gara Rabbiitti fuula deebi'uun kan waan hunda bareechee uume Rabbii tokkicha jechuudha. wanti nuti itti fuulleffanne hunduu isa qofa gabbaruu fi jaalala isaa horachuuf tattaaffii godhuudha. Akkasumas nuti

wanta inni itti nu qajeelche fi karaa inni irra deemaa nuun jedhe irra deemna jennee niyyaa toluudha.

**Lammaffaan**: amalootaa fi haala uumama Rabbiin uumee kana beekuufi beekkumsa isaa horachuuf tattaaffii cimaa godhuudha. Maddi beekkumsa kanaas wahyii fi saayinsii bu’uuraati. Kana jechuun saayinsiin Islaamaa odeeffannoon isaa kan wahyii, kan onnee keessa jiruu fi kan miira namaa keessa jiru wal-sima waan ta’eef, mataa xiyyaati, inumayyuu bu’uuraa fi ijoo imala keenna kan misoomaati, isiin safuulee dursitee dhufti, inumayyuu bu’uura safuuleeti.

**Sadaffaa**: cufuma miseensa ummata kanaatiif jireenya kabajaa uumuufiidha. Kuni immoo akka isaan ulaagaalee dubbataman sana keessaa isa baay’ee cimaa ta’e; kan niyyaa gaarii fi beekkumsa horachuu jedhu saniif of qopheessaniif gargaara.

**Afraffaa**: dandeettii ogummaa saayinsiilee kanniinitti fayyadamuun Rabbiin gabbaruuf nama gargaaran qabaachuudha.

Iddoo biraatti, beekkumsa jechuun gammachuu Islaamummaa isa baay’ee guddaa ta’e kan namoonni Rabbiin guyyaa qiyaamaa hojii isaanii irraa jaalate argatan ta’uu dubbannee jirra.

﴿ وُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ نَّاضِرَةٌ ﴿٢٢﴾ إِلَىٰ رَبِّهَا نَاظِرَةٌ ﴿٢٣﴾ ﴾ القيامة: ٢٢ - ٢٣

*[Fuulli isaanii guyyaa san ni ifa, gara Rabbii isaanii ilaalu]* *(Al-Qiyaamah: 22-23).*

Beekkumsa kana ulaagaa misooma Islaamaa godhuun keenna, sadarkaa barbaachisummaa isaa xinneessuu jechuu miti. Utubaan ulagaa caalaa barbaachisaa ta’us, garuu wanti gama

qindeessaatiin ulaagaa ta’ee achumaanuu qindeessa saniif onnee ta’e irra barbaachisaa ta’uunsaa shakkii hin qabu. Saayinsiin Islaamaa kun misoomaaf ulaagaa bu’uuraati fi qabxii ka’umsaa waan ta’eef, mee sarara haga wayii isaaf haa laannu.

## BOQONNAA AFRAFFAA
## SAAYINSIIWWAN / BARNOOTA ISLAAMAA

Barnoonni damee wayii irratti xiyyeeffatu, amala wantoota san adda godhuu fi hariiroo isaa kan dameen sun baay'inaan qabu of keessatti hammata. Dammaqiinsa warraaqsa sirna seekulaarizimii fi warra Rabbi hin jiru jedhuu uumama Rabbiin uume kana irraa bifa adda addaatiin beekkumsa isaanii horachuu irraa eegale. Garuu warraaqsi kun lameenuu madden beekkumsa kan ergamtoonni Rabbii ittiin dhufan hundayyuu fudhachuu didan.

Garuu kan nuti asitti jechuu dandeennu, odeeffannoo wantoota sanii (amalaa, bifaa fi haala isaa) Qur'aanaa fi Sunnaa irraa argachuu ni dandeenna. Barnoota Islaamawaa kana irraa, yoo Rabbi jedhe rog-lamee armaan olii kan falaasamoonni amantii Islaamaatiin hidhannaa walitti hin qabne nurratti murteessan san hanga dhumaatti dhabamsiifnee, odeeffannoolee damee hawaasaa, uumamaa fi namaatiin wal-qabatan miiraa fi waan onneen jettu qofa irratti akka hin daangeffamne goona.

Kan nuti godhuu qabnu wahyii irraayis odeeffannoo fudhachuun keenna dirqama ta'a. Saayinsiiwwan/ barnoonni Islaamaa kun beekkumsa namni qayyabachuu danda'u. ilmi namaa kun jiruu duniyaa kana irratti wahyii beekee ittis amanee onnee fi miira isaas dalagsiisee bifa sirrii ta'een wal-simsiisee waliin oofa. Saayinsiiwwan uumamaa gama wanta wahyii, onnee fi miiraan walitti dhufuun saayinsima Islaamaati. Kanaan ala kan jiru immoo saayinsii Islaamaatii miti.

Saayintistiin Islaamaa waa'ee hawaa fi jireenyaa irratti ilaalcha wahyii irraa fudhatame qaba. Ilaalchi kun kutaa

bu’uuraa kan beekaan sun ilaalcha isaa kan miiraa fi onneetiin irra gayeen wal-simata. Ilaalchi sammuu isaa keessatti tokkummaa mul’ise kun akka inni odeeffannoo argate san kan wahyii, miiraa fi onnee isaa argame san irraa akka inni fayyadamaa ta’uu danda’uuf isa gargaara. Beekkumsi kunis bifa amma jenne kanaan yoo qindaayee sammuu namaa keessa seene, akka saayintistiin sun wantoota jiran kana bifa Islaamummaan ajajuun dhimma itti bayuuf isa gargaara.

Kanaafuu hundeen saayinsii Islaamaa wahyii, miiraa fi onneedha jechuudha.Kuni immoo dandeettii fi ogummaa namaa damee hojiin mul’isuu irratti bu’uuraffameedha. Bakka dandeettiin kun hin jirretti ilmi namaa dandeettii fi human isaa cimsachuu fi guddisuus hin danda’u. Dandeettiin, aanjaan fi ogummaan namaa kana malee meeshaalee ammayyaa kan alaa galfamanii miti kan dandeettii dhimmoota teeknikaa waliin haala itti jiraachuu qabnu hunda murteessu.

Qayyabannoo amma asitti ibsine kanaan saayinsiiwwan Islaamaa fi saayinsiiwwan miti-Islaama ta’an wal bira qabnee ilaaluu ni dandeenna. Saayinsiiwwan Islaamaa kun akkuma saayinsiiwwan biroo miirawtuudha. Garuu wanti adda isa godhu odeeffannoolee miira irraa argate san isa wahyii irraa argateen walitti tokko godhuun itti fayyadamuu, sana booda ragaa wanta qabatamaan mul’atu irraa argataniin gama wanta dhokataa (geeybaa) ijaan hin mul’anne hubachuutti fuulleffatu.

Amala falaasama warra amantii hin qabnee keessaa tokko qabatama mul’atu fi kan hin mul’anne (geeybaa) gar gar baasanii ilaaluudha. Kuni amala warra sekulaaristootaati. Falaasamni gariin immoo guutumattuu wanta hin mula’anne ni

mormu. Kuni amala warra amantii hin qabneeti.Falaasamni gariin immoo galma gayamuuf barbaadamu fi sababa addaan baasuun qorannoo gaggeessan hunda sababa irratti fuulleffachiisuun galma gayamuuf yaadamu irraa ija gadi qabatu.

Saayinsiiwwan Islaamaa immoo kallattiiwwan kana hunda hin deeggartu.Yeroo qorannoo wayii gaggeessitu galama/ kaayyoo qorannoo san boodaan jiru hin irraanfattu.Inumayyuu kaayyoo Rabbiin uumama kana hunda uumeef qorachuun faana isaa duuka deemti. Kanaafuu saayinsin Islaamaa kun addunyaa mul'ataa isa dhokataa irraa addaan hin baaftu.Inumaa beekkumsa Rabbiin beekuu bu'uura beekkumsa hundaa godhattee fudhatti.

Qayyabannaan barnootaa Qur'aana keessatti qabatama mul'atu (wanta ijaan arginu) kana hubachuu irratti kan fuulleffatu ta'us, hubannaawwan biraa caalaa kan dhugummaa qabu isa kana. Rakkinoonni yaada kana falmisiisan immoo gosa barnootaa kana dhiisutti nama geessuu hin qaban, akkasumas sadarkaa isaas duubatti hambisuu hin qabu. Kan ta'uu qabu jalqaba gara beekkumsa Rabbiitti fuula deebi'uun isa irraa barnoota dabalachuudha.

Uumama wanta tokkoo keessa wanti miira namaa kana jalaa dhokate jiraatus, wanti sun gonkumaa Rabbii guddaa jalaa kan dhokatuu miti. Saayinsiiwwan barnoota Islaamaa kun jaarraalee dabran keessa heddumminaan dhimma ibaadaa fi akkaataa waliin jireenya ilma namaa irratti fuulleffattus; yeroo ammaa kanatti dameelee wantoota sasalphoo ta'anii qorachuu irraa wanti isii dhoorgu hin jiru. Dameelee akkanaa kanaaf

beektonni seeraa fi dambii saayinsii kana rog-qabeessa godhu tumanii lafa kaayanii jiru.

Yaada kana irratti mormiin Qur'aanni kitaaba saayinsii qulqulluu ta'ee miti kitaaba qajeellumaaf buufame malee, qajeelfamoonni isa keessatti dubbataman gariin Qur'aana kana akka kitaaba saayinsii hawaasaa yookiin uumamaatti kan laallu nu taasisuu hin qabu yaanni jedhu ka'uun ni mala.

Jechi kun baay'inaan dedeebi'ee kaafamus, raga amansiisaa hin qabu. Fakkeenyaaf: nuti yeroo gara laggeenii, mukkeen, bieensota ilaallu yookiin yeroo gara samii, dachii fi ilma namaa ilaallu yookiin yeroo gara urjiilee, konkolaataawwanii fi pilaaneetota adda addaa ilaallu; tooftaa hirreega aljabraa, istaatiksii, yookii mallattoolee hirreegaa wayii hin agarru. Akkasumas lakkoofsota, xiyyoota, sararoota, fakkiiwwan fi bocoota wayii hin arginu.

Maaliif bocootaa fi tooftaalee olitti tarreessine kana hundatti fayyadamuun hayyamamee gama biraatin immoo yaaddan Qur'aana keessa jiran gara mallattoolee, lakkoofsotaatti jijjiiruun namatti ajaa'iba ta'e? Yookii haasaya Rabbii keessaa odeeffannoolee wayii fudhannee bifa seera/foormulaa hirreegaa tokkoon ibsinee iddo-bu'ee (symbol) fi lakkoofsa wayii moggaasneefii maaliif itti hin fayyadamne?

Sirriidha damee kana irratti wanti nama sodaachisu ima jira, garuu soda gabaabduudha. Akkuma uumamni Rabbiin uume dhugaa irraa dabiinsa saayintistii/ beekaa wayii fuuldura dhaabbatutti, Qur'aanni ifa galaan afaan Arabaatiin bu'es dogongoroota beektonni fiduuf yaalan faallessuuf ragaa gahaa qaba. Maaliif gara hanqinoota jiranii qofa ilaaluu dhiifnee, of

keessatti injifatamuu moo'annee, Rabbiin irratti irkannee, garaa keenna hidhannee saayinsii uumamaa kan Qur'aana keessatti kuufamee jiru maaf ifatti hin baafne? Yoo qorannoo goonu kana irratti dogongorre mindaa takka qabna, yoo fiixa baane immoo mindaa lama qabna-akkuma Hadiisa keessatti dubbatame.

Homa saayinsii uumamaa keessatti jenne, saayinsii namummaa fi hawaasummaa keessattis jenna. Qorattoonni ammayyaa kanneen manneen kitaabaa hundi kitaabota isaaniitiin guuttamte, gareelee, dhaabbatootaa fi namoota dhuunfaa waliin hojjatu. Odeeffannoolee kanniin yoo ilaalle, seerota hawaasaa yookiin namaa kan kallacha namoota dhuunfaa irratti barraaye yookii kan faajjii gareelee irratti barraaye wayii hin arginu. Akkasumas gunguma Istaatiksii irraa hin dhageennu, rakkinoota ibsa daataas irraa hin agarru.

Kanuma waliinuu kitaabban saayinsii namaa fi hawaasaa keessatti, beektonni saayinsiiwwan kanniinii seerota (equation), boca gara garaa fi iddo-bu'ee (symbols) adda addaa uumanii dhimma itti bayaa turan, ammas itti fayyadamaa jiru.Akkamitti wanta hawaasaa fi namoota dhuunfaa keenna ilaalu kanaaf Qur'aana keessaa yaada cuunfinee baasnee seeraa fi bocoota isa barbaachisu kaayuufiin akka ajaa'ibaatti laalama?

Akkamitti seerotaa fi bocoota kanniin Qur'aana keessaa cuunfannee baafna kan jedhu qorannoo mataa ofii danda'e waan ta'eef bakka biraatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

## 1) Dhimma Safuuleetti Deebi'uu

Mee amma gama safuulee Islaamaatti haa fuulleffannu. Rabbiin irra caalaa nama waa akkaan bareechee uumuuti jennee jirra. Rabiin uumaa uume kana hunda bareechee uume, amalaa fi

bifa gaggaariin uumee akka isaan galma uumamaniif mirkaneessanitti uume.Rabbiin waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye, ilmi namaa wantoota kanatti akka bifa adda ta'een fayyadaman ajajee jira. Karaa itti fayyadama wantootaa kana gadi dhiisuun wantoota kana balleessa, namas karaa irraa jallisa. Karaa Rabbiin ajajeen itti fayyadamuun immoo wantoota san qulqulleessuu, tolchuu fi haaroomsutti nama geessa.

Barnoonni immoo akkuma jenne ibsa wantoota kanaati.Kana jechuun bifa wanta sanii, amalaa fi haala isaa ibsa jechuu keenna.Ibsi wanta ibsamu saniin sirritti wal-gitu ibsa dhugaati.Achumaanuu bifootaa fi amala gaarummaa wantoota kanaa tiiksuu fi bifa karaa Rabbii hin faalessineen fooyyessanii bareechuun misooma ta'a.

Kana irraa wanti ifa nuu ta'u ulaagaa misoomaa keessaa tokko barnoota ta'uu isaati. Maaliif jennaan wanta amala isa adda godhu, bifaa fi haala isaa hin beeyne tokkoof qulqullummaa kennuufiin waan hin mijanneefi. Wantootaaf bifa kaayyoo uumamteef san eeggateen qulqullina kennuufiin karaa Rabbii waan ta'eef, kuni amala addaa wantoonni qaban san, bifaa fi gaarummaa isaa kan Rabbiin isa irratti uume san eeguudha.

Kanaafuu qulqullinni wantootaaf kenninu kun damee wanti sun irratti fuulleffatuu fi amala isaa eeguun dhugummaa isaa akkuma jirutti ibsuudha. Kanaafuu mataan safuulee Islaamaa damee kanaan wal-qabataa ta'e daangeffamaadha: innis dhugaa jiru eeguu fi tiksuudha. Safuuleen biraa hunduu akkuma ibsa dhugaatti dhiyaattuun yookii irraa fagaattuun sadarkaan isaas dabalaa yookiin xiqqaataa deema.

Safuuleen bu'uura ka'umsa Islaamummaa ta'uu isii irraa osoo ija keenna kan ol fuunu taanee, silaa duraa duuba isii eeguu hin beeynu, mataan isii eessaa hin hubannu, hariiroo isiin dameelee Islaamaa hafan waliin qabdu hin beeynu tureeyyu. Garuu galanni Rabbii hin badinii kana hunda beekuu kan dandeenneen, eega barnoonni Islaamaa hundee waan maraa ta'uu isaa beeyne booda.

Kanaafuu dhugaan safuun ol'aanaadha.Misoomaan wal-qabatee safuun ol'aanaan dhugaa dirree misoomaa san keessa jiru tiiysuudha. Dirrii san keessatti dhugaa jiru tiiysuu jechuun immoo qulqullina isaaf kennuu jechuudha. Kunis kan ifa nuu godhu; dameelee kamiyyuu keessatti safuun irra ol-aanaa ta'e dhugaa isa keessa jirtu san eeguudha. Kana jechuun dirree/dame kamiyyuu keessatti safuun ol'aanaan akkaataa dhugaa damee san keessa jiru ittiin ibsinuudha.Damee haasayaa keessatti dhugaa dubbachuun safuu ol'aanaadha, dirree wal-bittaa fi gurgurtaa keessatti haqqummaan safuu ol'aanaadha.

### 2) Beekkumsa, Bareedumaa fi Gara-Laafina

Kanaan dura beekkumsi hundee bareeduma ilaalcha Islaamaa ta'uu isaa dubbannee jirra. Wanti tokko sirritti kan bareedu yoo bifa uumamaan Rabbiin irratti bareechee uume san eeggateedha. Bifti Rabbiin wantoota irratti uume sun bifa dhugaa kan wantoonni uumamaan qabaniidha. Qur'aanni akka dhugaa dubbachuun ilma namaa kana garaa isaa laaffisu nuuf hima.

﴿وَإِذَا سَمِعُواْ مَآ أُنزِلَ إِلَى ٱلرَّسُولِ تَرَىٰٓ أَعۡيُنَهُمۡ تَفِيضُ مِنَ ٱلدَّمۡعِ مِمَّا عَرَفُواْ مِنَ ٱلۡحَقِّۖ يَقُولُونَ رَبَّنَآ ءَامَنَّا فَٱكۡتُبۡنَا مَعَ ٱلشَّٰهِدِينَ ٨٣﴾ المائدة: ٨٣

*[Ijji isaanii dhugaa beekanii jennaan kan imimmaan dhangalaastu argita] (Al-Maa'idaa:83).*

Bifa kanaan Qur'aanni addummaa sekulaarizummaa fi warroonni amantii hin qabne jidduu saayinsii uumamaa fi gara laafina namummaa addaan fageessuuf godhan dhabamsiisee jira. Kanas kan ifa nuu godheen dhugaa jiru beekuun miira fi gara laafina namaa tuqa jechuudhaan nuuf ibseeti. Kuni muxannoo namoonni hedduun dhandhamanii arganiidha.Garuu sodaan isaan shororka xiinxalla sekulaaristootaatiif qaban, dhugaa kana akka hin argine isaan godhe.

﴿إِنَّمَا يَخۡشَى ٱللَّهَ مِنۡ عِبَادِهِ ٱلۡعُلَمَٰٓؤُاْۗ ٢٨﴾ فاطر: ٢٨

*[Gabroottan Rabbii keessaa namni dhugumaan Rabbiin sodaatu, ulamaa'ota] (Faaxir: 28).*

Kan armaan olitti dubbanne kun bakkee fi sadarkaa beekkumsi gama safuu, bareedumaa fi gara laafinaatiin qabu yoo ta'e, barbaachisummaan beekkumsi kun bu'aa addaan baasuuf, filannoo gaarii filachuu fi murtii sirrii ta'e fudhachuu irratti qabu ifa galaadha.Beekkumsa kanaan wanta si fayyaduu fi si miidhus addaan baafatta, murtii fudhachuu fi duraa duuba wantootaa eegsisuuf, murtii fudhatame hojitti jijjiiruuf ga'ee guddaa qaba. Garuu kan kana hunda qabu nama Rabbiin sodaatedha.

Kanaafuu beekkumsi Islaamummaa onnee qindaa'ina Islaamummaati.Safuun isaa dhugaadha, dhugaan immoo mataa

yookiin ijoo qindoomina Islaamummaati.Damee kamiyyuu keessatti safuun jalqabaa dhugaa damee san keessa jiru ibsuudha. Dammaqiinsi Islaamaa kan eegalu saayinsiiwwan Islaamaa deebisanii jiraachisuudhaani. Misoomni Islaamaas kan eegalu saayinsiiwwan amaloota wantootaa, bifaa fi haala uumama isaa qoratu kan beekkumsa san wahyii, miiraa fi onnee irraa argatu barachuudhaani.

## XUMURA

Yaamichi waraqaalee dabran kana irratti dhiyeessine, wahyii fi uumama deeggaruu irratti xiyyeeffatti, akkasumas ceem'aa/wallaala nama jara addaan fageessees saaxila baafti. Tariitii jiddu-galli fatwaadhanii gara ooyruudhanii, facaasaa fi laaboraatorii qorannoo beektotaatti geeffamuu ni mala. Beekkumsi duraanii muuxannoo warra muxannoo qabanii salphaa fi kan babal'ate ta'uu isaa nuuf himus, muuxannon beektota ammayyaa baay'ee gadi bu'iinsaa fi xaxama kan qabuudha.

Garuu sonoonni sirna Islaamaa/ shari'aa bir-qabiinsa saayinsii ammayyaatiin irra salphaa fi kan nama heddu biratti argamtuudha. Yoo fatwaan madda seera Islaamaa fi muxannoo ta'e, karaan salphaan jiru, saayinsiiwwan shari'aa faakaaltiiwwan saayinsii keessa seensifamuun barsiifamanii fatwaan achirraa godhamutu caala ture.Keessattuu dhimma misoomaa irratti bifa armaan olitti ibsine kanaan barsiisuuf bareeda ture.

Ibsoonni nuti waraqoota armaan olii keessatti goone kunniin barbaachisummaa wantoota mata duree kanaan wal-qabatanii ibsa. Karoorri keenna waraqoota kanniin falaasama dhaabbataa (kan hin jijjiiramne), kan guddinaa fi uumamaatiin wal-bira qabuuf tureeyyu. Akkasumas misooma wantootaa, dhaabbilee fi tiyooriilee namni kalaqeen wal bira qabnee ilaaluuf ture. Garuu… yaa Rabbi sitti gargaarsifadha, si irratti irkadha, qarummaa fi dandeettiin siin malee (gargaarsa keetiin malee) nuuf hin jirtu.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kun, yaad-rimee misoomaa bu'uurota falaasamaa amantii Islaamaatiin dhiyeessa. Waldhabbiin jidduu adeemsa Islaamaa fi ammayyaa jirus dhimma burqaalee, ka'umsaa fi galmaati jedha. Dhimmi misoomaa yeroo ammaa saayinsiiwwan hawaasaa keessatti barsiifamus dhimma saayinsiiwwan hunda walitti fiduudha. Barreessaan kitaabichaa Dr. Ibraahim Ahamad, qoqqoodamni falaasmaa dhimmoota akka dhugummaa fi hordoftoota horachuu fa'aan ibsama jedha. Beektonni hedduun falaasama jechuun tooftaalee waa ittiin baratan jedhan, kuunniin ammoo, sosochii namni qajeelchotaa fi ajajoota baasuuf taasisu jedhan.*

*Barnoonnis falaasama mataa isaa qaba: fakkeenyaaf saayinsiileen uumamaa ykn hawaasaa jiraatanis, falaasama wayiitiin hariiroo qabu; hunduu falaasama wayii irraa burqan. Misooma qayyabachuufis taanaan, namni amntii Islaamaa ka'umsa ofii godhate, dameelee qorannoo hundaa walitti hidhuu qaba. Misoomni, warshaalee hundeeffaman, karaalee diriirfaman/hojjataman, gamoolee ijaaraman, fa'a yoo jenne; falaasamni misoomaa ilaalcha/mul'ata hojiin misoomaa tokko akka ka'umsaatti irraa ka'uu fi itti gahu murteessu jechuudha.*

*Falaasamni amantii Islaamaa bu'uura keeyyata Qur'aanaa: [Isaanii (ilmaan keessanii) fi isiniifis Nuti hiree isinii banna,(al-isra'a:31)] jedhu irratti hundeeffame. Kuni ammoo akka namni Muslimaa hanqina qabeenyaatiif hin dhiphanne godha. Falaasamni sirna kaappitaalizimii, xiyyeeffannaan isii guddaan, kaappitaala wal irratti kuusuu malee safuulee namummaa ilma namaa hin ilaalu. Falaasamni Islaamaa garuu misoomni kamiyyuu kabaja ilma namaa eeguu qaba; maallaqni ummataa dhimma waloof ooluu qaba, kuufamni ykn hanqinni maallaqaa sababa nam-tolcheen uumamuun dhoorkadha jedha. [...Akka jidduu dureeyyota keessanii qofatti kuufamee hin hafneefi...] (Al-Hashri: 7).*